



MURTIILEE BARSIISSOO

DHADDACHA IJIBBAATAA MANA MURTII WALIIGALAA OROMIYAA

JILDII 8FFAA SADAASA 2013, FINFINNEE

Gulaaltota

Obbo Fayisaa Tolasaa
Obbo Dabee Dhaabaa

Qindeessaa

Daayirektoreetii Kenniinsa Tajaajila Abbaa Seerummaa (KTAS) fi
Daayirektoreetii Dhimoota Komunikeeshinii MMWO

BAAFATA

Tart.	Lakk. Galmee	Gosa Dhimmaa	Guyyaa Murtiin Kenname	Fuula
1.		Ergaa Pirezidaantii		1-2
2.	320178	Waliigaltee Liqii	17/06/2012	3-9
3.	320905	“	06/08/2012	10-17
4.	320384	Falmii Lafa Baadiyyaa	08/07/2012	18-26
5.	320699	“	10/02/2013	27-31
6.	320880	Falmii Qabeenya Abbaa Manaa fi Haadha Manaa	06/08/2012	32-38
7.	332178	“	15/07/2012	39-44
8.	332583	“	06/08/2012	45-53
9.	322063	“	06/08/2012	55-60
10.	332177	Falmii Beenyyaa	29/07/2012	61-66
11.	306389	“	08/03/2013	66-72
12.	320540	“	26/06/2012	73-80
13.	332400	Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa (Hafinsa walfalmitootaa)	06/08/2012	81-85
14.	333202	Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa (Mormii Sadarkaa Duraa)	08/07/2012	86-97
15.	332572	Yakka Ajjeechaa Dasibaa	06/08/2012	98-101

16.	320989	Aangoo Abbaa Seerum- maa Dhimma Yakkaa Ilaaluu	08/07/2012	102-106
17	332728	Falmii Qabeenya Dhaalaa	06/08/2012	107-115
18.	320343	“	“	116-121
19	332985	“	01/03/2013	122-132
20	333084	“	“	133-139
21	320954	“	29/07/2012	140-147
22	332508	“	08/03/2013	148-158
23	332099	Hojjataa fi Hojjachiisaa	22/07/2012	159-164
24	332759	“	10/02/2013	165-168
25	318702	“	03/02/2013	169-173
26	333131	Falmii Hojii Hojjataa Mootummaa	01/03/2013	174-181

***ERGAA PIREZIDAANTII MANA MURTII WALIIGALAA
OROMIYAA***



Manneen Murtii Oromiyaa tajaajila abbaa seerummaa bu'a qabeessa ta'e kennuun amantaa uummataa akka horatan taasisuun hojii murteessaa galma yeroo dheeraatti qabamee irratti hojjatamaa jiru ta'uun ni beekama. Galma kana milkeessuu keessattis qulqullina tajaajila abbaa seerummaa mirkaneessaa deemuun hojii guddaa xiyyeeffannoo ol'aanaa argatee dha. Qulqullina tajaajila abbaa seerummaa mirkaneessuufis hojiiwwan gurguddoo hojjatamaa jiran keessaa tokko tilmaamamummaa murtiiwwanii fi wal fakkeenyummaa hiikkoo seeraa dabaluu akka ta'e beekamaa dha. Murtiiwwan barsiisoo ta'an maxxansuu fi raabsuun immoo milkaa'ina hojii kanaa keessatti iddoo ol'aanaa kan qabu ta'uun wal nama hin gaafachiisu.

Qixa kanaan bara 2012 keessa murtiiwwan barsiisoo dhaddachaalee

Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatiin murtaa’an 22 ta’an filachuun maxxanfamanii akka raabsaman kan taasifame yoo ta’u bara kanas murtiiwwan barsiisoo Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaatiin kennaman jildii lamaan maxxansinee raabsuuf karoofannee hojiitti kan galleedha. Bu’uuruma kanaan jildiin jalqabaa murtiiwwan 24 of keessatti hammate maxxanfamee dubbisaaf qaqqabee kan jiru yoo ta’u Abbootiin Seeraa Manneen Murtii Oromiyaa fi ogeessonni seeraa biroo dubbistanii hubannoo gahaa akka irraa argattan abdiin guddaan qaba.

Dhuma irrattis jildiiwwan murtiilee barsiisoo fi dirqisiisoo maxxanfaman kanneen bifa ‘softcopy’ tiin marsariitii fi chaanala telegiraamii Mana Murtii Waliigalaa irratti waan fe’amaniif buufattanii karaa isiniif mijatu dubbisuu kan dandeessan ta’uu carraa kanaan ibsuun barbaada.

Gazaalii Abbaa Simal
Pirezidaantii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa

Lakk. Galmee 320178

Guyyaa 17/06/2012

- Abbootii Seeraa:- 1- Fayyisaa Tolasaa
2- Fiixaa Dachaasaa
3- Huseen Kamaal
4- Urgaa Geetahuun
5- Masfiin Geetaachoo

Iyyataan:- Obbo Geetinnat Guddataa

Waamamaan:- Obbo Taammiraat Sarraallinyi

Galmee qorannee murtii kanaa gadii kennineerra.

Murtii

Galmeen kun banamee dhaddacha ijibbaataa kanaaf dhiyaachuu kan dandaa'eef iyyataan iyyannoo guyyaa 22/04/2012 barreessee dhiyeesseen murtiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Giddugaleessaa galmee lakk.314638 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 25/03/2012 ooleen kenne dogoggoora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaan akka sirratuuf waan gaafateefi dha.

Ka'umsi dhimmichaa himannaa himataan jalaa (iyyataan) himatamaa jalaa (waamamaa ammaa) irratti Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Kaabaatti dhiyeesseen yoo ta'u, qabiyyeen himatichaa gabaabinaan; himatamaan waliigaltee guyyaa 17/09/2011 barreeffameen qabiyyee lafa isaa Aanaa Waacaalee Ganda Iluu Itayyaa keessaa iddoo addaa Qabbannaa Anfootee jedhamutti argamu daangaan isaa Bahaan qabiyyee obbo Nugus Zawugaa, Lixaan mana jireenyaa himatamaa, Kaabaan daandii fi Kibbaan qabiyyee himatamaatiin kan daangeffamu waggaa sadiif qarshii 1300n hanga bara 2010tti kan natti kireessee ture yoo ta'u, yeroon waliigaltee kanaa osoo hin xumuramiin rakkadhe jedhee

waliigaltee guyyaa 09/06/2008 barreeffameen qarshii 38,000.00 narraa liqeeffatee bakka qarshii kanaa lafa qabiyyee isaa naaf kireessee harka koo ture kana hanga dhumaatti akkan itti fayyadamu naaf kennee jira. Haa ta'u malee, waliigaltee liqii kana diiguudhaan gaafa guyyaa 21/09/2011 irraa eegalee akkan lafichatti hin fayyadamne waan na dhorkeef qarshii narraa liqeeffate kana akka naaf kanfalu kan jedhu dha.

Himatamaan jalaa (waamamaan ammaa) himannaa irratti dhiyaateef deebii kennee tureen, waliigalteen liqii lafa qabiyyee koo qabsiisee raawwate jedhame kun seeraan ala waan ta'eef na hin dirqisiisu. Gama biraatiin qabiyyee kana himataan akka itti hin fayyadamne hin dhorkine waan ta'eef himatni dhiyaate kufaa ta'uu qabaata. Kun kana bira darbamu yoo ta'e garuu waliigaltee kiraa waggaa sadii kana himataa waliin raawwachuun koo dhugaa dha. Maallaqa liqii ilaalchisee garuu kanan irraa fudhe qarshii 10,000.00 malee qarshii 38,000.00 miti. Himataan na haalta jedhee qarshii ol kaasee na mallatteessise malee ani qarshii 38,000.00 himataa irraa hin liqeeffanne. Gama biraatiin himataan lafa harka isaa gale kana oomisha bara 2010/2011 xaafii kuntaala 10 qarshii 23,000.00tti tilmaamamu kan irraa galfate waan ta'eef kun tilmaama keessa naaf galee hir'achuu qaba. Walumaagalatti idaan narraa barbaadamu irraa hir'ifamee garaagarummaa jiru naaf deebisee lafa kiyyaas akka gadi naaf lakkisu kan jedhu ture.

Manni murtii ol'aanaa godinichaa falmii fi ragaa bitaa mirgaan dhiyaatan dhagahee erga qulqulleesseen booda madaalee murtii galmee lakk. 71593 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 28/01/2012 ooleen kenneen, waliigalteen guyyaa 09/06/2008 himataa fi himatamaa gidduutti taasifame waliigaltee liqii qabiyyee lafa badiyyaa qabsiisuutiin raawwatame ta'uun ni hubatama. Haa ta'u malee, bu'uura labsii lakk. 130/99 kwt. 6(5) jalatti

tumameen qabiyyee lafa baadiyyaa idaan qabamuu akka hin dandeenye ibsameera. Waliigalteen qabiyyee lafa baadiyyaa idaan qabachuun immoo jalqabuma irraayyuu seera qabeessa miti. Kanaafuu waliigaltee seeraan ala raawwatame tokko immoo garee waliigalticha uuman keessaa inni tokko diiguuf mirga qaba. Kanaafuu waliigaltichi diigamee jira. Waliigalteen tokko erga diigamee immoo gareen waliigalticha hundeessan bakka jiranitti deebi'uun dirqama. Waan kana ta'eefuu himatamaan qarshii sababa waliigaltichaatiin himataa irraa fudhate deebisuu qaba. Akkasumas himataan lafa sababa waliigaltichaatiin harka isaa gale himatamaaf deebisuu qaba jedhee himatamaan himataaf qarshii 38,000.00 deebisee lafa qabdiin himataatti qabsiise akka fudhatu murteesse ture.

Himatamaan jalaa (waamamaan ammaa) murtii mana murtii ol'aanaa godinichaa kenne kana komachuudhaan ol-iyyannoo Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Giddugaleessaatti kan dhiyeeffate yoo ta'u, manni murtii waliigalaatis komii dhiyaateef bu'uura godhachuudhaan galmee qoratee murtii kenneen, waliigalteen guyyaa 09/06/2008 barreeffamee himataa fi himatamaa jalaa gidduutti taasifame kun waliigaltee lafa qonna baadiyyaa ta'uun isaa hubatameera. Lafti immoo kan hin gurguramnee fi hin jijjiiramne qabeenya mootummaa fi Uummataa akka ta'e heera motummaa FDRI kwt. 40(3) jalatti tumameera. Akkasumas labsii lakk.130/99 jalatti lafa gurguruu fi jijjiiruun dhorkamaa akka ta'e ibsameera. Kanaafuu waliigalteen kun faallaa heeraa fi seera biyyattii waan ta'eef bu'uura S/D/F/H/H/ kwt.1808(2) jalatti tumameen dirqama diigamuu qabaata. Waliigalteen heeraa fi seeraan faallaa ta'e bu'uura heera mootummaa FDRI kwt. 40(3) fi S/D/F/H/H/ kwt.1716(1) tiin waliigaltee durumaanuu hin jirre ykn hin godhamne (void ab initio) waan ta'eef bu'uura S/D/F/H/H/ kwt.1815tiin bu'aa bakka jiranitti

deebisiisuu kan fidu miti kan jedhuu fi kkf caqasuudhaan murtiin mana murtii ol'aanaa godinichaa akka diigamu murteesse jira.

Iyyataan ammaa murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatiin kenname dogoggoora hiika seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaan ibsee akka sirratuuf iyyatni dhaddacha kanaaf dhiyeesse gabaabumatti, waliigaltichi hangamiyyuu seeraan ala yoo ta'e bu'aan waliigaltichaa bu'uura S/D/F/H/H/ kwt.1815tiin bakka jiranitti deebi'uu waan ta'eef Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa hiika seeraa sirrii hin taane waan itti kenneef murtichi dogoggoora seeraa is bu'uuraa ni qaba jechuudhaan murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa diigamee murtiin mana murtii ol'aanaa godinichaa akka cimuu gaafateera.

Waamamaanis komii dhiyaateef deebii guyyaa 13/05/2012 barreessee dhiyeesseen, waliigalteen bittaa fi gurgurtaa lafa iyyataa fi waamamaa gidduutti gaafa guyyaa 09/06/2008 mallatteeffame kun waliigaltee calqabuma akka seeraatti akka waan hin raawwatamneetti lakkaawwamu waan ta'eef waliigaltee hin jirre irratti bakka jirtanitti deebi'aa jedhamuun waan hin danda'amneef hiikaan Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa kenne sirrii dha jechuudhaan murtichi akka cimuu gaafatee jira.

Seenaan falmichaa kan armaan olitti ibsame kana yoo ta'u, nutis falmii dhiyaate seera roga qabu waliin walbira qabnee yoo ilaallu ijoon ilaalamuu qabu, waliigalteen durumaa hin jirre ykn akka waan hin uumamneetti lakkaawwamu ykn waliigalteen durumaa diigamaa ta'e (void ab initio) seera waliigaltee biyya keenyaa keessa jiraa? Waliigalteen dhorkaa seeraa tokko bira darbamee taasifame waliigaltee diigamu (voidable contract) moo waliigaltee durumaa diigamaa ta'ee (void ab initio contract) ta'a? Waliigalteen iyyataa fi waamamaa gidduutti

guyyaa 09/6/2008 mallatteeffame kun waliigaltee diigamuu danda’u dha moo waliigaltee durumaa diigameedhaa? kan jedhuu fi kkf qabannee dhimmicha madaallee jirra.

Waliigaltee diigamaa ykn waliigaltee durumaa diigame (void or void ab initio contract) seera waliigaltee biyya keenya keessa jiraa fi hin jiruun isaa, akkasumas bu’aan isaa maal ta’aa kan jedhu yeroo hedduu hayyoota seeraa biratti falmisiisaa akka ta’e beekamaa dha. Waliigalteen tokko jira jechuuf ulaagaaleen guutuu qabu keessaa inni tokko bu’uura S/D/F/H/H/ kwt.1678(B) Waliigaltichi gahoomsa kan qabu, dhugaadhaan gochuun kan danda’amu ta’uu fi seera qabeessa ta’uu isaati. Waliigalteen faallaa sammuu fi faallaa seeraa ta’e tokko immoo garee waliigalticha uuman gidduutti bu’aa kan hin fidnee fi waliigaltee diigamu akka ta’e S/D/F/H/H/ kwt. 1716(1) jalatti tumameera. Waliigalteen seeraan ala ta’uu isaatiin garee waliigalticha uuman gidduutti bu’aa hin qabaatu (no effect) jechuun garuu waliigaltichi akka waliigalticha irratti ibsameen dirqisiisuun raawwachiisuu hin danda’amu jechuu dha malee waliigaltichi seeraan ala sababa godhameef yoo diigame bu’aa diiginsa waliigatee S/D/F/H/H/ kwt. 1815 jalatti tumamee hin hordofsiisu jechuu miti. Sababni isaa S/D/F/H/H/ kutaa 1ffaa kwt.1808 fi keewwattoota itti aanaan yoo ilaalle waa’ee waliigaltee diigamuu (cancelation of contract) fi waliigalteen diigamuu (invalidation of contract) dubbachuun ala waa’ee waliigaltee diigamaa ykn waliigaltee duruma diigamaa ta’e hin dubbatu. S/D/F/H/H/ kwt.1808 (2) jalatti kan tumame yoo ilaalle dhimmi ykn sababni waliigaltichi raawwatameef seeraan ala yoo ta’e ykn faallaa sammuu yoo ta’e ykn ulaagalee barreeffamaa waliigalichi barbaadu kan hin guunne yoo ta’e garee waliigalticha raawwatan keessaa tokko yookiin namni biroo dhimmicha irra faayidaa qabu kamiyyuu waliigaltichi akka diigamuuf gaafachuu akka danda’u tumeera. Tumaa seeraa kana irraa

kan hubatamu waliigalteen faallaa seeraa ykn seeraan ala hundaa'e tokko waliigaltee diigamuu danda'u (voidable contract) ta'a malee waliigaltee durumaa diigame (void or viod ab initio) jedhamuu kan danda'amu miti. Bu'aan waliigaltee diigamuu danda'uu (voidabale contract) immoo akka S/D/F/H/H/ kwt. 1815 jalatti tumameen gareen waliigalticha raawwatan waliigaltichi osoo hin raawwatamin dura bakka jiranitti deebisuu akka ta'e tumaalee kanneen irraa hubachuun ni danda'ama.

Gara dhimma amma qabannetti yoo deebines waliigaltee iyyataa fi waamamaa gidduutti raawwatame ifaan ifatti lafa gurgurtaa maqaa dhahee kan raawwatame miti. Garuu hanga qarshicha deebisutti iyyataan lafa sana umurii guutuu qabatee itti haa fayyadamu jechuun keessoon waliigaltichaa gurgurtaa fakkaaachuu ni mala. Haa ta'u malee, ifaan ifatti barreeffama waliigaltee guyyaa 09/06/2008 barreeffame iyyataa fi waamamaa gidduutti mallattaa'e irraa kan hubatamu waamamaan ammaa lafa isaa qabdii qabsiisee qarshii 38,000.00 iyyataa ammaa irraa liqeeffachuu isaati. Dhuguma waliigateen kun waliigaltee seeraan alaati jechuun ni danda'ama. Sababiin isaa bu'uura labsii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyya Oromiyaa lak.130/99 kwt. 6(5) jalatti ibsameen lafa idaadhaan qabsiisuun dhorkaa akka ta'e tumameera. Kanaafuu iyyataa fi waamamaan waan seeraan dhorkame darbuudhaan waliigaltee seeraan alaa waan raawwataniif waliigalteen liqii gidduu isaanitti raawwatame kun bu'uura S/D/F/H/H/ kwt. 1808(2)tiin diigamuu qaba. Kana malees waliigaltichi bittaa fi gurgurtaa lafa baadiyyaati kan jedhamu osoo ta'eellee bittaa gurgurtaan lafaa heeraa fi seera lafaa irratti kan dhorkame waan ta'eef waliigaltee seeraan alaati jedhamee bu'uura S/D/F/H/H/ kwt. 1808(2)tiin akka diigamu taasisuun alatti hiika biraa kan kennisiisu miti. Kanaafuu, waliigalteen falmiif sababa ta'e kun waliigaltee bu'uura S/D/F/H/H/ kwt. 18808(2)tiin kan diigame waan ta'eef bu'aan isaa bu'uura

S/D/F/H/H/ kwt.1815tiin iyyataa fi waamamaan bakka dura jiranitti akka deebi'an taasifamuu qabu malee hiika Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa itti kenne hordofuun diiginsi waliigaltichaa bu'aa kamiyyuu hin hordofsiisu jedhamee murteessuun dogoggoora seeraa isa bu'uuraa ti jenneerra.

Kanaafuu, sababoota armaan olitti bal'inaan ibsameen murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Giddugaleessaatiin dhimma kana ilaalchisee kenname dogoggoora seeraa isa bu'uuraa kan qabu waan ta'eef diigamee murtiin Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Kaabaatiin kenname akka cimu sagalee tokkoon murteessinee jirra.

Ajaja

1. Murtiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Giddugaleessaa galmee lakk. 314638 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 25/03/2012 ooleen kenne dogoggoora seeraa isa bu'uuraa waan qabuuf bu'uura S/D/F/H/H/. kwt. 348(1) tiin diigamee; murtiin Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Kaabaa galmee lakk. 71593 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 28/01/2012 ooleen kenname akka cimu murtaa'ee jira.
2. Baasii fi kisaaraaa dhaddacha kanaa kan ofii ofii haa danda'an jenneerra.
3. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaatiif haa ergamu.
4. Galmeen murtii dhumaa waan argateef cufameera.
5. Galmeen mana galmeetti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa shan hin dubbifamne jira.

- Abbootii Seeraa:-
1. Guyyoo Waariyoo
 2. Dobe Dhaabaa
 3. Abdusalaam Siraaj
 4. Galaanaa Dhugumaa
 5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyataan:- Obbo Biraanuu Tashoomaa

- Waamamtoota:-
1. Obbo Taammiree Garasuu
 2. Obbo Taaddasaa Guddataa

Galmeen qoratamee murtiin armaan gadii kennameera.

Murtii

Murtii kanaaf ka'umsa kan ta'e iyyata komii iyyataan kun gaafa 27/05/2012 barreessee dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa kanaatiif dhiyeesse dha. Komiin iyyataa kanaas gabaabinaan: waamamaan 1ffaa ammaa kun waamamaa 2ffaa ammaa wabii waammachuun waliigaltee gaafa 01/11/2010 barreeffameen qar.6,300 [kuma jahaa fi dhibba sadii] narraa liqeeffatee gaafa 30/04/2011 naaf deebisuuf waliigalee waan naaf hin deebifneef akka naaf kaffalu baasii fi kisaaraa waliin akka naaf murtaa'u Mana Murtii Aanaa Yaayyaa Gullalleetti galmee lakk.24719 ta'e irratti himadheen ture. Waamamaan 1ffaa ammaa deebii mana murtii aanaatti naaf kenneen waliigaltee gaafa 01/11/2010 bareeffameen qarshii falmiif ka'umsa ta'e mallatteesse hin liqeeffanne. Waliigaltichi harka iyyataan kan qophaa'ee dhiyaate waan ta'eef mallattoon naaf haa qoratamu jechuun kan deebise yoo ta'u, waamamaan 2ffaa ammaa immoo dhiyaatee waan deebii hin kennineef manni murtii aanichaa mirga deebii kennachuu isaa bira darbuun falmii itti fufuun dhagaheera. Manni murtii aanichaas ijoo falmii bitaa fi mirgaa

ragaan qulqulleeffachuuf namoota waliigaltee liqii falmiif ka'umsa ta'e irratti argaman waamee kan dhagahe yoo ta'u, isaanis bu'uura himannaa koon waamamanii waliigalteedhaan maallaqicha narraa liqeeffachuu isaa mirkaneessanii osoo jiranii, waamamaan mallattoon waliigalticha irra jiru kan isaa ta'uu dhabuu qorachiisuun dirqama isaa ta'ee osoo jiruu bakka qorachiisee hin mirkaneeffannetti manni murtii aanichaa kaka'umsa mataa isaan waliigaltee iyyataan himannaa isaa waliin qabsiisee fi orriijinaalli harka isaa jiru haqaa fi laaqaa kan qabu barreeffamnii fi iddoon mallattoo isaa gargar waan ta'eef mallattoo qorachiisuun barbaachisaa miti jechuun himannaa koo kufaa taasiseera. Murtii kana komadhee Mana Murtii Ol'aanaa Go/Sh/Kaabaatti galmee lakk.71922 ta'e irratti komii koo kanan dhiyeeffadhe yoo ta'u, manni murtii ol'aanichaas komiin dhiyeeffadhe irratti bitaa fi mirga wal nu falmisiisee booda walfalmitootni waliigaltee liqii jedhame irratti mallatteessanii jiru; ragaan namaa maqaan isaanii waliigalticha irratti caqafaman mana murtiitti dhiyaatanii jecha ragummaa isaanii kennaniiru jechuun murtii manni murtii aanaa kenne diigee waamamaan Iffaa ammaa akka maallaqa falmiif ka'umsa ta'e naaf kaffalu, yoo inni kaffaluudhaa baate waamamaan 2ffaa ammaa akka naaf kaffalu murteesseera. Haa ta'u malee, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa komii iyyataan Iffaa ammaa murtii manni murtii ol'aanaa kenne irraa qabu itti dhiyeeffate irratti wal nu falmisiisee booda murtii mana murtii ol'aanaan kenname diiguun murtii manni murtii aanaa kenne cimsuun murteesseeraa. Murtii mana murtii aanaa fi Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaan kennan kunneen osoo waamamaan mallattoo waliigalticha irra jiru erga haalee dirqama qaama dhimmi isaa ilaallatu biratti qorachiisuun akka kan isaa hin taane hin mirkaneeffatiin manni murtii mallatticha osoo hin qorachiisiin himannaa koo kufaa taasisuun, mallattoon sanada irra jiru yoo haalametti jecha ragoota namaa waliigalticha irratti argamanii dhagahuun murtii kennuun

adeemsa seeraa waan ta'eef bu'uuruma kanaanis manni murtii aanaa ragoonni namaa lama dhagahee ragoonni koos jecha ragummaa isaanii kennaniin waamamaan maallaqa falmiif ka'umsa ta'e mallatteessee ana iyyataa irraa fudhachuu kan beekan ta'uu mirkaneessanii osoo jiranii fi waamamaan mallattoo haaluun ala kan isaa ta'uu dhabuu isaa ragaa namaa fi barreeffamaan hin mirkaneeffatin himannaa kufaa taasisuun dogoggoora seeraa isa bu'uuraa dha. Kanaafuu, bu'uura S/D/F/H/H/kew.348[1]tiin naaf diigamee murtiin Mana Murtii Ol'aanaa Go/Sh/Kaabaan naaf kenname naaf cimee baasii fi kisaaraa waliin akka naaf murtaa'u jechuun kan dhiyeesse dha.

Komii dhiyaate irratti waamamtootni akka deebii kennan ajajamee waamamaan lffaan deebii gaafa 02/07/2012 barreessee kenneen iyyataan badhaadhina isaaf hin malle argachuuf yaadee ana immoo baasiif na saaxiluuf komii dhiyeesse waan ta'eef akka kufaa naaf ta'u; kunis ta'uu kan danda'e iyyataan ofumaa waliigaltee qopheessee haadhaa fi abbaa isaa ragaa taasisuu kan mallattoo koo fi ragaa hin qabneen kan na himate waan ta'eef, ani immoo qarshiin liqeeffadhe waan hin qabnee fi mallattoonis kiyya miti jechuun haalee falmeen jira waan ta'eef, manni murtii aanaa mallattoo qorachiisuuf akka orijinaala waliigaltee itti na himatee akka dhiyeesse yoo ajaju iyyataan waraqaa biroo laaqamaafi haqamaa, kan himannaa waliin na qaqqabeen adda kan ta'e kan mallattoo hin qabne waan dhiyeesseef manni murtii qorachiisuun kan hin danda'amne ta'uu hubatee kan murteesse murtii dogoggoora seeraa isa bu'uuraa of keessaa qabu miti. Ragaan namaa waliigaltee irra maqaan isaanii jiran illee mana murtii aanaatti dhiyaatanii jecha ragummaa isaanii kennaniin nuti liqeeffachuu hin argine; hin mallatteessine jechuun waan raganiif manni murtii aanaa himannaa iyyataa kufaa taasisuun murteesseera. Manni murtii ol'aanaa osoo abbaan dhimmaa waliigaltee

oriijinaala manni murtii qorachiisuuf akkan dhiyeessu na ajajnaan galeen ofumaa qopheessee jedhee mana murtii ol'aanaatti jechaan amanee osoo jiruu, ijoo abbaan dhimmaa ijoo falmii taasisee hin dhiyeessiin ofumaa iyyataadhaan kakadhuu fudhu jechuun murtiin kenne kan deeggarsa seeraa qabu hin turre. Kanaafuu, komii iyyataan dhiyeesse kufaa naaf ta'ee murtiin mana murtii aanaa fi Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaan kenname murtii dogoggoora seeraa isa bu'uura qabu miti jedhamee bu'uura S/D/F/H/H/ kew.348[1] tiin cimee baasii fi kisaaraa waliin akka naaf murtaa'u jechuun deebiseera. Waamamaa 2ffaa ilaalchisees mana murtii anaa fi ol'aanaatti bakka inni hin jirretti falmiin kan gaggeeffamee jiru ta'uun galmee keessaa waan hubatamuuf, Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatti falmii gaggeeffame keessattis hirmaataa ta'ee kan hin turre ta'uun isaa hubatamee, akkasumas itti gaafatamummaan isaa itti gaafatamummaa waamamaa 1ffaa irratti kan hundaa'u ta'uu dhaddachi kun hubachuun dhiyaatee deebii kennuu baatus dhaddachi itti fufuun galmee qorateera.

Kanumaan ijoo dubbii 'iyyataan maallaqa falmiif ka'umsa ta'e waamamaa 1ffaa ammaadhaaf waliigaltee liqiin kan liqeesseefi jiru ta'uu qixa seerri jedhuun mirkaneeffateera moo hin mirkaneeffanne?' dhimma jedhu qabachuun galmee qorateera. Akkaatuma kanaan galmeen kun yommuu qoratamu falmiin bitaa fi mirga jidduu jiru falmii dhimma waliigaltee liqaa maallaqaa bu'uureffatee ka'e ta'uun ni hubatama. Iyyataan ammaa maallaqa falmiif ka'umsa ta'e qar.6,300 [kuma jahaafi dhibba sadii] waamamaa 1ffaa ammaadhaaf waamamaan 2ffaa ammaa wabii ta'eefii liqeessee waan naaf deebisuu dhabeef bu'uura waliigaltee keenyaan naaf haa deebisan jechuun kan himate yoo ta'u, waamamaan 1ffaa ammaa himataan mana murtii aanaa immoo waliigaltee iyyataan dhiyeeseen maallaqa iyyataa irraa kan hin liqeeffanne ta'uu fi

waliigaltichas iyyataan sobaan kan ofii qopheessee dhiyeesse waan ta'eef mallattoon waliigaltee falmiif ka'umsa ta'e irra jiru akka kan isaa hin taane haaluun akka qoratameefii himannaan dhiyaate akka kufaa ta'uuf kan falmu dha. Dhimma kana keessatti bitaa fi mirgi jiraachuu waliigaltee liqiifi mallattoo waliigalticha irra jiru illee kan walhaalan waan ta'eef iyyataan bu'uura S/D/F/H/H kew.2001[1] tiin jiraachuu waliigaltichaa bu'uura seeraan mirkaneessuun kan irraa eegamu ta'a. Waliigalteen liqqi maallaqa dhibba shanii olii immoo mirkanaa'uu kan danda'u ragaa barreeffamaa dhiyeessuun akka ta'e S/D/F/H/H kew.2472[1] jalatti tumamee kan jiru yoo ta'u, bu'uuruma kanaan iyyataan waliigaltee gaafa 01/11/2010 barreeffame kan dhiyeessee jiru ta'u illee waamamaan immoo dhugummaa waliigaltichaafi mallattoo waliigalticha irra jiru haaluun mormee kan falme dha. Waliigalteen barreeffamaa dhiyaate tokko immoo dhugummaa jiraachuun isaa fi mallattoon waliigalticha irra jiru kan mormame yoo ta'e immoo manni murtii ragaa namootaa waliigalticha irra jiraniin dhagahuun jiraachuu waliigaltichaa qulqulleessuu akka danda'u, akkasumas mallattoo haalame haala itti fakkaateen mirkaneeffachuun murteessuu kan danda'u ta'uun dhimma falmisiisaa ta'u miti.

Dhimma of harkaa qabnu kana keessattis manni murtii aanaa jiraachuu waliigaltee liqqi falmiif ka'umsa ta'e waliigaltee gaafa 01/11/2010 barreeffamee fi mallattoo waamamaa waliigalticha irra jira jedhamee waamamaan waan mormee qulqulleeffachuuf ragaa waliigaltee liqqi iyyataan dhiyeeffate irra maqaan isaanii jiran lama dhagahee kan jiru yoo ta'u, mallattoo waamamaa waliigalticha irra jirus immoo qorachiisuuf saamuda mallattoo waamamaa dhiyeessisee akka iyyataan oriijinaala waliigaltee himannaa walqabsiisee himannaa bane akka dhiyeessu ajajee kan ture ta'uu galmee keessaa ni hubatama. Akkuma xiinxala murtii mana murtii aanaa fi Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa keessaa hubatamutti

ragaan namaa waliigaltee liqii iyyataan dhiyeeffate irra maqaan isaanii jiru qabatamaan walfalmitoota kana jidduutti waliigalteen liqii taasisfamuu isaa haala amansiisuun kan raganii jiran miti; kunis ta'uu kan danda'e ragaan 2ffaan waliigalticha irratti kan hin mallatteessine ta'uu ibsee osoo jiruu ragaa waliigaltichi yommuu taasifamu arganii fi mallatteessan jedhamee fudhatamuun dhama qabeessa hin ta'u. Mallattoo waamamaa waliigalticha irra jiru qorachiisuuf iyyataan waliigaltee oriijinaalaa akka dhiyeessu mana murtii aanaan ajajamee kan ture yoo ta'u, qabatamaan iyyataan kan dhiyeesse waliigaltee haqaa fi laaqaa qabu kan koppii himannaa ittiin saaqe waliin tokko hin ta'iin waan dhiyeesseef manni murtii osoo hin qorachiisiin kan hafe ta'uu galmee keessaa ni hubatama. Kanaafuu, waliigalteen falmiif ka'umsa ta'e qabatamaan walfalmitoota kana jidduutti taasifamuun isaa haala gahaa fi amansiisaa ta'een hin mirkanoofne. Waliigalteen liqii jedhame dhugummaan taasifamuu isaa mirkaneeffachuuf qofa yoo ta'e malee ragaa namaa maallaqa falmiif ka'umsa ta'e iyyataan waamamaaf liqeessuu isaa mirkaneessuuf immoo haaluma armaan olitti ibsameen ragaa rogummaa hin qabnee fi seeraan kan dhorkamee jiru ta'uun ifa dha.

Waliigaltee liqii iyyataan himannaa isaa waliin dhiyeesse irra mallattoon jiru waamamaan kan koo miti jechuun haalee kan jiru waan ta'eef manni murtii bu'uura seeraan qorachiisuuf yoo jedhu iyyataan oriijinaala waliigaltichaa dhiyeessuu kan dhabe ta'uu - waliigaltee biraa kan haqaa fi laaqaa qabuu fi kan himannaa koppii ta'ee walqabateen adda ta'e kan dhiyeesse waan ta'eef manni murtii qorachiisuu kan dhiise ta'uu galmee keessaa ni hubatama. Iyyataan komii dhaddacha kanatti dhiyeesseen firi dubbii gama kanaan manni murtii aanaa murtii kenne keessatti xiinxale soba dha; ani waliigaltee liqii ittiin himannaa bane oriijinaala isaa dhiyeesseera jechuun falmaa hin jiru. Waliigaltee falmiif ka'umsa ta'e

immoo koppii isaan kan himannaa bane iyyataa waan ta'eef gaafa manni murtii qorachiisuuf barbaadutti dirqama oriijinaala isaa dhiyeessuu qaba; ykn immoo bakka kanatti argama jechuu qaba, ykn dhiyeessuu dhabuu isaatiif sababa falmii seeraa dhiyeessaa hin jiru. Yoo kun hin ta'ii immoo manni murtii haalli itti waliigaltee himannaaf ka'umsa ta'e oriijinaala isaa argatee qorachiisu hin jiru; kan qoratamu oriijinaalli yoo jiraate waan ta'eef waamamaanis akka qorachiisuuf haalli itti dirqamu hin jiru. Kanaan walqabatee, iyyataan kun komii dhiyeesse keessatti akka manni murtii aanaa mallattoo falmiif ka'umsa ta'e qorachiisuuf itti hin deemneetti kan dhiyeesse kan fudhatama qabu miti.

Kanaafuu, iyyataan kun waliigalteen liqii maallaqaa falmiif ka'umsa ta'e isaa fi waamamaa jidduu jiraachuu isaa fi maallaqa falmiif ka'umsa ta'e waamamaaf liqeessee jiraachuu isaa ragaa seerri barbaaduun waan hin mirkaneessineef, kanumaan walqabatees hanga waamamaan 1ffaan maallaqa falmiif ka'umsa ta'e liqeeffachuun isaa hin mirkanoofnetti immoo wabiidha kan jedhame waamamaan 2ffaan itti gaafatamummaan qabaatu waan hin jiraanneef komiin iyyataan dhaddacha kanaaf dhiyeesse kan deggersa seeraa fi ragaa hin qabne dha jennee kufaa taasisuun murtii Manni Murtii Waliigala Oromiyaa galmee lakk.321128 ta'e irratti dhaddacha gaafa 26/05/2012 ooleen kenne kan dogoggoora bu'uura seeraa of keessaa qabu miti jennee bu'uura S/D/F/H/H/kew.348[1]tiin cimsuun murteessineerra.

Ajaja

1. Komiin iyyataa kanaa kan deeggarsa seeraa qabu miti jennee kufaa taasisuun murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa galmee lakk.321128 ta'e irratti dhaddacha gaafa 26/05/2012 ooleen kenne kan dogoggoora seeraa isa bu'uura of keessaa qabu miti jennee

bu'uura S/D/F/H/H/ kew.348[1] tiin cimsuun murteessineerra.

2. Baasii fi kisaaraa kan dhaddacha kanaa iyyataan waamamaa 1ffaa ammaadhaaf qar.1000 [kuma tokko] haa kaffalu; Manni Murtii Aanaa Yaayyaa Gullallee haa raawwachiisuuf jenneerra.
3. Galmeen murtii waan argateef cufameera.

Mallattoon Abbootii Seera shan hin dubbifamne jira.

- Abbootii Seeraa:-
1. Guyyoo Waariyoo
 2. Dabee Dhaabaa
 3. Fiixaa Dachaasaa
 4. Masfiin Geetaachoo
 5. Urgaa Geetahuun

Iyyataan:- Masfiin Taayyee

Waamamaan:- Gazzahaany Gaashawu

Galmeen qoratamee murtiin armaan gadii kennameera.

Murtii

Murtii kanaaf ka'umsa kan ta'e iyyata komii iyyataan kun gaafa 04/05/2012 barreessee Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa kanaatiif dhiyeesse dha. Qabiyyeen komii iyyataa kanaas gabaabinaan: Ani iyyataan waamamaan ammaa himatamaan mana murtii aanaa lafa koo qindii lama ta'e seeraan ala waan na jalaa qabatee ragaa qabiyyee seeraan ala irratti baafateef akka gadi naaf lakkisuu fi ragaan mirkaneessa abbaa qabiyyee irratti baafate seeraan ala jedhamee naaf haa murtaa'u jechuun himadheera. Waamamaan ammaa himatamaan mana murtii aanichaas deebii naaf kenneen qabiyyee falmiif ka'umsa ta'e karaa seeraan qabadhe waan ta'eef gadi lakkisuu hin qabu; ragaa abbaa qabiyyee waamamaan ammaa irratti baafate hin jiru waan ta'eef himatichi akka kufaa naaf ta'u jechuun deebiseera. Manni murtii aanichaas erga wal nu falmisiisee booda waamamaan laficha karaa seera qabeessa ta'een qabate waan ta'eef gadi lakkisuu hin qabu; ragaa abbaa qabiyyummaa waamamaan irratti fudhate immoo seeraan ala waan ta'eef kufaa dha jechuun murteesseera. Murtii kana keessaa qabiyyicha waamamaan gadi lakkisuu hin qabu kan jedhame ilaalchisee murtiin

kename kan seeraan alaa dha jechuun komachuun mana murtii ol'aanaa fi Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatti dhiyeeffadhu illee komii koo kufaa taasisuun murtii jalaa cimsaniiru. Haa ta'u malee, bu'uura labsii lakk.130/99 kew.2[3]tiin waamamaan kun lafa koo falmiif ka'umsa ta'e kan qabate bakka hin taanetti, bulchiinsi gandaas ta'e manni murtii lafa nama dhuunfaaf kennuu bakka hin dandeenyetti waamamaan kun ajaja mana mutiin waan qabateef karaa seera qabeessa ta'een lafa falmiif ka'umsa ta'e kan qabate dha jechuun himannaa koo kufaa taasisuun manneen murtii jalaa dogoggoora seeraa isa bu'uura dha. Waamamaan kun ajaja mana murtiin lafa koo qabachuu isaatiif ragaan tokko illee kan hin jirre yoo ta'u, osoo ta'ees immoo bu'uura labsii lakk.130/99 kew.10[3] tiin turtiin isaa waggaa 3 kan hin caalle ta'uu osoo qabuu lafa kiyya bara 2006 irraa kaasee waggaa torba guutuu kan qabatee jiru seera qabeessa dha jechuun dogoggoora seeraa isa bu'uura dha. Manneen murtii jalaa lafa kee galmee mana murtichaa galmee lakk.16696 ta'e irratti gaafachuu dandeessa malee galmee haaraa banachuun himachuu hin dandeessu kan naan jedhes kan deeggarsa seeraa qabu miti; bu'uura S/D/F/H/H kew.421tiin is kan dhorkame miti. Kanaafuu, dhimmi koo kun seera rogummaa qabu waliin naaf ilaalamee murtiin manneen murtii jalaa narratti kennan kan dogoggoora bu'uura seeraa of keessaa qabu dha jedhamee naaf fooyya'uun waamamaan kun lafa falmiif ka'umsa ta'e karaa seeraan ala ta'een qabate akka gadi naaf lakkisu baasii fi kisaaraa waliin akka naaf murtaa'u jechuun kan dhiyeesse dha.

Waamamaan komii dhiyaate irratti deebii gaafa 04/06/2012 barreessuun kan kenne yoo ta'u, qabiyyeen deebii waamamaa kanaas gabaabinaan: iyyataan lafa qindii lama amma falmii kaase waamamaan seeraan ala bara 2006 keessa na jalaa qabate jechuun komii haa dhiyeesse malee ani seeraan ala hin qabanne. Haalli itti qabachuu danda'e namni maqaan

isaa Ahimad Muummee jedhamu qar.14,302 iyyataa kanarraa waan qabuuf Mana Murtii Aanaa Xuullootti galmee lakk.16555 ta'e irratti iyyataa kana himachuun itti murteessifatee galmee raawwii lakk.16696 ta'e irratti raawwii iyyataa ammaa irratti banatee iyyataan kaffaluu didee biyyaa waan badeef manni murtii aanichaa ajaja dhaddacha gaafa 02/04/2006 ooleen kenneen waajjirri Bulchiinsa Araddaa Lubbuu dhaqqabii hanga maallaqni idaa iyyataa irraa barbaadamu kaffalamee xumuramuutti akka kireessu ajajee anis bu'uuruma kanaan waggaa 10tiif hanga bara 2006tti kiraan kanan qabadhe dha malee seeraan ala kanan qabadhe miti; Bulchiinsi Araddaa Lubbuu dhaqqabii lafa kana xalayaa lakk.0228 ta'e kan gaafa 07/04/202006 waggaa kudhaniif natti kireessuu isaa mana murtiif gabaasee galmee mana murtii keessa kan jiru dha. Kanaafuu, hanga ajajni mana murtii akka lafichi kireeffamu ajaje hin diigamneetti gadi lakkisuu hin qabu; falmii iyyataan kun haala argannaa lafaa ilaalchisee labsii lakk.130/99 kew.2[3] jalatti dhiyeesse, akkasumas foormii waliigaltee ilaalchisee komiin murtii Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Federaalaa galmee lakk.150773 kennee jildii 23ffaa jalatti maxxansee fi labsii lakk.130/99 kew.25 jalatti dhiyeessee fi turtii kiraan waggaa sadii darbuu hin qabu jechuun labsii lafa baadiyaa jalatti dhiyeesse falmii dhimma of harkaa qabnu kanaaf rogummaa qabus waan hin taaneef komiin kallattii kanaan dhiyaate fudhatama hin qabu. Manni Murtii idaa iyyataa irraa barbaadamuuf lafti isaa akka kireeffamu ajaja kennuu seerri dhorku hin jiru malee aangoo ajaja kana kennuu hin qabu osoo jedhamee illee iyyataan lafti koo seeraan ala kireeffame kan jedhu yoo ta'e, galmee raawwii galmee lakk.16696 ta'e irratti yeroo seeraan taa'e keessatti iyyachuu qaba malee himannaa haaraa dhiyeessuun isaa fudhatama hin qabu. Kanaafuu, komiin iyyataa kufaa ta'ee murtiin manneen murtii jalaan kennaman bu'uura S/D/F/H/H/kew.348[1] tiin kenname naaf cimee baasii fi kisaaraa waliin akka naaf murtaa'u jechuun

deebiseera. Kanaan booda dhaddachi kunis ijoo: ‘raawwii idaa maallaqa iyyataa irraa barbaadamuuf lafa qabiyyee iyyataa ta’ee manni murtii akka kireeffamu ajajuun kireessuun isaa heeraa fi seera dhimmichaaf rogummaa qabuun kan deeggarama dha moo miti? nama haala kanaan laficha kireeffatee qabate abbaan qabiyyee seeraan ala na jalaa qabate jechuun himachuun gadi lakkisiisuu danda’a moo hin danda’u?’ kan jedhu qabachuun galmee qorateera.

Akkaatuma kanaan galmee kana yoo qorannu dhimmi kun kan eegaale mana murtii Aanaa Xuullootti galmee lakk.37697 ta’e irratti himannaa iyyataan kun gaafa 21/08/2011 barreessee waamamaa ammaa irratti dhiyeesseen yoo ta’u, sababni himannaa iyyataa ammaas qabiyyee koo lafa qindii lama sababa ani hojiif gara Go/Sh/Lixaa deemeef bakka ani hin jirretti bara 2006 irraa kaasee seeraan ala qabachuun jimaa fi biqiltuu adda addaa irra dhaabee waraqaa ragaa mirkaneessa abbaa qabiyyummaa waan irratti fudhateef akka gadi naaf lakkisu gaafannaanis araddaa fi mana murtii naaf kireesse jechuun waan dideef akka lafa kana jimaa irra dhaabe waliin gadi naaf lakkisu jechuun kan himate dha. Waamamaan ammaa himatamaan mana murtii aanichaa gama isaan deebii gaafa 02/09/2011 fooyyessee kenneen bu’uura seerri ajajuun lafa kana Araddaatu naaf kireesse waan ta’eef, dhimmi kun kanaan dura ilaalamee murtii argateera waan ta’eef, himataan idaa maallaqa kaffalu waan dhabeef galmee raawwii lakk.16696 ta’e irratti akka qabiyyeen isaa kireeffamu bu’uura ajaja manni murtii kenneen kanan qabadhe waan ta’eef gadi lakkis jedhee na himachuuf sababa himannaa hin qabu jechuun akka himannichi kufaa irraa ta’u gaafachuun deebiseera.

Manni murtii aanichaas bitaa fi mirga falmisiisuun iyyataan sababa galmee raawwii mana murtii aanichaa galmee lakk.16696 ta’e irratti

idaa maallaqaa irraa barbaadamu iyyataan kaffaluu dhabeef manni murtii akka qabiyyeen iyyataa kireeffamu ajaja kenname irratti hundaa'uun waamamaan kan qabate waan ta'eef falmii iyyataan kun haala qabannaa lafichaa Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyaa Oromiyaa labsii lakk.130/99 kew.10[3],10[6] fi 11[1] jalatti kaasu dhimma kanaaf rogummaa hin qabu; ni qaba osoo jedhameellee galmeedhuma lakk.16696 ta'e irratti dhiyaachuu qaba malee falmii haaraa ta'ee dhiyaachuu hin qabu jechuun seerummaa iyyataan akka qabiyyeen isaa gadi lakkifamuuf gaafatee dhaddacha gaafa 19/09/2011 oole irratti bu'uura S/D/F/H/H/ kew.231[2] tiin mormii sadarkaa duraa ilaalchisee jala murtii kenneen kufaa taasisuun, dhimma ragaa mirkaneessa abbaa qabiyyummaa waamamaan laficha irratti fudhachuu ilaalchisee immoo itti fufuun bitaa fi mirga falmisiisee booda murtii dhaddacha gaafa 06/10/2011 ooleen kenneen kaartaa waamamaan lafa falmiif ka'umsa ta'e irratti fudhate seeraan ala dha jechuun bu'aa hin qabu jechuun murteesseera.Iyyataan ammaas murtii kana komachuun hanga dhaddacha kanaatti komii kan dhiyeeffate dha.

Achii dhufti dhimma kanaa gabaabinaan kan armaan olitti ibsame yoo ta'u, dhaddachi kunis komii dhiyaate garagalcha galmee jalaa dhiyeessuun seera dhimmichaaf rogummaa qabu waliin qorateera. Akkaataa kanaan galmeen kun yommuu qoratamu seerummaa iyyataan kun mana murtiitti dhiyeesse kan mirga abbaa qabiyyummaa lafa baadiyaa kabachiifachuuf dhiyaatu kan ilaallatu yoo ta'u, waamamaan immoo raawwii idaa maallaqaa iyyataa irraa barbaadamu Manni Murtii Aanaa Xuulloo galmee lakk.16696 ta'e irratti raawwachiisuuf lafichi karaa Araddaa akka kireeffamu ajaja kenne irratti hundaa'ee kan kiraan karaa seera qabeessa ta'een kan qabate ta'uu ibsuun laficha gadi lakkisuu hin qabu jechuun kan falmaa jiru dha. Falmii bitaa fi mirgaa irraa akkasumas murtii Manni

Murtii Aanaa Xuulloo dhimma kanarratti bitaa fi mirga falmisiisee booda dhaddacha gaafa 06/10/2011 ooleen kenne irraa qabiyyee lafa falmiif ka'umsa ta'e lafa qindii lama irraa mirga abbaa qabiyyummaa kan qabu iyyataa kana ta'uun falmisiisaa miti. Waamamaan ammaas immoo lafa falmiif ka'umsa ta'e kana qabachuu kan danda'e murtii idaa maallaqa qar.14,302 irraa barbaadamu akka kaffaluuf namni Ahimad Muummee galmee raawwii lakk.16696 ta'e irratti Mana Murtii Aanaa Xuullootti irratti dhiyeessee iyyataan kun waan dhiyaatee kaffaluu dhabeef lafti kun idaa olitti ibsame iyyataa irraa barbaadamuuf kireeffamee akka kaffalamu ajaja manni murtii kenne irratti hundaa'uun akka ta'es ni hubatama.

Bakka kanatti ijoo furmaata seeraa argachuudhaa qabu sababa idaa maallaqaatiif qabiyyee lafa baadiyaa [qotee bulaa] akka kireeffamee idichi kaffalamu taasisuun heerawwaa fi seerawwaa dhaa? kan jedhu dha. Akka waliigalaatti bu'uura heera mootummaa FDRI kew.40[3] tiin lafti kan hin gurguramnee fi hin jijjiiramne ta'uu tumamee kan jiru dha. Kanaafuu, akka tarsiimootti lafti idaa maallaqaatiif gosaan ooluu kan hin danda'amne ta'uun waan hubatamuuf gochooni bu'aan lafa idaaf oolchuu waliin bu'aa walfakkaataa qaban akka faallaa heeraa ta'an kan hubatamuu qaban dha. Kun akkuma jirutti ta'ee, mirga qotee bulaan biyya kanaa qabu ilaalchisee heeruma armaan olitti ibsame kew.40[4] jalatti kan kaa'u yoo ta'u, kunis mirga qabiyyee isaa irraa buqqa'uu dhabuu isa tokko ta'ee hojiirra oolmaan isaas labsiilee heericha bu'uura taasisuun tumamaniin kan tarreeffamu ta'uu ibsamee jira. Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk.1/1987 kew.40[3 fi 4] yoo ilaallu heeruma federaalaan haaluma walfakkaatuun kan tumee jiru dha. Heerota lameen armaan olitti ibsaman irraa tarsiimoon lafa baadiyyaa haala addaan labsiilee dhimma lafa baadiyyaa ilaalchisanii bahan keessas kan jiru ta'uu fi kan labsiilee sanaan hammatamanii jiran

sun immoo haguuggiin heeraa kan kennameefii jiru ta'uu ni hubatama. Labsiilee heera mootummaa federaalaa fi heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa bu'uura taasifachuun bahanii hojiirra jiran keessaa tokko labsii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyaa Oromiyaa labsii lakk.130/99 akka ta'e beekamaa dha. Labsii lakk.130/99 kee 6[5] jalatti immoo lafa baadiyaa idaan dhuunfaa abbaa qabiyyeef jecha abbaan qabiyyichaa irraa buqqifamuu kan hin dandeenye kan tumu dha; kunis eegumsi mirga qotee bulaan tokko qabiyyee isaa irraa mirga buqqifamuu dhabuu qabu heera keessatti eegumsi taasifameefii labsiileen ni tarreeffamu jedhamee kaa'ame keessaa isa tokko dha jechuun ni danda'ama. Gochi kunis abbaa qabiyyee fi laficha yeroodhaafis ta'u kan gargar baasu waan ta'eef mirga abbaa qabiyyummaa kan sarbu waan ta'eef, abbaa qabiyyee fi lafa isaa yeroof haala kamiinuu idaa maallaqaa kaffalchiisuuf yookiin wabii taasisuun maallaqa fudhachuun adda baasuun haala ifa ta'een beekamtii heeraa kan hin kennamneef waan ta'eef, gochoonni akka kanaa bu'aan idaa maallaqaatiif lafa oolchuu waan of keessaa qabuuf, gara gurgurtaa lafaatti kan geessuu fi gurgurtaa lafaanis kan walfakkaatu waan ta'eef tarsiiimoo lafaa biyyattiin hordoftuuf sodaa ta'ees waan hubatamuuf gochaa jajjabeeffamuu hin qabne dha. Kanaafuu, bu'uura heera mootummaa FDRI kew.40[4], heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa kew.40[4] fi Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyaa Oromiyaa labsii lakk.130/99 kew.6[5]tiin lafa baadiyaa qotee bulaa idaa dhuunfaa qotee bulichaa irraa barbaadamuuf jecha kireessuun heerawwaa fi seerawwaa kan hin taane ta'uutu hubatama.

Kanarra dhaabbachuun haala itti waamamaan kun lafa falmiifka'umsa ta'e qabate heeraa fi seeraan kan deeggarama miti jenneerra. Gocha seeraan ala ta'een darbees heeraan walitti bu'uun qabiyyee nama dhuunfaa tokko qabachuun immoo yoomiyyuu kan eegumsa seeraa qabaatu hin ta'u;

gocha ykn murtii mana murtii dabalatee qaama mootummaa kamiinuu kenname tokko heera waliin kan walitti bu’u taanaan immoo bu’aa kan hin qabne ta’uu heera mootummaa FDRI kew.9[1] jalatti tumamee jira waan ta’eef waamamaan kun ajaja heera waliin walitti bu’uun qabachuun isaa eegumsa seeraa kan qabaatu miti.

Kan manneen murtii jalaa iyyataan kun galmee raawwii irratti iyyachuu qaba malee himannaa haaraa dhiyeessuu hin danda’u jechuun xiinxalanis kan deeggarsa adeemsa falmii siivilii of keessaa qabu ta’ee hin argamne. Qabatamaanis immoo iyyataan kun galmee raawwii Mana Murtii Aanaa Xuulloo galmee lakk.16696 ta’e irratti iyyannoo dhiyeeffatee kan ture yoo ta’u, manni murtii aanichaa ajaja galmicha irratti kenneen himannaa haaraa dhiyeeffachuu akka qabu akeekuun iyyata iyyataan ammaa kun dhiyeesse kufaa taasisee jira; kun immoo mirga haqa argachuu lammiilee illee kan dhiibuu dha.

Kanaafuu, sababootuma armaan olitti xiinxalamaniif seerummaa manneen murtii jalaa waamamaan lafa falmiif ka’umsa ta’e iyyataaf gadi lakkisuu hin qabu jechuun murteessan kan dogoggoora seeraa isa bu’uuraa of keessaa qabu jennee kallattii kanaan murtii Manni Murtii Aanaa Xuulloo galmee lakk.37697 ta’e irratti dhaddacha gaafa 19/09/2011 ooleen kenne, ajaja Manni Murtii Ol’aanaa Go/H/Lixaa galmee lakk.52604 ta’e irratti dhaddacha gaafa 02/11/2011 ooleen kennee fi ajaja Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbii Bahaa galmee lakk.316638 ta’e irratti dhaddacha gaafa 10/03/2012 ooleen kenne kan dogoggoora bu’uuraa seeraa of keessaa qabu dha jennee bu’uura S/D/F/H/H/ kew.348[1] tiin haquun waamamaan ammaa lafa falmii kaase iyyataaf gadi lakkisuu qaba jennee murteessineerra.

Ajaja

1. Seerummaa iyyataan kun akka qabiyyeen falmiif ka'umsa ta'e gadi lakkifamuutiif dhiyeesse ilaalchisee jala murtii Manni Murtii Aanaa Xuulloo galmee lakk.37697 ta'e irratti dhaddacha gaafa 19/09/2011 ooleen kenne, ajaja Manni Murtii Ol'aanaa Go/H/Lixaa galmee lakk.52604 ta'e irratti dhaddacha gaafa 02/11/2011 ooleen kennee fi ajaja Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbii Bahaa galmee lakk.316638 ta'e irratti dhaddacha gaafa 10/03/2012 ooleen kenne kan dogoggoora seeraa isa bu'uura of keessaa qabu dha jennee bu'uura S/D/F/H/H/ kew.348[1] tiin haquun murteessineerra.
2. Waamamaan qabiyyee falmiif ka'umsa ta'e lafa qonnaa qindii lama Aanaa Xuulloo Araddaa Lubbuu dhaqqabii keessatti argamu daangaan isaa Bahaan lafa Mallasuu Taammiruu, Lixaan mana Siyyuum Asrasee fi mana Ahimad Yuyyaa, Kaabaan karaa miillaa fi Kibbaan mana Manaayyoo Baqqalaa fi lafa Tasammaa Taammiruu ta'e iyyataa kanaaf haa lakkisu jennee murteessineerra.
3. Baasii fi kisaaraa kan dhaddacha kanaa waamamaan iyyataaf qar.2000 [kuma lama] haa kaffalu; Manni Murtii Aanaa Xuulloo haa raawwachiisuuf jenneerra.
4. Galmeen murtii waan argateef cufameera.

Mallattoon Abbootii Seeraa shan hin dubbifamne jira.

- Abbootii Seeraa:-
1. Guyyoo Waariyoo
 2. Abdusalaam Sirraaj
 3. Ashannaafii Raggaasaa
 4. Ayyaanaa Toliinaa
 5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyataa:- H/Gabii Malkaa

Waamamaa:- Aadam H/Gabii

Galmeen kun qoratamee murtiin itti aanu kennameera.

Murtii

Galmeen kun banamee dhiyaachuu kan danda'e sababa iyyataan ammaa iyyata gaafa guyyaa 19/05/2012 barreeffameen murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaa galmee lakk.317813 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 06/05/2012 ooleen kenne dogoggoora seeraa isa bu'uura qaba jechuun akka sirratuuf waan gaafateefii dha.

Ka'umsi falmii galmee kanaa himata Mana Murtii Aanaatti iyyataan ammaa dhiyeesseen kan eegalee yoo ta'u, himatichis gabaabinaan: qabiyyee koo qarxii 6 ta'u bara 1967 keessa Mootummaa Dargiitiin naaf kennamee qabatee itti fayyadamaa waan jiruuf waamamaan qabiyyee koo akka gadi lakkisu kan jedhuu dha. Waamamaan deebii kenneen: lafuma kanarratti galmee lakk. 10873 ta'e irratti na himatee kufaa ta'ee jira; haati warraa iyyataas galmee lakk.11827 ta'e irratti na himattee naaf murtaa'ee waan buleef himanni lammaffaa dhiyaate fudhatama hin qabu; lafa kanarratti ragaa nan qaba. Lafa kana waggaa 11 oliif fayyadamaan jira waan ta'eef qabiyyee koo irratti himanni dhiyaate fudhatama hin qabu jedheera.

Manni Murtii Aanaa ragaa dhagahee murtii kenneen: qabiyyee amma falmii kaasee iyyataan bara 1967 mootummaa irraa hirtaan argachuun itti fayyadamaa jiraachuu ragaan mirkanaa'eera; waamamaan immoo ragoonni isaa yeroo gaa'eela raawwatee afaaniin kenneef jedhan malee waliigalteen kennaa kun galmaa'uu hin ibsine; kanaafuu qabiyyee iyyataa ta'uun waan mirkanaa'eef waamamaan lafa kana akka gadi lakkisu jechuun murteesseera.

Waamamaan murtii kanarraa ol'iyannoo gaafatee Manni Murtii Ol'aanaa dhiyeessisee erga falmsiisee booda murtii kenneen: galmeen duraan irratti walfalmaa turan falmii jeequmsi akkaataa SHH lak.1149 tiin irraa dhaabbatuuf dhiyaate dha waan ta'eefi falmiin ammaa immoo himannaa mirga abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaarratti qabu bu'uura godhachuun gadi lakkisiisuuf dhiyaate waan ta'eef mormii dhimmi kun armaan dura murtiin xumura argatee jira jechuun akkaataa tumaa SDFHH Keewwata 5 ka'e kufaa gochuun Mana Murtii jalaa hin komachiisu; qabiyyee kana waamamaan bara 1999 keessa qabatee waan jiruuf himanni gaafa 30/09/2011 waggaa 12 booda dhiyaatee darbiinsa yeroon ni daanga'a; darbees waamamaan kennaan guyyaa gaa'eela raawwate abbaasarraa (iyyataarraa) kan argate ta'uu ragaa namaan mirkanaa'ee waan jiruuf waamamaan gadi haa lakkisu kan jedhame dogoggoora jechuun murtiin jalaa diiguun murteesseera.

Iyyataan murtii kana komatee ol'iyannoo gara Mana Murtii Waliigalaatti yoo gaafatu Manni Murtii Waliigalaa dhiyeessisee erga falmsiisee booda murtii kenneen: waamamaan lafa kana wagga 11tiif qabadhee jira jedhe malee waa'ee kennaa kaasee wanti falme hin jiru. Falmii afaaniirratti kennaa naaf kenne jedhee malee yoom akka isaaf kenname wanti ibse hin jiru; iyyataan immoo waliigaltee kennaa hin jiru jedhee waakkatee

waan jiruuf lafa kennaan isaaf kennamu hubachiisuuf barreeffamaan ta'uu akka qabu dambii lakk.151/2005 kwt.15 (9) tumee waan jiruuf waliigaltee kenna hin jiru; waliigaltee kenna jira jechuun Mana Murtii jalaa dogoggoora; garuu iyyataan akkaataa himata isaan lafa qarxii sadii hirtaa naaf qoti jedhee bara 2005 itti kennuu waan hin hubachiifneef gadi lakkisuu hin qabu; bu'aadhaan murtiin Mana Murtii Ol'aanaa sirriidha jechuun cimseera.

Komiin amma dhiyaates murtuma kanarratti yoo ta'u, ijoon komii isaatis: qabiyyeen ammaa falmii kaasee qabiyyee koo ta'u ragaan mirkanaa'ee jira; waamamaan kennaan argadhe haa jedhu malee waliigaltee kenna jiraachuu hubachiisuuf raga barreeffamaa dhiyeeffatee hin qabu; waamamaan bara 1999 keessa qabadheen jira haa jedhu malee haala kanaan qabatee jiraachuu ragaan hubachiisu hin jiru; kanaafuu qabiyyee koo ta'uun utuu hubatamuu waamamaan seeraan ala qabatee gadi lakkisuu hin qabu kan jedhame dogoggoora waan ta'eef murtiin jalaa akka naaf sirratu kan jedhu dha.

Komiin iyyataa bakka waamamaan jirutti qulqullaa'uu waan qabuuf ni dhiyeessisa jedhamee waamamaan deebii kenneen: lafa kana yoon gaa'eela raawwadhu iyyataan naaf kennee waggaa 12 ol itti fayyadamaa jiraachuu koo Waajjira Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Aanaa Gunaattis mirkaneesseera; iyyataan lafa kana naaf kennuu isaa kan amane ta'uu galmee jalaa keessaa ni hubatama; lafa kana waggaa 12 oliif qabadhee maatii nama 7 irratti horee waan jiruuf murtiin jalaa sirriidha naaf haa cimuu jedheera.

Falmiin galmee kanaa gabaabinaan olitti ibsame yoo ta'u, nutis falmii bitaa fi mirgaa, murtii jalaa fi seerota rogummaa qaban waliin galmee

keessa akka itti aanutti qoranneerra. Akka qorannee ilaallettis qabiyyeen kun siriinsaa kan iyyataa ta'uu mirkanaa'ee utuu jiruu waamamaan gadi lakkisuu hin qabu kan jedhame sirriidha moo miti? kan jedhu ijoo dubbii ta'ee argama.

Kanumaan akka galmee keessa qorannee ilaalletti duriin lafa kanaa kan Iyyataa ta'uu fi bara mootummaa dargii keessa mootummaarraa hirtaan akka argate ragaan mirkanaa'ee jira. Haa ta'u malee bara 1999 eegalee waamamaan qabatee itti fayyadamaa akka jiru ragaan mirkaneesseera. Haalli itti lafti kun harka Iyyataa bahee harka waamamaa gales gaafa waamamaan bultii dhaabbatee akkaataa aadaa biyyaatiin iyyataan ilmasaa kan ta'e waamamaaf kennaa kennuni dha. Ragaan dhiyaatan kana mirkaneessanii jiru. Guyyaa gaa'eela raawwatu akkaataa aadaatiin abbaa kan ta'e iyyataan lafa kana waamamaaf kennuufiin erga mirkanaa'ee kana hubachiisuuf foormalitii addaa barbaadamu hin jiru. Ergasii kaasees lafa kana qabatee daa'ima irratti horee kan itti fayyadamaa jiru waamamaa ta'uun mirkanaa'eera. Waamamaan lafa kana gadi lakkisuu hin qabu jechuun kan Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa murteesse bu'aan sirrii ta'us garuu waliigalteen kennaa hin jiru kan jedhe sababa olitti tarreeffameef sirrii ta'ee hin argamne. Kanaafuu, waamamaan akkaataa seera qabeessa ta'een gaafa cidha dhaabbate iyyataarraa argatee qabatee itti fayyadamaa waan jiruuf gadi lakkisuu hin qabu kan jedhame hin komachiisu.

Walumaagalatti, sababoota olitti tarreeffameef murtiin Mana Murtii jalaa dogoggoora seeraa isa bu'uura waan hin qabneef ajaja itti aanu kennameera.

Ajaja

1. Murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaa galmee lakk. 317813 ta'erratti dhaddacha guyyaa 06/05/2012 ooleen kennee fi Murtiin Mana Murti Ol'aanaa Godina Arsii galmee lakk. 90411 ta'e irratti dhaddacha gaafa guyyaa 23/03/2012 ooleen kenne bu'uura SDFHH lak.348/1/ tiin cimeera.
2. Murtiin Mana Murtii Aanaa Guunaa galmee lakk.12611 ta'erratti dhaddacha guyyaa 3/02/2012 ooleen kenne bu'uura SDFHH lak.348/1/ tiin diigameera.
3. Dhorki galmee lakk.12866 ta'erratti kennamee ture kan ka'ee ta'uun Mana Murtii Aanaa Guunaaf haa barreeffamuuf.
4. Baasii fi kisaaraa falmii kanaaf bahe bitaa fi mirgi of haa danda'an.
5. Garagalchi galmee kanaa manneen murtii jalaaf haa ergamu.
6. Galmeen waan murtii argateef cufameera; gara mana galmee cufameetti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa shan hin dubbifamne jira.

- Abbootii seeraa:-
1. Guyyoo Waariyoo
 2. Dabee Dhaabaa
 3. Abdusalaam Sirraaj
 4. Galaanaa Dhugumaa
 5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyataan:- Ayyalachi Zallaqaa

- Waamamtootni:-
1. Xaasoo Ayyaalewu
 2. Tanaanyee Ayyaalewu
 3. Alamnash Rattaa

Galmee qorannoof bule qorannee murtii armaan gadii kennineerra.

Murtii

Galmeen kun banamee dhiyaachuu kan danda'eef, iyyattuun iyyata gaafa 25/5/2012 barreeffameen murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa lakkoofsa galmee 31500 irratti dhaddacha gaafa 22/5/2012 ooleen kenne dogoggora bu'uura seeraa waan qabuuf akka naaf sirratu jechuun waan gaafatteefi dha.

Ka'umsi dhimma kanaa mana murtii aanaa irratti waamamtuu 3ffaan waamamtoota 1ffaa fi 2ffaa ammaa irratti himata waan dhiyeessiteef yoo ta'u, iyyattuun ammaa immoo falmii kana keessatti giddu seentuu turte. Iyyati giddu seentummaa iyyattuun ammaa dhiyeessitee turtes mana amma falmiif sababa ta'e, du'aan abbaa manaa iyyattuu fi waamamtuu 3ffaa duraanii erga inni bitee booda mana kanatti erga ashawaa fi korata buusee abbaa manaa kiyya waliin itti fayyadamaa ture waan ta'eef, gaheen haadha manummaa kiyyaa fi gaheen daa'ima guddisuu akka naaf

murtaa'u kan jedhu ture. Waamamtuu 3ffaan deebiin kennite gabaabinaan iyyattuun ammaa qabeenyaa fi qabiyyee gahee ishee qooddattee kan deemtee fi mana falmii kaase kan anii fi du'aan bitne waan ta'eef, iyyattuun ammaa mana falmii kaase irraa mirga hin qabdu kan jedhu dha. waamamtootni 1ffaa fi 2ffaan immoo deebiin iyyata gidduu lixummaa irratti kennan gabaabinaan , iyyattuun ammaa du'aa waliin waliigaltee gaa'elaa haaromsite hin qabdu. Osuma ta'ees, waliigalteen kun mana murtiin hin mirkanoofne waan ta'eef fudhatama hin qabu. Iyyattuun ammaa ijaarsa mana kanaaf qabeenyaa gumaachites waan hin qabneef osuma gumaachiteetti jedhamees gaa'elli waan hin jirreef, iyyati giddu seentummaa iyyattuun ammaa dhiyeessite kufaa akka ta'u jechuun murteesseera.

Manni murtii aanaa bitaa fi mirga falmisiisuun dhimmicha ragaan qulqulleeffadheera jedhee, gaa'elli iyyattuu ammaa fi du'aa gidduu ture yoo hin diigamne illee, iyyattuun qabeenya gahee ishee qooddattee deemteetti jechuun iyyata giddu seentummaa iyyattuun mana jireenyaa ilaalchisee dhiyeessite kufaa gochuun murteesseera. Mana falmii kaase walakkaa waamamtuu 3ffaan fudhattee walakkaa isaa immoo dhaaltotni du'aa haa qooddatan jechuun murteesseera. Iyyattuun ammaa murtii mana murtii aanaa kana komachuun ol-iiyata ishee gara mana murtii ol-aanaatti kan dhiyeeffatte yoo ta'u, manni murtii ol-aanaa bitaa fi mirga falmisiisuun mana falmii kaase ilaalchisee du'aan abbaan manaa iyyattuu waliigaltee Waxabajjii 11/10/2010 taasifameen mana kana iyyattuuf waliin/ qixxeetti/ lakkaa'eefii jira waan ta'eef walakkaa mana falmii kaasee waamamtuu 3ffaan fudhattee walakkaa hafe immoo iyyattuun ammaa % 25 akka qooddattu % 25 immoo dhaaltotni du'aa haa fudhatan jechuun murteesseera. Waamamtootni 1ffaa fi 2ffaan ammaa murtii mana murtii ol-aanaa kana komachuun ol-iiyata isaanii Mana

Murtii Waliigalaa Oromiyaatti kan dhiyeeffatan yoo ta’u, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa immoo waliigalteen iyyattuu ammaa fi du’aa gidduutti taasifameera jedhame mana murtiitiin waan hin mirkanooftneef, fudhatama kan qabu miti jechuun iyyattuun mana falmii kaase irraa mirga waan hin qabneef, walakkaa mana kanaa waamamtuu 3ffaan fudhattee walakkaa hafe immoo dhaaltotni du’aa haa qooddatan jechuun murteesseera.

Iyyatni dhiyaates gabaabinaan kan jedhu, waliigalteen Waxabajjii guyyaa 11/2010 godhame waliigaltee fuudhaa fi heerumaa itti haaromsine dha malee waliigaltee araaraa bu’uura seera deemsa falmii siivilii 277n mana murtiitti galmaa’u miti. Anii fi abbaan manaa koo inni du’e yeroo waliigaltee keenya kana raawwannu falmiin adeemsa irra ture hin jiru. Anii fi abbaan manaa koo tasa walitti mufannee jaarsa firaatiin qabeenya gamtaa keenya ilaalchisee waliigalteedhaan murteeffannee walitti deebinee hanga guyyaa du’aatti mana amma falmii kaase kana keessa jiraachaa turree jirra. Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa mana kana waliigaltee haaromsaa dhirsaa fi niitii keessatti kan gamtaa keenyaati jechuudhaan kan naa mallatteesseen ala qarshii 40,000/ kuma afurtama/ qarshii gurgurtaa mana duraanii abbaa manaa kiyyaa waliin gurgurree kan bitamee fi gahee koo itti daballee mana kana kan xumurre keessa jiraachaa turre ta’uu ragaa gahaa osoon qabuu manni murtii aanaa ragaa kiyya osoo hin dhagahiin irra kan darbe yoo ta’u, Manni Murtii Waliigalaa qarshiin dhuunfaa kiyyaa xumura mana kanaaf baase irratti homaa osoo hin jedhiin kan bira darbe dogoggora. Manni Murtii waliigalaa waliigaltee haaromsa gaa’elaa mana murtiin hin galmoofne jechuun mana kana haala kamiin akka ijaarame osoo hin qulqulleessiin darbuun murtiin kenne dogoggora waan ta’eef, murtiin mana murtii aanaa fi kan waliigalaa naaf diigamee kan mana murtii ol’aanaa akka naaf cimuu kan jedhu dha.

Dhaddachi Ijibbaataa Qorannoo Duraa iyyata dhiyaate murtii manneen murtii jalaa waliin qoratee dhimmoota tokko tokko qulqulleessuuf iyyati ni dhiyeessisa jedhee waamamtootni deebii akka dhiyeessan ajajee ture. Bu'uuruma kanaan waamamtuu 3ffaan deebii gaafa 18/6/2012 barreeffame waamamtootni 1ffaa fi 2ffaan immoo deebii gaafa 2/7/2012 barreeffame bakka tokkotti dhiyeessaniiru. Deebii waaamtootni 1ffaa fi 2ffaan dhiyeessan gabaabinaan kan jedhu, gaa'elli abbaa keenyaa fi iyyattuu diigamee iyyattuun qabeenyas qooddattee kan ofi harkaa qabdu dha. Waliigalteen gaa'ela keessatti taasifneerra jechuun iyyattuun iyyatte mana murtiin hin galmoofne. Iyyattuun ijaarsa manaatti qarshii koo dabaleera kan jette falmii manneen murtii jalaatti hin kaane dha. Ragaan tarreessitee iyyattuun dhiyeeffatte mana murtii aanaatiin dhagahameefii jira. kanaaf, iyyati iyyattuu kufaa ta'ee murtiin Mana Murtii Waliigalaa akka nuuf cimu kan jedhu dha. Waamamtuu 3ffaan deebiin kennite gabaabinaan iyyattuun ammaa murtii manneen murtii jalaa waa'ee koo ilaalchisee kenne irratti manneen murtii jalaatti ol'iiyyatas ta'e ol'iiyyata qaxxaamuraa dhiyeessite osoo hin qabaatiin asitti waamamtuu na taasisuun sirrii waan hin taaneef, dhimmi kiyyaa asitti kan ilaalamu miti naaf jedhamee baasii fi kisaaraan kiyya akka naaf kaffalamu kan jedhu dha.

Seenaan dhufaatii dhimma kanaa fi falmiin dhaddacha kana irratti dhiyaate gabaabinaan kan olitti ibsame yoo ta'u, dhaddachi kunis galmees kana qorateera. Akka qoratettis, murtii Manni Murtii Waliigala Oromiyaa dhimma kana irratti kenne dogoggoora bu'uura seeraa kan qabani dha moo miti? kan jedhu ilaalleerra. Haaluma kanaan, dhimma kana yoo ilaallu iyyattuun falmii manneen murtii jalaatti dhiyeessiteen mana amma falmii kaase kan du'aa waliin horadhe waan ta'eef gaheen kiyya akka naaf murtaa'u jechuun gaafatte. Waamamtootni immoo manni kun ergi

gaa'elli du'aa fi iyyattuu diigamee qoodiinsi qabeenyaa raawwatee booda kan waamamtuu 3ffaa fi du'aan waliin horatan waan ta'eef, iyyattuun mana falmii kaase irraa mirga hin qabdu jechuun falmaniiru. Sadarkaa firii dubbiitti, gaa'elli iyyattuu fi du'aa osoo hin diigamiin iyyattuu fi du'aan garuu qoodiinsa qabeenyaa raawwataniiru jechuun murtii mana murtii aanaa irratti kan galmaa'e irraa kan hubatamu, gaa'elli iyyattuu fi du'aa yeroo du'aan lubbuun jiru mana murtiin kan hin diigamne ta'uu fi sababa du'aan gaa'elli lameenuu kan diigame ta'uu kan hubachiisu dha. Manni falmii kaase kunis osoo gaa'elli' du'aa fi iyyattuu jiruu gaa'ela keessatti kan horatame ta'uun galmee keessaa ni hubatama. Qabeenyaan haati manaa fi abbaa manaa gaa'ela keessatti horatame immoo hanga kan dhuunfaa ta'uun hin mirkanooftetti kan waliinii haadha manaa fi abbaa manaa akka ta'u, Seera Maatii Oromiyaa keewwata 79/1/ jalatti tumamee jira. Akka qajeeltootti yeroo gaa'elli diigamu, qabeenyaan haadha manaa fi abbaa manaa kan qulqullaa'uu qabu bu'uura waliigaltee fuudhaa fi heerumaan ykn immoo bu'uura waliigaltee sana booda isaan gidduutti raawwateen akka ta'uu qabu, Seera Maatii Oromiyaa keewwata 112/1/ jalatti kan tumame irraa ni hubatama. Waliigalteen yoo hin jiraanne ykn immoo waliigalteen seera duratti ragga'aa ta'e yoo hin jiraanne immoo qoodiinsi qabeenyaa haadha manaa fi abbaa manaa bu'uura seeraatiin taasifamuu akka qabu seeruma kana keewwata 112/2/ jalatti tumamee jira. Gaa'ela keessatti waliigalteen haadha manaa fi abbaa manaa gidduutti raawwate tokko mana murtiin yoo hin raggaane ta'e bu'aa akka hin qabaanne Seera Maatii Oromiyaa keewwata 89 jalatti tumamee jira. Dhimma amma ofi harkaa qabnu irratti waliigalteen iyyattuu fi du'aa gidduutti waa'ee mana falmii kaasee ilaalchisee taasifameera jedhame mana murtiin kan hin raggaane ta'uu murtii Mana Murtii Waliigalaa irratti ibsamee jira. Waliigalteen kun mana murtiin erga hin raggaanee immoo bu'uura seera olitti ibsameen waliigaltichi fudhatama hin qabaatu.

Waliigalteen kun fudhatama kan hin qabne erga ta'ee immoo qabeenyaan iyyattuu fi du'aa bu'uura tumaalee seera maatiin kan qulqullaa'uu fi qoodamu ta'a malee sababa waliigaltee ragga'aan hin jiru jedhuun qofa achuma irratti kan dhaabbatu miti. Manni falmii kaase yeroo gaa'elli lameenuu jiru keessatti kan horatame waan ta'eef, bu'uura tumaalee seeraa olitti ibsameen manicha irraa iyyattuun gahee haadha manummaa akka qabdu tilmaamni ni fudhatama. Dhaaltotni du'aa immoo manni kun kan dhuunfaa du'aa abbaa isaanii qofa ta'uu waan mirkaneessan akka hin qabne galmee keessaa hubachuu dandeenyeerra. Kana waliin kan ilaalamuu qabu iyyattuun ammaa kan manni murtii ol'aanaa waamamtuu 3ffaan mana falmii kaase kana irraa %50 haa kennamuuf jedhee murteesse irraa kun ta'uu hin qabu jettee komii dhiyeessuu ishee galmeen kan agarsiisu miti. Haala kanaan immoo iyyattuun yoo xiqqaate bu'uura murtii mana murtii ol'aanaatiin mana falmii kaase kana keessaa %25 argachuuf mirga ni qabdi. Kana ta'ee osoo jiruu, manni murtii aanaa gama tokkoon gaa'elli du'aa fi iyyattuu yeroo du'aan lubbuun jiru kan hin diigamne ta'uu fi manni falmii kaases yeroo gaa'elli ture keessatti kan horatame ta'uu mirkaneeffadheera osoo jedhuu gama biroon immoo qabeenyaa gaa'ela keessatti horatame kana iyyattuun gahee ishee akka hin arganne taasisuun murtiin kenne murtii dogoggoora bu'uura seeraa qabu dha jenneerra. Manni Murtii Waliigalaa immoo mana gaa'ela keessatti horatame ilaalchisee haala olitti ibsameen ilaaluu dhiisuudhaan sababa waliigalteen gaa'ela keessatti raawwatame mana murtiin hin mirkanoofne jedhu qofa irratti hundaa'uun, iyyattuu mana falmii kaase irraa mirga dhabsiisuun murtiin kenne murtii dogoggoora bu'uura seeraa qabu dha jenneerra. Kana waan ta'eef, iyyattuun mana kana irraa gahee haadha manummaa kan qabdu yoo ta'e illee, mana falmii kaase ilaalchisee kan manni murtii ol'aanaa iyyattuun %25 haa argattu jechuun murteese irraa komii dhiyeessuu galmeen waan hin agarsiisneef manni kun %50 kan

waamamtuu 3ffaa ta'ee, %50 immoo iyyattuu %25 argattee, %25 hafu immoo dhaaltotni du'aa hundi qixxeetti haa qooddatan jechuun murtii manni murtii ol'aanaa kenne cimuu qaba jennee murteessineerra.

Sababoota olitti ibsamaniif, waa'ee mana falmii kaasee qofa ilaalchisee murtii manni murtii aanaa fi Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa kennan dogoggoora bu'uura seeraa kan qabuu fi murtii manni murtii ol'aanaa waa'ee mana kanaa ilaalchisee kenne dogoggoora bu'uura seeraa kan qabu miti jennee ajaja armaan gadii kennineerra.

Ajaja

1. Murtii Manni Murtii Aanaa G/Jaarsoo lakkoofsa galmee 35157 irratti dhaddacha gaafa 13/10/2011 ooleen waa'ee mana falmii kaasee kan Magaalaa Fiichee Ganda 04 keessatti argamu ilaalchisee murtii kenne qofaa fi murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa lakkoofsa galmee 315000 irratti dhaddacha gaafa 22/5/2012 ooleen kenne bu'uura labsii Manneen Murtii Oromiyaa lakkoofsa 216/11 keewwati 26/5/ ajajuun diigneerra. Murtii Manni Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Kaabaa lakkoofsa galmee 71574 irratti dhaddacha gaafa 28/02/2012 ooleen waa'ee mana falmii kaasee ilaalchisee kenne bu'uura Labsii Manneen Murtii Oromiyaa lak. 216/11 keewwati 26/5/ ajajuun cimsineerra.
2. Baasii fi kisaaraa bitaa fi mirgi of haa danda'an.
3. Galagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaa haa dhaqqabu. Manni murtii aanaa mana falmii kaasee ilaalchisee bu'uura murtii mana murtii ol'aanaan akka raawwachiisu ajajameera. Haa barreeffamu.
4. Galmeen cufameera. Mana galmeetti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa shan hin dubbifamne jira

- Abbootii Seeraa:-
1. Guyyoo Wariyoo
 2. Alamayyoo Dhaabaa
 3. Taaddasaa Qana'ii
 4. Ashaannafii Raggaasaa
 5. Ayyaanaa Toliinaa

Iyyattuun:- Aaddee Galaanee Waldee

- Waamamtootni:-
1. Obboo Gammachuu Qorichaa
 2. Obboo Kumaa Gammachuu

Galmeen kun qoratamee murtiin armaan gadii kennameera.

Murtii

Iyyannoon kun dhaddacha kanaaf kan dhiyaate murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa galmee lakk.314415 ta'e irratti dhaddacha gaafa 07/04/2012 ooleen kenne dogoggora bu'uura seeraa qaba jechuudhaan iyyata gaafa 06/06/2012 barreeffameen akka sirreefamuuf waan gaafataniif dha.

Mana Murtii Aanaa Meettaa Roobiitti iyyattuun ammaa himattuu yommuu taatu, waamamaan 1ffaa ammaa bu'uura S/D/F/H/H/ kew.41tiin giddu lixaa, waamamaa 2ffaan ammaa himatamaa ture. Ka'umsi falmii kanaas iyyattuun ammaa himannaa dhiyeessiteen kan eegale yommuu ta'u, himanni dhiyeessites:- gaa'eelli waamamaa 2ffaa waliin qaban erga diigamee booda qabeenyaa fi qabiyyeen waliin qaban akka qoodamuuf gaafatte falmii irra osoo jiranii waamamaa 1ffaan iyyannaa giddu lixummaa gaafa 16/08/2011 barreeffameen qabeenyaa fi qabiyyee qoodinsaaf gaafatame keessaa manni qorqorroo luukii

42 lafa K.M.2642 irratti ijaaramee jiruu fi baargamoo facaasaa tokko naannoo Curruu jedhamutti dhaabbatee jiruu fi baargamoo facaasaa tokko naannoo maaruu jedhamutti argamu kan dhuunfaa kiyya ta'ee osoo jiruu qabeenyaa dhuunfaa isaanii fakkeessuun himattuun akka qoodamuuf waan gaafatteef falmii keessaa bahee akka naaf murtaa'u jechuun kan gaafate yommuu ta'u, iyyannoo giddu galummaa dhiyaate irratti iyyattuun ammaa deebii dhiyeessiteen mana qorqorroo luukii 42 fi lafa baargamoo naannoo maaruu fi Curraatti argamu yeroo waamamaa 2ffaa waliin gaa'eela raawwannu kan seera saddeettamaa irratti naaf lakkaa'e waan ta'eef falmii qoodiinsa keessaa bahuu hin qabu yoo jettuu, waamamaa 2ffaan garuu qabeenyii fi qabiyyeen waamamaa 1ffaan falmii keessaa akka bahuuf gaafatu kan isaa waan ta'eef keessaa bahee yoo murta'eef mormii hin qabu jechuun falmee jira.

Manni murtii aanaa bitaa fi mirga erga falmisiisee booda baargamoo iddoo Curruu jedhamuu fi mana qorqorroo luukii 42 lafa K.M.507 irratti ijaaramee jiru yeroo himattuu fi himatamaan gaa'eela raawwatan seera saddeettamaa irratti kan waliin godhatanii itti fayyadamaa waan turaniif giddu lixaan(waamamaa 1ffaan) seera saddeettamaa irratti mallatteessuu baatu illee ilmi isaa abbummaan lakkaa'ee waan jiruu fi abbaan isaa giddu lixaan (waamamaa 1ffaan) immoo yeroo sana waan hin mormineef mirga irraa hin qabu; baargamoo iddoo maaruu jedhamutti argamu seera saddeettamaa irratti waan hin lakkaa'aminii fi ragaa biroonis kan waliinii ta'uun waan hin mirkanoofneef giddu lixaaf (waamamaa 1ffaaf) falmii keessaa akka bahuuf jechuun murteesseera.

Waamamaan 1ffaa ammaa murtii kana komachuun Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Lixaatti ol'iyyattuu illee, manni murtii ol'aanaa komii isaa kufaa taasisee murtii mana murtii aanaa bu'uura S/D/F/H/H/ kew.337tiin

cimsuun murteesseera. Murtuma kana komachuun waamamaa Iffaan Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatti ol'iyyattee Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa ni dhiyeessisa jechuun bitaa fi mirga erga falmisiisee booda mannii fi lafti falmiif sababa ta'e kan giddu lixaa ta'uun kan falmisiise ta'uu baatullee mana falmiif ka'umsa ta'e abbaan manaa fi haati manaa erga wal fuudhanii keessa jiraatan illee manni qabeenya hin sochoone waan ta'eef itti fayyadamuun kan hin argamnee fi kennaan jedhames waan hin mirkanoofneef manni falmiif ka'umsa ta'e giddu lixaaf falmii keessaa bahuu qaba; lafa garuu abbaan manaa fi haati manaa erga wal fuudhanii booda bara 2006 irraa kaasee kan itti fayyadamaa turan ta'uun waan mirkanaa'eef guyyaa gaa'eelaa isaanii akka aadaatti kan isaanii darbe ta'uu kan agarsiisu waan ta'eef giddu lixaan laficha irraa mirga hin qabu jechuun murtii mana murtii jalaa fooyyessuun murteesseera.

Komiin amma dhiyaates murtuma kana komachuun yoo ta'u, ijoon komii dhiyaatees:- waamamaan 2ffaa yeroo gaa'eela ana waliin raawwannutti abbaan isaa waamamaa Iffaan bakka jirutti mana qorqoorroo luukii 42 naaf lakkaa'ee waliigaltee saddeettamaa irratti naaf mallatteessee kan na fuudhe ta'ee osoo jiruu fi guyyuma cidha keenyaa bakka waamamaa Iffaan jirutti waamamaa 2ffaan mana kanatti kan na fuudhee gale ta'ee osoo jiruu Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa manni falmiif ka'umsa ta'e qabeenyaa waliinii abbaa manaa fi haadha manaa waan hin taaneef mirga irraa hin qabdu jechuun murtiin kenne sirrii waan hin taaneef murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa dogoggoora bu'uura seeraa qaba jedhamee naaf diigamee murtiin mana murtii ol'aanaa akka naaf cimuu ta'ee kun kan bira darbamu yoo ta'e garuu manni murtii jalaa ragaa ani lakkaa'adhe naaf dhagahee akka naaf murteessu jechuun gaafattee jirti.

Dhaddachi Qorannoo Duraas iyyata dhiyaate murtii waliin qorachuun ijoo mana falmiif sababa ta'e waamamaa 2ffaan yeroo iyyattuu waliin gaa'eela raawwatetti waliigaltee saddeettamaa gaafa 16/09/2006 keessatti iyyatuuf wabii waamee kan lakkaa'eef ta'uu fi waamamaa 1ffaa nis qabeenyi kun lakkaa'amuun isaa sirrii ta'uu falmii afaanii keessatti amanee qabeenyichi garuu kooti jechuun kan falmaa jiru ragaa rogummaa qabuun osoo hin qulqullaa'in iyyattuu mirga dhabsiisuun murtiin kenname dogoggoora seeraa isa bu'uuraa ti moo miti? kan jedhu qabachuun waamamtootni deebii akka kennan ajajee waamamtootni adda addatti deebii gaafa 18/06/2012 barreeffamaan dhiyeessaniin murtiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa sirrii ta'uu ibsuun akka cimuuf gaafatanii jiru.

Seenaan dhufaatii galmee kanaa gabaabinaan kan armaan olii yommuu ta'u, dhaddachi kunis garagalcha murtii manneen murtii jalaa, falmii barreeffamaa bitaa fi mirgi dhaddacha kanaaf dhiyeessanii fi seera rogummaa qabu waliin galmee qorateera. Akka qorannettis manni qorq orroo luukii 42 lafa K.M.507 irra jiru iyyattuu fi waamamaa 2ffaan gaa'eelaa yeroo raawwatanitti waamamaa 2ffaan qabeenya waliinii akka ta'u waliigaltee fuudhaa fi heerumaa gaafa 16/09/2006 barreeffame irratti iyyattuuf kan lakkaa'e ta'uu fi waamamaa 1ffaan abbaa waamamaa 2ffaa ta'ee waamamaa 2ffaa dhaabbatee qabeenya kanaan kan fuusise ta'uu fi iyyattuu fi waamamaa 2ffaan erga wal fuudhanii kaasee mana kana keessa jiraachaa kan turan ta'uu falmii mana murtii jalaatti amaname dha. Manni falmiif ka'umsa ta'e kunis duriin isaa kan waamamaa 1ffaa ta'uun isaa kan waakkatame ta'uu baatu illee waamamaa 1ffaan yeroo gaa'eelli iyyattuu fi waamamaa 2ffaa raawwatamutti abbaa waamamaa 2ffaa ta'ee gaa'eela kan raawwachiise ta'uun isaa fi qabeenya kanas waamamaa 2ffaan kan waliinii akka ta'u yeroo iyyattuuf lakkaa'u mormuu dhabuun

isaa qabeenyicha dabarsee yeroo gaa'eelli raawwatamutti wal fuutotaaf kennuu isaa kan mirkaneessu dha. Dabalataan qabeenyaan gaa'eelli yeroo raawwatamutti walfuutotaaf maatii isaaniitiin dabarfamee kennamu waliigaltee gaa'eelaa irratti akka qabeenyaa waliinii ta'uu lakkaa'amuun alatti ulaagaa addaatiin haalli ittiin dabarfamee isaaniif ittiin kennamu bakka hin jirretti Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa manni qabeenya hin sochoone waan ta'eef ulaagaa addaatiin yoo ta'een alatti darbuu hin danda'u jechuun iyyattuun manicha irraa mirga hin qabdu haalli ittiin jedhee murtii manneen murtii jalaa ittiin fooyyessee murteesse dogoggora jenneerra.

Walumaagalatti, mana falmiif ka'umsa ta'e waamamaan 2ffaa gaa'eela iyyattuu waliin yeroo raawwatutti qabeenya waliinii akka ta'u kan ishiif lakkaa'e waan ta'ee fi waamamaan 1ffaanis akka abbaatti yeroo waamamaa 2ffaa fuusisutti qabeenyi kun kan waliinii ta'uu hin qabu jechuun mormuu isaa waanti ibse bakka hin jirretti manni falmiif ka'umsa ta'e kan iyyattuu fi waamamaa 2ffaa miti jedhamee haalli ittiin murtiin kenname dogoggoora jenneerra.

Kanaafuu, sababoota armaan oliitiin manni falmiif ka'umsa ta'e qabeenya waliinii iyyattuu fi waamamaa 2ffaa ta'ee otoo jiruu kan waamamaa 1ffaati jedhamee murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa kenne fooyyessuun manni falmiif ka'umsa ta'e qabeenya waliinii iyyattuu fi waamamaa 2ffaati jennee murteessinee ajaja armaan gadii kennameera.

Ajaja

1. Murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa galmee lakk.314415 ta'e irratti dhaddacha gaafa 07/04/2012 ooleen kenne sababa armaan oliitti murtii keessatti ibsameen bu'uura labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi

Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe, Labsii Lak.216/2011 kew.26(5)tiin fooyya'ee jira.

2. Manni luukii 42 lafa K.M.507 irra jiru qabeenya waliinii iyyattuu fi waamamaa 2ffaati jennee jirra.
3. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanaa bitaa fi mirgi of haa danda'an jenneerra.
4. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaaf haa ergamu jenneerra.
5. Galmeen xumura waan argateef cufameera. Mana galmeetti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa shan hin dubbifamne jira.

- Abbootii Seeraa:-
1. Guyyoo Waariyoo
 2. Dobee Dhaabaa
 3. Abdusalaam Sirraaj
 4. Galaanaa Dhugumaa
 5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyattuun:- Biruktaayiti Mitikkuu

- Waamamtootni:-
1. Aschaalaw Buzuneh
 2. Amaanu'eel Fiqaaduu

Galmee qorannoof bule qorannee murtii armaan gadii kennineerra.

Murtii

Galmeen kun banamee dhiyaachuu kan danda'eef iyyattuun iyyata gaafa 20/6/2012 barreeffameen murtii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa lakkoofsa galmee 316906 irratti dhaddacha gaafa 22/4/2012 ooleen kenne, murtii Manni Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Adaamaa lakkoofsa galmee 33126 ta'e irratti dhaddacha gaafa 4/2/2012 ooleen kenne akkasumas murtii Manni Murtii Aanaa Magaalaa Adaamaa lakkoofsa galmee 07712 ta'e irratti dhaddacha gaafa 29/9/2011 ooleen kenne dogoggoora bu'uura seeraa waan qabuuf akka naaf sirratu jechuun waan gaafatteefi dha.

Seenaan dhufaatii dhimma kanaa mana murtii aanaa irratti iyyattuun ammaa waamamaa lffaa ammaa irratti himata waan dhiyeessiteefi dha. Himatni dhiyaatee tures gabaabinaan kan jedhu waamamaa lffaa waliin bara 2004 irraa eegalee jaalalaan erga waliin jiraachaa turree booda bara 2005 keessa gaa'eela hundeeffannee osoo waliin jiraannuu amma waliin jiraachuu waan hin dandeenyeef gaa'eelli keenya diigamee qabeenyi waliin qabnu akka naaf qoodamu jechuun waan gaafatteefi dha. Qabeenya

naaf qoodamuu qaba jettes tarreessitee dhiyeessiteetti. Waamamaan 1ffaan immoo deebiin kenne gabaabinaan iyyattuu waliin bara 2005 keessa gaa'eela kan hundeeffatan ta'uu fi qabeenyaa ishee waliin qabaniif hin qabne dha jedhus tarreessuun dhiyeessitee deebii kennee jira. Kana booda waamamaa 2ffaan immoo qabeenyota dhuunfaa koo iyyattuun ammaa fi waamamaa 1ffaan falmiitti makaniif waan falmaa jiraniif akka keessaa naaf bahu jechuun qabeenya falmii keessaa bahuu qabu jedhus tarreessitee dhiyeessuun falmii gidduu seenee falmee jira.

Manni murtii aanaas bitaa fi mirga falmisiisuun dhimmicha ragaan qulqulleeffadheera jechuun qabeenyaa waliinii iyyattuu fi waamamaa 1ffaa ta'uu ragaan qulqulleeffadheera kan jedhu iyyattuu fi waamamaa 1ffaan akka qooddatan murteessuun qabeenyaa waliinii iyyattuu fi waamamaa 1ffaa miti kan jedhus tarreessuun iyyattuu fi waamamaa 1ffaan qooddachuuf akka mirga hin qabne murtii isaa irratti ibsuun murtii kennee jira. Iyyattuun ammaa murtii mana murtii aanaa kana komachuun ol'iiyyata ishee mana murtii ol'aanaatti kan dhiyeeffatte yoo ta'u, manni murtii ol'aanaa waa'ee manaa qofa ilaalchisee dhimmicha qulqulleessuuf ni dhiyeessisa jechuun dhaddachuma tokko irratti waa'ee qabeenyota kaanii ilaalchisee garuu ol'iiyyata iyyattuu ammaa bu'uura seera deemsa falmii siivilii 337 ajajuun haqee ture. Manni murtii ol'aanaa mana amma falmiif sababa ta'e ilaalchisees bitaa fi mirga falmisiisuun murtii mana murtii aanaa cimsuun murteessitee jira. Iyyattuun murtii mana murtii ol'aanaa kana komachuun ol'iiyyata ishee Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatti kan dhiyeeffatte yoo ta'e illee, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaas qabeenyota manni murtii ol'aanaa bu'uura seera deemsa falmii siivilii keewwata 337 ajajuun ol'iiyyata iyyattuu haqee ilaalchisee yeroon ol'iiyyataa itti darbeera jechuun mana amma falmii kaase ilaalchisees murtii mana murtii ol'aanaa cimsuun murtii kennee

jira. Iyyatni amma dhiyaates murtii manneen murtii jalaa haala olitti ibsameen kennan jijjiirsisuuf kan dhiyaate dha. Iyyannoon dhiyaates gabaabinaan kan jedhu, mana jireenyaa falmii kaase ilaalchisee bara 2004 keessa yeroo jaalalaan waliin jiraachaa turre ijaarsa isaa eeggallee booda erga gaa'eela raawwannee booda ragaa abbaa qabeenyummaa kan fudhanne ta'ee osoo jirruu manneen murtii jalaa manni kun qabeenyaa waliinii miti jechuun murtiin kennan dogoggoora. Konkolaataa ilaalchisee libireen maqaa waamamaa 2ffaan yoo jiraates konkolaataan kun garuu maallaqa waliinii keenyaan kan bitame ta'uu ragaan mirkaneessinee tilmaama seeraa hanbisnee jirra. Mana Dhiichisaas ilaalchisee manni daldalaa kun maqaa waamamaa 2ffaan jiraates daldalli isaa garuu qarshii waliinii iyyattuu fi waamamaa 1ffaan kan gaggeeffamaa jiru dha. Maallaqa iqqubiis ilaalchisee maallaqni kun kan waliinii iyyattuu fi waamamaa 1ffaa ta'uun ragaan mirkanaa'ee jira. Qarshii baankii jirus akkaataa barbaachisaa ta'een osoo hin qulqullaa'in murtiin kenname dogoggoora dha. Kana malees, falmiin qabeenyaa haadha manaa fi abbaa manaa qulqulleessuu ta'ee osoo jiruu Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa qabeenyota duraan manni murtii ol'aanaa ol'iyyata keenya bu'uura seera deemsa falmii siivilii keewwata 337 ajajuun haqee ture irratti yeroon ol'iyyataa darbeera jechuun murtiin kenname dogoggoora bu'uura seeraa waan ta'eef, dogoggoorri manneen murtii jalaa kun akka naaf sirratu kan jedhu dha.

Dhaddachi Ijibbaataa Qorannoo Duraas iyyata dhiyaate murtii manneen murtii jalaa waliin qoratee dhimmoota tokko tokko qulqulleessuuf iyyatni kun ni dhiyeessisa jedhee waamamtootni deebii akka dhiyeessan ajajee ture. Bu'uuruma kanaan waamamaa 1ffaan deebii gaafa 09/07/2012 barreeffame, waamamaa 2ffaan immoo deebii gaafa 08/07/2012 barreeffamee dhiyeessanii jiru. Deebiin dhiyaates gabaabinaan kan

jedhu mana ilaalchisee waamamaa 1ffaan haadha manaa duraa irraa kan qooddate waan ta'eef kan dhuunfaa waamamaa 1ffaa ti malee kan waliinii iyyattuun mirga irraa qabdu miti. Qarshii baankii jira jedhame kan koondominiyeemiif kuufanee fi qarshii baankiitti argame akka qooddannu murtiin kennameera waan ta'eef iyyatni gama kanaan dhiyaate kufaa akka ta'u; qabeenyaa biroo ilaalchisee kan yeroon ol'iiyannoo itti darbe jedhamee ol'iiyatni iyyattuu kufaa ta'uun dogoggoora miti. Kana malees qabeenyota kana irraa waamamaa 2ffaan kan mirga qabu malee kan waliinii iyyattuu fi waamamaa 1ffaa waan hin taaneef, iyyatni dhiyaate kufaa ta'ee, murtiin manneen murtii jalaa akka nuuf cimuu kan jedhu dha.

Seenaan dhufaatii dhimma kanaa fi falmiin dhaddacha kanatti dhiyaate gabaabinaan kan olitti ibsame yoo ta'u, dhaddachi kunis galmee kana qorateera. Akka qoratettis, murtii manneen murtii jalaa dhimmi kana irratti kennan dogoggoora bu'uura seeraa kan qabu dha moo miti? kan jedhu ilaalleerra. Dhimmichas kallattii qabeenya falmii kaaseen haala armaan gadiin xiinxalleerra.

1. Waa'ee mana jireenyaa falmii kaase ilaalchisee iyyattuun falmii isheen jalaa kaastee dhiyeessaa jirtu mana kana yeroo jaalalaan waliin jirru ijaarsa isaa eegallee erga gaa'eela raawwannee immoo ijaarsa isaa xumuree ragaa abbaa qabeenyummaa itti fudhanneerra kan jedhu dha. Waamamaa 1ffaan immoo mana kana gaa'eelli osoo hin hundaa'in dura kan horatee fi haadha manaa duraaf gahee ishee qarshii kaffaluun kan hambifate waan ta'eef kan dhuunfaa koo ti; iyyattuun mirga irraa hin qabdu kan jedhu dha. Ragaan abbaa qabeenyummaa mana kanaa gaa'eelli iyyattuu fi waamamaa 1ffaa hundaa'ee guyyaa 2/lama/ booda maqaa waamamaa 1ffaatiin kan

kenname ta'uus galmee keessaa ni hubanna. Akka falmii iyyattuutti mana kana osoo gaa'eelli isaanii hin hundaa'iin osoo jaalalaan jiranii manni kun ijaaramuun osuma mirkanaa'ee, osoo gaa'eelli hin jiraatin jaalalaan baatii muraasa waliin turan keessatti iyyattuu fi waamamaa Iffaan osoo mana kana ijaaraniiru ta'ee mana kana ilaalchisee walitti dhufeenyi iyyattuu fi waamamaa Iffaan gaa'eela dura qabaachuu danda'an maal akka ta'e xiinxaluun barbaachisaa dha. Gaa'eela isaanii dura iyyattuu fi waamamaa Iffaan qabeenya kana ilaalchisee akkuma namoota dhuunfaatti kan tilmaaman ta'uu tilmaamuun ni danda'ama. Namootni dhuunfaan lama immoo qabeenya hin sochoone tokko kan waliinii keenyaati jechuuf bu'uura seera siivilii keewwata 1258 ajajuun waliigalteen qabeenyaa waliinii bitaa fi mirga gidduu jiraachuutu irra jiraata. Qabeenyaan falmii kaase immoo qabeenyaa hin sochoone hanga ta'etti bu'uura seera siivilii keewwata 1723 ajajuun waliigalteen barreeffamaa iyyattuu fi waamamaa gidduutti taasifame jiraachuu qaba. Iyyttuun immoo waliigalteen qabeenya waliinii kun iyyattuu fi waamamaa Iffaa gidduutti taasifamu falmiis ta'e ragaa dhiyeessite akka hin qabne galmee keessaa hubannee jirra. Haala kanaan immoo falmii iyyattuun mana kana osoo gaa'eela hin hundeessiin dura osoo jaalalaan jirruu ijaarsa isaa jalqabne waan ta'eef kan waliinii ti jechuun falmite, falmii bu'uura seeraa qabu ta'ee hin argamne. Gama birootiin immoo waamamaa Iffaan mana falmii kaase haadha manaa duraaf gahee ishee kaffalee kan oolfatee fi qabeenya dhuunfaa isaa akka ta'etti kan falmaa jiru yoo ta'u, firii dubbii kanaa ilaalchisee waamamaa Iffaan osoo iyyattuu waliin gaa'eela hin hundeessiin haadha manaa biraa kan qabu akka turee fi mana falmii kaase kanas haadha manaa duraaf gahee ishee qarshii kaffalee mana amma falmii kaase kan oolfate ta'uu, manneen murtii ragaa madaaluuf aangoo qaban ragaadhaan

kan qulqulleessan yookiin immoo galmee mana murtii irraa kan qulqulleeffatan ta'uu murtii isaanii irratti ibsamee jira. Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaas mana haala kanaan waamamaa 1ffaan argate kana iyyattuu waliin gaa'eela hundeessee guyyaa 2/lama/ keessatti ragaa abbaa qabeenyummaa waan itti fudhateef qofa manni falmii kaase kan waliinii ta'uu hin danda'u jechuun ibsee jira. Akka qajeeltootti, hanga waliigalteen addaa hin jiraannetti, qabeenyaa wal fuutotaa kan jedhamu qabeenyaa isaan gaa'eela keessatti carraaqii lameeniin argatan akka ta'e Seera Maatii Oromiyaa keewwata 78/1/ jalatti tumamee jira. Qabeenyaan isaan gaa'eela dura dhuunfaan qabanis kanuma dhuunfaa isaanii ta'ee akka turu seeruma kana keewwata 73 jalatti tumamee argama. Kanaaf, dhimma amma of harkaa qabnu irratti waliigalteen qabeenya waliinii jiraachuun hanga hin mirkanoofnetti yookiin immoo waliigaltee biroon iyyattuu mana falmii kaase irratti mirga gonfachiisuu danda'u hanga hin jiraannetti qabeenyaan waamamaa 1ffaan gaa'eela dura dhuunfaan qabu irratti haalli itti iyyattuun abbaa mirgaa ta'uu dandeessu waan hin jirreef, manni falmii kaase qabeenyaa dhuunfaa waamamaa 1ffaa ti jechuun ejjennoo manneen murtii jalaa qabatan murtii seera qabeessa dha yoo jedhame malee, sababa itti qeeqamuu danda'u waan hin jirreef, iyyata waa'ee mana kanaa ilaalchisee iyyattuun dhiyeessite kufaa goonee jirra.

2. Waa'ee qabeenyaa kaanii galmee kana keessatti falmisiisoo ta'anii fi kan manni murtii ol'aanaa ol'iyyata iyyattuu dhaddacha gaafa 04/11/2011 ilaalchisee bu'uura seera deemsa siivilii keewwata 337 ajajuun ol'iyyata iyyattuu haqera jedhee fi kan Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa yeroon ol'iyyataa itti darbeera jechuun murtii isaa keessatti ibse immoo haala itti aanuun xiinxalleerra. Iyyattuun ammaa waa'ee manaa fi waa'ee qabeenyota biroo irratti ol'iyyata

ishee bakka tokkotti galmee tokko irratti mana murtii ol'aanaatti kan dhiyeeffatte ta'uu galmee keessaa ni hubatama. Manni murtii ol'aanaa immoo waa'ee mana jireenyaa qofa ilaalchisee ol'iiyyatni ni dhiyeessisa jechuun waa'ee qabeenyota biroo ilaalchisee garuu dhaddachuma guyyaa tokko ooleen bu'uura seera deemsa falmii siivilii keewwati 337 ajajuun ol'iiyyata iyyattuu haqee jira. Iyyattuun qabeenyota ol'iiyyatni ishee bu'uura seera deemsa falmii siivilii keewwati 337 ajajuun haqame irraa yeruma sana ol'iiyyachuu qabdi moo erga galmeen sun dhuma irratti xumura argatee ti? kan jedhu ilaaluunis barbaachisaa dha. Akka qajeeltootti ol'iiyyatni kan gaafatamu murtii dhuma mana murtii irraa ta'uu akka qabu seera siivilii keewwata 320/1/ jalatti tumamee jira. Ajaja yeroof kennamu irraa ol'iiyyachuun akka hin danda'amenee fi booda garuu ajaji kun bu'uura ol'iiyyataa ta'uu akka danda'us seera kana keewwata 320/3/ jalatti tumamee jira. Ajaji yeroof kenname kun qabeenya nama tokko irraa isa birootti dabarsuu yookiin hidhaa kan qabu yoo ta'e garuu osuma falmiin hin xumuramin ol'iiyyachuun akka danda'amu seera kana keewwata 320/4/ jalatti kan tumame irraa hubachuun ni danda'ama. Kanumaan dhimma amma of harkaa qabnutti yoo deebinu, manni murtii ol'aanaa qabeenya manaa qofa ilaalchisee falmiin akka itti fufu taasisuun qabeenyaa kaan ilaalchisee garuu ol'iiyyata iyyattuu bu'uura seera deemsa falmii siivilii 337 ajajuun haqera. Ajajni kunis bu'aa qabeenyaa tokko irraa gara birootti dabarsuu qabaachuun isaa falmisiisaa hin ta'u. Haala kanaan immoo akkaataa tumaalee seeraa olitti ibsamaniin iyyattuun yeruma ajajni bu'uura seera deemsa falmii siivilii keewwati 337 kenname achi irraa kan ol'iiyyachuu dandeessu yoo ta'u, keewwati 320/4/ keewwata haala hayyamaa ta'een tumamee dha malee haala dhorkaa ta'een tumame waan hin taaneef akkasumas falmiin qabeenyaa haadha manaa fi

abbaa manaa qulqulleessuu ta'uu waliin yeroo ilaalamu iyyattuun yeroo dhimmi hundi furmaata argatee galmeen cufamutti qabeenyota manni murtii ol'aanaa bu'uura seera deemsa falmii siivilii keewwata 337 ajajuun ol'iyata ishee haqe ilaalchisee ol'iyata dhiyeeffachuu seerri daangessu hin jiru jenneerra. Kana waan ta'eef qabeenyota kana ilaalchisee iyyattuun yeroo manni murtii ol'aanaa ajaja seera deemsa falmii siivilii keewwata 337 ajajuun kenne waan ol hin iyyanneef yeroon ol'iyataa itti darbeera jechuun ejjennoo Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa irra gahe ejjennoo dogoggoora bu'uura seeraa qabu waan ta'eef sirrachuu qaba jenneerra. Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa qabeenyota kana ilaalchisee irra deebiin xiinxalee murtii xumuraa itti kennuu qaba jennee murteessineerra.

3. Sababoota olitti ibsamaniif, Murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa dhimma kana irratti kenne gamisaan dogoggoorri bu'uura seeraa kan irratti raawwatame dha jennee ajaja armaan gadii kennineerra.

Ajaja

1. Murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa lakkoofsa galmee 316906 irratti dhaddacha gaafa 22/4/2012 ooleen kenne, murtii Manni Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Adaamaa lakkoofsa galmee 33126 ta'e irratti dhaddacha gaafa 4/2/2012 ooleen kenne akkasumas murtii Manni Murtii Aanaa Magaalaa Adaamaa lakkoofsa galmee 07712 ta'e irratti dhaddacha gaafa 29/9/2011 ooleen waa'ee mana jireenyaa falmii kaase ilaalchisee kennan bu'uura Labsii Manneen Murtii Oromiyaa lakkoofsa 216/2011 keewwata 26/5/ ajajuun cimsineerra.
2. Mana jireenyaa irraa kan hafe qabeenyota kaan galmee kana keessatti falmii kaasan ilaalchisee Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa irra deebiin dhimma ijoo dubbii itti seenee xiinxala gageessee murtii itti haa kennu jennee dhimma qabeenyota kanaa ilaalchisee bu'uura

seera deemsa falmii siivilii keewwata 341/1/ ajajuun Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatti qajeelfamaan gadi deebisnee murteessineerra.

3. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaa haa dhaqqabu. Dhorkaan galmee kana irratti kenname yoo jiraate ka'era. Haa barreeffamu.
4. Baasii fi kisaaraa bitaa fi mirgi of haa danda'an.
5. Galmeen cufameera. Mana galmeetti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa shan hin dubbifamne jira.

- Abbootii Seeraa:-
1. Guyyoo Waariyoo
 2. Dabee Dhaabaa
 3. Abdusalaam Sirraaj
 4. Galaanaa Dhugumaa
 5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyattuun:- Boggaalee Abarraa

- Waamamtootni:-
1. Shallamaa Bokonniin
 3. Adaanach Shibbiruu
 2. Bokonniin Dirrisaa

Galmee qoratamee murtiin armaan gadii kennameera.

Murtii

Galmeen kun dhaddacha ijibbaataaf dhihaachuu kan danda'e iyyattuun ammaa murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Jiddugaleessaa galmee lakk.314915 ta'een dhaddacha gaafa 26/05/12 ooleen diiguun kenne kun dogoggoora bu'uura seeraa kan qabu dha; naaf haa sirraa'u jechuun iyyannoo gaafa 02/06/12 barreeffameen waan dhiheeffatteefi dha.

Ka'umsi falmii kanaa mana murtii aanaa irraa yoo ta'u iyyattuun/himattuu jalaa/ waamamaan 1ffaa/Jidduulixxaa/, waamamaan 2ffaa /himatamaa/, waamamtuun 3ffaa/jidduu lixxuu/ dha. Falmiin hiikkaa gaa'elaa hordofee qooddii qabeenyaa fi qabiyyee waliinii kan ilaallatu yoo ta'u, iyyattuun ammaa iyyata tarree qabeenyaa gaafa 10/08/2010 barreessitee Mana Murtii Aanaa Qarsaa Maallimaatti waamamaa 2ffaa ammaa abbaa warraa ishii irratti dhiheessiteen, gaa'eelli jidduu keenya jiru waan diigameef qabeenyaa fi qabiyyee gaa'eela keessatti waliin horanne gahee koo akka naaf qoodu jechuun tarree qabeenyaa 1ffaa

hanga 5ffaa barreessitee dhiheessuun gaafattee jirti. Waamamaan 2ffaa gama isaatiin deebii gaafa 24/08/10 barreessee dhiheeseen, iyyattuu waliin haadha warraa fi abbaa warraa yoo ture illee yeroo waliin turre keessatti qabeenyaa fi qabiyyee ishiin tarreesitee dhiheessite kana waliin hin horanne kan haadha warraa koo waamamtuu 3ffaa waliin horadhee fi muraasni immoo kan waamamaa 1ffaadhaaf kenname kan dhuunfaa isaati jechuun falmeera. Kun kanaan osoo jiruu waamamaan 1ffaa iyyata jidduu lixummaa gaafa 03/03/11 barreessee dhiheeseen, qabiyyee himannaa tarree 1 hanga 3ffaa irratti caqasame qabiyyee abbaa warraa fi haadha warraa osoo hin ta'iin kan akkoon koo fi abbaa fi haati koo/waamamtootni 2ffaa fi 3ffaan/ irraa naaf kenname ani dhuunfaadhaan itti fayyadamaa ture waan ta'eef akka keessaa naaf bahu jechuun falmiitti makamee falmeera. Waamamtuun 3ffaa illee iyyata jidduu lixummaa gaafa 04/10/10 barreessitee dhiheessiteen, qabeenyaa fi qabiyyee iyyattuun akka qoodamuuf gaafatte ilaalchisee kan ani bara 1972 irraa kaasee waamamaa 2ffaa abbaa warraa koo waliin gaa'eela keessatti horadhe waan ta'eef iyyattuun mirga tokko illee irraa hin qabdu falmii keessaa akka naaf bahu jechuun falmiitti makamtee falmitee jirti. Iyyattuun iyyata jidduu lixummaa dhihaate irratti waamamaan 1ffaa fi 3ffaa qabiyyee fi qabeenya kana irraa mirga tokko illee waan hin qabneef iyyatni isaa kufaa naaf haa ta'u jechuun falmitee jirti. Waamamaan 2ffaa gama isaatiin deebii kenneen bu'uura iyyata dhihaateen jidduu lixxootaaf yoo murtaa'eef mormii hin qabu jechuun falmeera.

Manni murtii aanaa bitaa fi mirga falmisiisuun ragaa namaa walfalmitootaa dhagahuun akkasumaas karaa waajjira bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa aanaatiin akka qulqullaa'ee dhihaatu taasisuun dhuma irratti murtii kenneen: 1ffaa qabiyyee lafa qonnaa bal'ina meetira 66/jaatamii jaha/ dheerina meetira 42/afurtamii lama/; 2ffaa lafa qarxii lama; 3ffaa

lafa qonnaa qarxii afur ta'ee fi daangaaleen qabiyyee lafa kanneenii murtii mana murti aanaa keesatti ibsame kun isa 1ffaa waamamaan akkoo isaa irraa argatee bara 1999 irraa kaasee maqaa isaatiin galmaa'ee kan jiru waan ta'eef qabiyyee lafa isa 2ffaa fi 3ffaa maqaa iyyattuu, waamamaa 2ffaa fi waamamtuu 3ffaatiin galmaa'ee jiraatu illee, waamamaan 1ffaa qabate waggaa kudhanii ol itti fayyadamaa turuu isaa waan mirkanaa'eef falmii keessaa akka bahuuf kan kana irraa hafe qabeenyaa fi qabiyyeen jiraachuun isaa mirkanaa'e immoo iyyattuu, waamamaa 2ffaa fi waamamtuu 3ffaa bakka sadiitti haa qooddatan jechuun murteesseera. Iyyattuun ammaa qabiyyee lafa bakka sadii waamamaa 1ffaadhaaf keessaa haa bahu jedhamee murtii kenname ilaalchisee komachuudhaan komii ol'iyyannoo Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Kibba Lixaatti dhiheeffatee manni murtii ol'iyyata dhagahee bitaa fi mirgaa dhiheessee falmisiisuun dhuma irratti murtii kenneen; qabiyyeen lafa lakk.1ffaa akkoon isaa bara 1999 waamamaa 1ffaadhaaf kan kennite ta'uun waan mirkanaa'ee jiruuf keessaa haa bahuufi jedhamuun dogoggoora hin qabu. Haa ta'u malee, qabiyyee lafa himannaa tarree 2ffaa fi 3ffaa ilaalchisee maqaa iyyattuu, waamamaa 2ffaa fi waamamtuu 3ffaatiin galmaa'e akka jiru waan mirkanaa'ee fi kennaan seera qabeessaa waamamaa 1ffaadhaaf kennamu mul'isu waan hin jirreef waamamaan waggaa kudhan itti fayyadamuun abbaa mirgaa irratti ta'uu hin danda'u waan ta'eef iyyattuu fi waamamtootni 2ffaa,3ffaan qixxeetti haa qooddatan jechuun murtii mana murtii aanaatiin kenname bu'uura S/D/F/H/H lak.348/1/tiin fooyyessuun murteesseera.

Waamamaan 1ffaa ammaa murtii haala kanaan fooyya'ee kenname kana komachuudhaan komii ol'iyyannoo Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Jiddugaleessaatti dhiheeffatee, manni murtii ol'iyyata dhaga'ee bitaa fi mirga dhiheessee erga falmisiisee booda dhuma irratti

murtii kenneen;qabiyyee lafa himannaa tarree 2ffaa fi 3ffaa maqaa iyyattuu fi waamamaa 2ffaa akkasumas waamamtuu 3ffaadhaan galmaa’ee jiraachuun isaa yoo mirkanaa’ee illee waggaa kudhan dura waamamtootni 2ffaa fi 3ffaan mucaa isaanii kan ta’ee waamamaa 1ffaadhaaf kennanii inni waggaa kudhaniif qabatee itti fayyadamaa turuun isaa mirkanaa’ee osoo jiruu akka gadi lakkisu taasifamuun isaa sirrii miti jechuun murtii mana murtii ol’aanaatiin kenname bu’uura S/D/F/H/H lak.348/1/tiin diiguun murtii mana murtii aanaatiin qabiyyee kenneen ilaalchise kenname cimsuun murteesseera.

Iyyattuun murtii kana komachuudhaan iyyannoo dhaddacha kanaaf dhiheessiteen, qabiyyee lafa himannaa tarree 2ffaa fi 3ffaa irratti caqasamee jiru abbaa warraa koo waamamaa 2ffaa waliin qabanne waggaa diigdamaaf kan itti fayyadamaa turree fi amma illee maqaa koo fi abbaa warraa koo waamamaa 2ffaadhaan galmaa’ee jiraachuun isaa mirkanaa’ee osoo jiruu, waamamaan 1ffaa qabiyyeen kanneen isaaf kennamuu isaaf kennaa seera qabeessa ta’ee waan dhiheesse osoo hin jiraatiin waggaa kudhan itti fayyadamee waan jiruuf kan dhuunfaa isaa ti jedhamee murtiin kenname mirga koo kan dhiibe waan ta’eef kun immoo dogoggoora bu’uura seeraa ti; ana irraa diigamee murtiin mana murtii ol’aanaatiin kenname naaf haa cimuu jechuun gaafattee jirti.

Dhaddachi kunis komee iyyannoo dhihaate, murtii manneen murtii jalaatiin kenname seera waliin ilaaluun qabiyyee lafa falmii kaase maqaa iyyattuu fi abbaa warraa ishii waamamaa 2ffaa akkasumas waamamtuu 3ffaatiin shallagamee galmaa’ee jiraachuun osoo mirkanaa’ee jiruu, waamamaan 2ffaa isaaf kennamee waggaa kudhan itti fayyadamee jira jedhame murtiin kenname seera qabessummaa isaa bakka bitaa fi mirgi jiranitti qulqulleesuuf ni dhiheessisa jedhamee waamamtootni deebii

akka itti kennan taasifamee, waamamaan 1ffaa deebii gaafa 02/07/12 barreessee dhiheeseen, qabiyyee himannaa tarree lakk. 2ffaa fi 3ffaa naaf kenname waggaa kudhanii ol qabadhee kan itti fayyadamaa turee fi qabeenya irratti horadhee qabu ta'uu mirkanaa'ee kan naaf murtaa'e waan ta'eef murtiin kenname dogoggoora hin qabu naaf haa cimujechuun falmeera. Waamamtootni 2ffaa fi 3ffaan deebii bakka tokkotti gaafa 02/07/12 barreessanii dhiheessaniin, qabiyyee lafa falmii kanaaf ka'umsa ta'e bara 1969 hiroodhaan kan arganne itti fayyadamaa turre yoo ta'u, booda irra ilma keenya waamamaa 1ffaa kanaaf kenninee inni immoo lafa qabiyyee himannaa tarree 2ffaa waggaa kudha lama, kan tarree 3ffaa waggaa kudhaniif qabatee itti fayyadamaa kan ture malee kan nuti waliin itti fayyadamaa turre akka hin ta'iin qulqullaa'ee kan murtaa'e waan ta'eef murtiin kenname dogoggoora hin qabu nuuf haa cimujechuun falmaniiru.

Dhaddachi kunis komee iyyannoo dhihaate, deebii kennamee fi murtii manneen murtii jalaatiin kenname seera waliin qoranneerra. Akka qorannettis qabiyyee lafaa himannaa tarree 2ffaa fi 3ffaa falmii ammaa kanaaf ka'umsa ta'e waliigaltee kennaatiin waamamaa 1ffaadhaaf kennamee jira. Iyyattuun mirga irraa hin qabdu jechuun murtiin kenname deeggarsa seeraa ni qabaa? kan jedhu qabxii furmaata barbaadu ta'ee argameera.

Bu'uura kanaan qabiyyee lafaa falmii kanaaf ka'umsa ta'e qabiyyee waliinii iyyattuu fi waamamtoota 2ffaa fi 3ffaa akka ture hin haalamne. Gara biraatiin qabiyyeen kun kan isaanii ta'uu kan mirkaneessu amma illee maqaa isaan sadeeniitiin galmaa'ee jiraachuun isaa qaama dhimmi isaa ilaalu waajjira bulchiinsa lafaatiin mirkanaa'ee jira. Waamamaan 1ffaa qabiyyeen kun akka kessaa bahuuf iyyata jidduu lixummaa

dhiheesseen yoo gaafatu haadhaa fi abbaan koo waamamtootni 2ffaa fi 3ffaa naaf kennaan ani qabadhee itti fayyadamaa ture jechuun haa falmu malee waliigaltee kenna seera qabeessa ta'e waan dhiheeffate hin jiru. Abbaan qabiyyee tokko qabiyyee mirga itti fayyadamaa irratti qabu miseensa maatii isaatiif kennuu akkaa danda'u labsii lafa baadiyyaa Oromiyaa lak. 130/1999 kew.6/1/,9/5/ gubbaatti akkasumas dambii itti faayyadama lafa baadiyyaa Oromiyaa lak.151/2005 kew.10 /2/ gubbaatti tumameera.

Kennaan qabiyyee lafa baadiyyaa seera qabessa kan taasifamu immoo barreeffamaan ta'ee waajjira lafaa biratti dhihaatee seera qabeessummaan isaa ilaalamee eega galmaa'ee booda akkasumas waraqaan ragaa abbaa qabiyyee nama kenna taasise irraa gara nama kenna fudhateetti jijjiiramuu akka qabu labsicha kew.15/12/ fi dambii lafaa kew.15/9/ gubbaatti tumameera. Haa ta'u malee, waamamaan 1ffaa qabiyyee lafa falmii kaase akkaataa kanaan kenna seera qabeessa ta'een barreeffamaan hammi isaa ibsame isaaf kenname waraqaa ragaa abbaa qabiyyee akka itti hin qabnee fi amma illee qabiyyeen maqaa abbaa qabiyyee duraanii iyyattuu fi waamamtoota 2ffaafi 3ffaatiin galmaa'ee kan jiru dha. Kanaaf sadeen isaanii mirga abbaa qabiyyee qixa ta'e waan irratti qabaniif kana keessaa gaheen iyyattuu 1/3 ta'uu isaati. Waamamtootni 2ffaa fi 3ffaani ilma isaanii waamamaa 2ffaadhaaf kennuu yoo barbaadan gahee isaanii malee gahee iyyattuu dabalatee kennuu hin danda'an. Namni tokko kenna taasissuu kan danda'u waan qabu irratti malee waan hin qabne yookaan kan nama biraa ta'e irratti kenna taasissuu hin danda'u.

Qabiyyee iyyattuun yeroo gaa'elaan abbaa warraa ishii waamamaa 2ffaa waliin turte waliin itti fayyadamaa turtee maqaa isaaniitiin galmaa'ee jiru kana hayyama maatii isaatiin yeroof ittifayyadmaa turuun isaa abbaa

qabiyyee seera qabeessaa isa hin taasisu. Waamamtoonni 2ffaa fi 3ffaa haadhaa fi abbaa isa dhale waan ta'aniif ilma keenyaaf kenninee jirra jechuun isa gargaaruun yoo falman illee qabiyyee gahee isaanii malee gahee iyyattuu irratti kennaan bu'aa hin qabaatu. Kennuu isaanii ille waan qabatamaatti mirkanaa'e hin jiru.

Ajaja

1. Qabiyyee lafa himannaa tarree 2ffaa fi 3ffaa irratti caqasamee fi falmii ammaa kanaaf ka'umsa ta'e ilaalchisee murtiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Jiddugaleessaa galmee lakk.314915 ta'een dhaddacha gaafa 26/05/12 ooleen diiguun kenne bu'uura labsii lakk.216/2011 kew.26/5/ fi S/D/F/H/H/ lak.348/1/tiin diigameera.
2. Qabiyyee lafa himannaa tarree 2ffaa fi 3ffaa irratti caqasamee fi falmii ammaa kanaaf ka'umsa ta'e waamamaan 1ffaa gahee Iyyattuu 1/3 akka gadi lakkisuuf jedhamee murtaa'eera.
3. Bu'uura murtii kenname kanaan akka raawwachiisu garagalchi murtii kanaa mana murtii jalaa haa dhaqqabu.
4. Dhorki galmee kana irratti kenname yoo jiraate ka'eera. Haa barreeffamu.
5. Galmeen kun murtii dhumaa waan argateef mana galmeetti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa shan hin dubbifamne jira.

Abbootii Seeraa:- 1. Guyyoo Waariyoo

2. Fiixaa Dachaasaa

3. Huseen Kamaal

4. Urgaa Getaahuun

5. Masfiin Geetaachoo

Iyyataan:- Obbo Altaayyee Adinawu

Waamamaan:- Waajjira Bulchinsa Magaalaa Qunnii

Galmee qorannee murtii kanaa gadii kennineerra.

Murtii

Iyyanni kun dhaddacha Ijibbaataa kanaaf kan dhiyaate murtii Manni Murtii Ol'aanaa G/Harargee Lixaa lakk.G. 52251ta'e irratti dhaddacha gaafa 30/01/2012 ooleen murteesse, Manni Murtii Waliigalaa Dhaddachi Dhaabbii Bahaa lakk.G.317204 ta'e irratti dhaddacha gaafa 07/04/2012 ooleen foormiin cimsee murteesse dogoggoora seeraa qaba jechuun akka sirratu waan gaafateefi dha.

Ka'umsi falmichaas himata iyyataan ammaa gaafa 25/08/2011 barreessee dhiyeesseen waajjirri waamamaa ammaa qabiyyee ani waggoota dheeraaf seera qabeessaan qabadhee gibira mootummaa irraa kaffalaa ture Aanaa Gammachiis Magaalaa Qunnii kessatti argamu baargamoo hundee 5000 ol ofirraa qabu yeroo adda addaa irraa gurgurataa ture himatamaan(waamamaan ammaa) ji'a Ebilaa bara 2011 jalqabee baargamoo kaasi jedhee akeekkachiisa osoo naaf hin kenniin bakka ani hin beeknetti karaan baasa jechuun gireedaraan baargamoo qabiyyee koo irratti argamu barbadeessanii jiru waan ta'eef tilmaama ogessaan

shallagamee dhiyaate jiru qarshii 791,500.00 baasii fi kisaaraa waliin naaf haa kaffalu jechuun waan himateef yeroo ta'u; himatamaan(waamamaan ammaas) deebii gaafa 06/09/2011 bu'uura Labsii Lakk.25/1995tiin manni murtii dhimma kana ilaaluuf aangoo hin qabu; himataan (iyyataan ammaa) faayidaa hin malle argachuuf malee shallaggiin qabeenyaa Waajjira Poolisii Aanaa Gammachiis ajaja waajjira qonnaatiif barraa'een ragaa dhimma yakkaatiif barraa'ee waan ta'eef haariiroo hawaasaaf kan dhiyeesse waan ta'eef sirrii miti jedhee hojii bu'uuraalee misoomaa magaala keessatti hojjatamaa jiru gufachiisuuf kan dhiyeesse malee qabeenyi jalaa balleessine hin qabnu. Akka Pilaanii magaalaatti karaa magaalaa keessa bal'ina meetra10 hojjannu baargamoo baayi'nni isaa 50 kan hin caalle himataan (iyyataan ammaa) dhaabe hin jiru. Akka himata keessatti ibsametti baargamoo hundee 5,000 balleesine hin qabnu jechuun akka himanni kufaa ta'u gaafateera.

Manni murtiis himata dhiyaateef deebii kenname waliin qoratee dhugummaa baargamoon hojii daandii hojjachuuf jalaa manca'e jiraachuu hanga baargamoof tilmaama isaa qulqulleessuuf ragaa bitaa fi mirgaa dhaga'uun ragaa barreeffamaa gibirri lafa qonnaa itti gabbaraa turee fi tilmaama baargamoo Waajjirri Qonnaa waajjira Poolisiif barreesse iyyataan ammaa dhiyeesse irra deebi'ee Waajjira Misooma Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa G/Harargee Lixaa mana murtiif ergeen waliin qoratee waamamaan ammaa baargamoo iyyataa jalaa mancaasuu isaa ragaan dubbateera; hanga baargamoo ilaalchiisee Waajjirri Misooma Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa gaafa 08/11/2011 barreeffameen sadarkaa baargamoon sun irra jiruuf tilmaamni isaa qarshii 56,000 ta'u waan ibseef waamamaan ammaa bu'uura S/S lakk.2090 fi 2091tiin qarshii kana akka kaffalu murteesse, Manni Murtii Waliigalaas murtii godinaa cimseera. Iyyataan ammaas murtii manneen murtii lamaan

murteessan komachuun iyyata gaafa 06/06/2012 barreessee dhaddacha Ijibbaataa kanaaf dhiyeesse gabaabinaan namni mirga itti fayyadama lafa baadiyyaa qabu tokko yeroo qabiyyee isaa irraa faayidaa uummataatiif dhaabbataan yeroo gadi lakkisu haalli beenyaan itti shallagamuu qabu seeraan taa'ee osoo jiruu manni murtiis himata beenyaa ani dhiyeeffadhe qulqulleeffachuuf qaama ilaallatu ajajee sababa karaan magaalaa keessa bahuuf qabiyyee koo sana irraa oomisha ga'ee dabalatee faayidaan ani dhaabbataan lafa sana irraa dhabe kan jiru ta'uu qulqulleeffatee beenyaan kan shallagamu bu'uura labsii lakk.455/1997tiin ykn bu'uura labsii 1161/2011 tiin ta'uu osoo qabuu fi haalli shallaggii beenyaa qabeenya dhaabbataan misoomaaf gadi lakkifamu galiin waggaaatti argamu waggaa 15niin baay'ifamuu osoo qabuu manni murtii oomisha waggaa tokkoo qabiyyee sana irraa dhabe qofaa akka naaf kaffalamu murteessuun isaa dogoggoora seeraa ti. Beenyaan abbaa qabiyyeetiif kaffalamuu qabu qabeenya bakka sana irraa dhabeef jireenya koo gara fuula duraa itti fufsiisu kan danda'uu fi hundee baargamoo kana deebisee dhaabuuf baasii barbaachisu ta'uu, kana osoo hin tilmaamsisiin Seera Hariiroo Hawaasaa dhimmichaaf rogummaa hin qabne fayyadamee naaf shallagee murtiin kenne dognggoora seeraa waan qabuuf diigamee seera kaffaltii beenyaa qabeenya lafa faayidaa uummataaf dhaabbataan gadi lakkifamuuf rogummaa qabuun shallagamee naaf haa murtaa'u jechuun gaafateera. Dhaddachi kunis komii dhiyaate qorachuun ijoo qabeenyi iyyataa haala beenyaan qabeenya faayidaa uummataaf dhaabbataan gadi lakkifamu itti shallagamuun kan shallagame ta'uu qulqulleessuuf waamamaan deebii akka itti kennu ajajamee Waamamaan deebii gaafa 24/06/2012 barreessee kenneen iyyataan dhimma kana irratti iyyatan waliigalteen mootummaa waliin raawwate tokko waan hin jirreef labsii lakk.455/97 ykn labsii 1161/2011 kan ilaallatu miti. Walitti dhufeenyi iyyataa fi waamamaa ammaa gidduu jiru waan hin jirreef seerri rogummaa qabu

seera waliigalteen alaati malee labsii kaffaltii beenyaa qabeenya faayidaa uummataatiif gadi lakkifamu ittiin shallagamu kan ilaallatu miti waan ta'eef murtiin manneen murtii jalaa murteessan faallaa heeraas ta'ee seeraa kan qabu miti jechuun komiin dhiyaate kufaa ta'ee akka cimuuf gaafateera.

Falmiin bitaa fi mirgaa kan kanaa olii ta'ee galmee qorannee akka ilaalletti ijoo deebii barbaadu haalli beenyaan qabeenyi iyyataa ammaa sababa daandii magaalaa keessa hojjatamuuf jalaa manca'e itti shallagame bu'uura seeraa qabaa? Kan jedhu ta'ee argameera. Qabeenya lafaa faayidaa uummataatiif gadi lakkifamu irratti argamu ilaalchisee beenyaan kan shallagamu labsii lakk.455/97 bu'uura godhachuun akka ta'e kan wal nama gaafachiisu miti. Labsii kana raawwachiisuuf immoo qajeelfamni lakk.135/2007 keessa ba'e kan jiru ta'ee qajeelfama kana kew.7(1) jalatti ibsame akka jirutti mukeen lafa faayidaa uummataatiif gadi lakkifamu ilaalchisee beenyaan kan shallagamu sadarkaa mukti sun irra jiru irratti hundaa'uun gatiin tokkoon tokkoon muka Sanaa ykn gatii kaaree tokkoo baasuun haala gabaa yeroo sana jiruun kan herregamu akka ta'e qajeelfamni kun ni ibsa. Gara dhimma of harkaa qabnu kanaatti yeroo dhufnu immo qabeenyi iyyataan sababa karaan magaalaa keessa ba'eef gadi lakkisee jiru muka baargamoo yeroo ta'u beenyaan muka kanaas kan shallagamu qabu bu'uura qajeelfama kanaatiin malee akka iyyataan jedhutti gatiin muki sun yeroo sanatti baasu waggaa 10 shallagamee akka hin taane qajeelfamni kun waan addeessuuf manni murtii ol'aanaas akka ogeessi irra ga'ee tilmaamee dhiyeessu bu'uura ajajeen ogeessi qaamaan bakka sanatti argamuun baay'inni baargamoo kanaa hundee 40-50 akka ta'ee fi gatiin isaas sadarkaa mukti sun irra jiruun shallaguun mana murtiif waan dhiyeesseef manni murtiis bu'aa ogeessi qulqulleesse haala gabaa yeroo sana jiruutiin tilmaamee qarshii 56,000 ta'uu waan

ibseef bu'aa dhiyaate bu'uura godhachuun waamamaan ammaa iyyataaf qarshii 56,000 akka kaffalu murteessuun isaa dogoggora seeraa kan qabu miti jennee komii iyyataa kufaa taasisuun murtii manneen murtii jalaa murteessan cimsuun murteessineerra.

Ajaja

1. Murtiin Manni Murtii Ol'aanaa G/H/L/Ixaa lakk.G. 52251 ta'e irratti dhaddacha gaafa 30/01/2012 ooleen murteesse, Manni Murtii Waliigalaa Dhaddachi Dhaabbii Bahaa lakk.G.317204 ta'e irratti dhaddacha gaafa 07/04/2012 ooleen foormii murtii godinaa cimsuun murteesse dogoggoora seeraa hin qabu jennee bu'uura SDFS lakk.348(1) tiin cimsinee murteessineerra.
2. Dhorkaan dhaddacha kanaan kenname yoo jiraate murtii kanaan ka'eera.
3. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaa haa qaqqabu.
4. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanaa bitaa fi mirgi of haa danda'u.
5. Galmeen cufameera mana galmeetti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa shanii hin dubbifamne jira.

- Abbootiin Seeraa:-
1. Guyyoo Waariyoo
 2. Fayyisaa Tolasaa
 3. Abdusalaam Sirraaj
 4. Ayyaanaa Toliinaa
 5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyataan:- Obbo Huseen Abbaa Bulguu

Waamamaan:- Ejansii Misoomaa fi Manaajimantii Lafaa Magaalaa Mattuu

Galmee kana qorannee murtii armaan gadii kennineerra.

Murtii

Dhaddacha kanatti falmiif ka'umsa kan ta'e kun kan eegalame Mana Murtii Aanaa Mattuutti ta'ee iyyataan ammaa himataa, waamamaan immoo himatamaa ta'uun kan walfalmaa turanii dha. Ijoo himannaa iyyataa ammaa gabaabinaan “Mana jireenyaa magaalaa Mattuu ganda 02 keessatti argamuu fi qorqoorroo baallee 72 ijaarradhee qabu boroo isaatti kan argamu ashaakiltii adda addaa tilmaamaan qarshii 49,760 (kuma afurtamii sagalii fi dhibba torbaa fi jaatama) kan baasu waajjirri waamamaa beenyaa tokko malee waan na jalaa mancaaseef tilmaama ashaakiltii kanaa waamamaan ammaa akka naaf kanfalu” kan jedhu dha. Waamamaan ammaas gama isaatiin karaa bakka bu'aa isaa deebii kenneen “himataan karaa seeraa alaan lafa magaalaa qabatee ashaakiltii dhaabeef tilmaama isaa kanfaluuf bulchiinsi magaalaa hin dirqamu” kan jedhu akka mormii sadarkaa duraatti kaasuun ijoo dubbii irrattis “himataan lafa ragaa abbaa qabiyyummaa isaan ala jiru irratti ashaakiltii dhaabuu hin danda'u. Lafa seeraan ala qabate kana irratti ashaakiltii dhaabeef beenyaa gaafachuuf mirga hin qabu” jechuu fi kan biroo kaasuun falmeera.

Manni Murtii Aanaa Mattuus falmii bitaa fi mirgaa dhagahuun ashaakiltiin manca'e jedhame lafa kaartaa fi pilaanii himataa ala ta'uun mirkanaa'u illee himatamaan (waamamaan) ammaa bu'uura dambii fi qajeelfama jiruun barreeffamaan akka himataan ashaakiltii isaa kaafatu osoo akeekkachiisa hin kennin ashaakiltii himataa jalaa mancaasuun sirrii miti. Miidhaa gaheefis waamamaan ammaa ittigaafatamummaa ni qaba jechuun beenyaa ashaakiltii manca'e qarshii 29,000 (kuma digdamii sagal) iyyataaf akka kanfalu murtii kenneera. Waamamaan ammaa murtii kana komachuun ol'iyannoo isaa Mana Murtii Ol'aanaa Godina Iluu Abbaa Booritti kan dhiyeeffate yoo ta'es Manni Murtichaa dhimmicha osoo keessa hin seeniin komii ol'iyannoo waamamaa ammaa kufaa gochuun bu'uura S/D/F/H/H/ lak.337tiin murtii Manni Murtii Aanaa kenne cimseera.

Waamamaan ammaa murtiin Manneen Murtii jalaan kenname kun dogoggoora seeraa isa bu'uuraa ta'e ni qaba jechuun dhaddacha Ijibbaataa kanatti kan dhiyeeffate yoo ta'u, dhaddachi kunis galmeedhuma kana irratti ni dhiyeessisa jechuun falmii bitaa fi mirgaa erga dhagahee booda dhaddacha gaafa guyyaa 11/10/2011 ooleen waamamaan ammaa lafa qabiyyee magaalaa bulchu namni seeraan ala qabate yoo gadi lakkisiise yookiin yoo irraa fudhate balleessaa waan hin qabneef tilmaama ashaakiltii manca'e jedhameef wanti ittigaafatamummaa isa taasisu osoo hin jiraatin manneen murtii jalaa tilmaama ashaakiltii adda addaa qarshii 29,000 (kuma digadamii sagal) waamamaan iyyataaf akka kanfalu murtiin kennan dogoggoora seeraa isa bu'uuraa kan qabu dha jechuun murtii manneen murtii jalaan kenname diiguun murtii kenneera.

Haa ta'u malee, iyyataan ammaa murtii kana komachuun iyyannoo isaa dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Federaalawaatti waan

dhiyeeffateef dhaddachichis galmee lak.181787 ta'e irratti falmii bitaa fi mirgaa erga dhagahee booda dhaddacha gaafa guyyaa 26/01/2013 ooleen dhimma iyyannoo iyyataa ammaa kana kan ilaallatu Manni Murtii Ol'aanaa Godina Iluu Abbaa Boor galmee lak.33602 fi 33728 ta'an bakka tokkotti fiduun ilaalee furmaata osoo kennuu qabuu adda addatti ilaaluun murtii adda addaa waan kenneef Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa kun immoo murtii adda addaa kenname kana keessumaa kan galmee lak.33728 ta'e irratti dhimmichi gadi deebi'ee qulqullaa'ee akka murtaa'u Mana Murtii Ol'aanaa Godinichaan kan kenname bu'aan seeraa murtii kanaa maal ta'uu akka qabu osoo hin hubachiisin Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa galmee kana irratti murtii jalaa diiguun kan kenne dogoggoora seeraa isa bu'uuraa kan itti raawwatameedha jechuun dhaddachi kun falmii bitaa fi mirgaa dhiyaate kana irratti dabalataan Manni Murtii Ol'aanaa Godina Iluu Abbaa Boor dhimmuma kana galmee Mana Murtii Ol'aanaa Godinichaa lak. 33728 ta'e irratti iyyannoo bitaa fi mirgaan dhiyaateef adda addatti ilaaluudhaan murtiin/ajajni kenne bu'aan seeraa isaa maal akka ta'u seera rogummaa qabu waliin qorachuun dhimmichaaf furmaata rogummaa qabu akka itti kennu jechuun bu'uura S/D/F/H/H/ lak.343 (1) tiin dhaddacha kanatti waan deebiseef galmeen murtii xumuraa argatee ture deebi'ee socho'uu danda'eera.

Dhaddachi kunis bu'uura qabxii Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa qabee gadi deebiseen dhimma asitti dhiyaatee ilaalamee murtii xumura argatee fi galmee Mana Murtii Ol'aanaa gama iyyataa ammaan ol'iyyannoon Mana Murtii Ol'aanaa Godina Iluu Abbaa Booritti dhiyaatee murtii argatee kan ture galmee lak.33728 ta'e fichisiisuun galmicha keessa qoranneerra. Akka qorannetti iyyataan ammaa kun murtii Manni Murtii Aanaa Mattuu dhaddacha gaafa guyyaa

18/06/2011 ooleen kenne komachuun ol'iyannoo isaa Mana Murtii Ol'aanaa Godinichaatti waan dhiyeeffateef Manni Murtii Ol'aanaa Godinichaas falmii bitaa fi mirgaa dhagahaa erga turee booda dhaddacha gaafa guyyaa 26/07/2011 ooleen murtii Manni Murtii Aanaa Mattuu kenne diiguun qabeenya ashaakiltii adda addaa iyyataan ammaa na jalaa manca'e jechuun himannaa isaa waamamaa ammaa irratti dhiyeesse ogeessa qaama ilaalurraa tilmaamsisee erga qulqulleessee booda irra deebi'ee murtii seera qabeessa akka itti kennu jechuun bu'uura S/D/F/H/H lak.343 (1) tiin gara Mana Murtii Aanichaatti qabxiin gadi akka deebise galmicha keessaa hubanneerra.

Gama biraatiin immoo waamamaan ammaa murtii Manni Murtii Aanichaa kenne komatee tilmaama ashaakiltii manca'eef ittigaafatamaa jedhamuun koo sirrii miti jechuun komii ol'iyannoo isaa Mana Murtii Ol'aanaa Godinichaatti dhiyeeffatee galmee lak.33602 ta'e irratti ilaalamee osoo keessa seenuun hin barbaachisin dhaddacha gaafa guyyaa 04/07/2011 ooleen bu'uura S/D/F/H/H/ lak.337tiin komii waamamaan ammaa dhiyeesse kufaa taasisuun murtii Manni Murtii Aanaa Mattuu dhaddacha guyyaa 18/06/2011 ooleen kenne cimseera.

Kana irraa kan hubatamu Manni Murtii Ol'aanaa Godinichaa dhimma tokko ta'e galmee adda addaa irratti banuun murtii adda addaa kennuu isaa ti. Waamamaan ammaa murtii Mana Murtii Ol'aanaa Godinichaa cimsuun kenne kana dogoggoora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuun dhaddacha kanatti iyyannoo isaa kan dhiyeeffate yoo ta'u, dhaddachi kunis komii iyyannoo isaa fudhachuun murtii Manneen Murtii jalaa kan diige yommu ta'u, ol'iyannoo gama iyyataan Mana Murtii Ol'aanaa Godinichaatti dhiyaate immoo irra deebii ilaalamee akka qulqullaa'ee murtiin seera qabeessa ta'e itti kennamu gara Mana Murtii Aanaa

Mattuutti akka deebi'e hubanneerra. Kana irraa kaanee dhimma kana jalqabaa kaasnee yoo qorannu, ijoon dubbii furmaata argachuu qabu “dhimmi tokko sadarkaa Mana Murtii ol'iyannoo dhagahuutti murtiin wal faallessu adda addaa yoo kenname kan gareen tokko ol'iyate immoo Dhaddacha Ijibbaataan murtiin biraa yoo kenname bu'uura S/D/F/H/Htiin haalli itti sirraa'u jira moo miti? qabxii jedhu qabannee dhimma kana gadi fageenyaan xiinxalleerra.

Akkuma olitti ibsame Manni Murtii Ol'aanaa Godinichaa dhimmuma tokko kan ta'e galmee adda addaa irratti ilaaluun murtii adda addaa kenneera. Silaa kan ta'uu malu wal falmitootni bitaa fi mirgaan murtii kenname komachuun qaama ol'iyannoo dhagahutti komii isaanii yoo dhiyeeffatan galmeen adda addaan banaman illee manni murtichaa galmee lamaan banaman walitti fiduun erga walfaana qoratee booda murtii barbaachisaa ta'e iddoo tokkotti itti kennuu qaba ture. Manni murtii Ol'aanaa Godinichaa kana taasisuu dhabuun isaa dogoggoora sirna deemsa falmii hariiroo haawaasaa akka raawwate ni hubatama.

Gama biraatiin immoo wal falmitootni ammaa keessumaa galmee Mana Murtii Ol'aanichaa lak. 33728 ta'e irratti bitaa fi mirgaan wal falmaa waan turaniif murtii kenname kana dhaddacha kanatti iyyataa fi waamamaan wanti kaasani falman hin turre. Kana jechuun walfalmitootni lachuu komii dhiyaatee fi deebii kenname keessatti waa'ee kanaa wanti dhaddacha kanatti kaasani falman hin turre. Walfalmitootni hanga kaasani hin falminetti immoo dhaddachi kun haala dhimmi kun uumamuu isaa itti beekuu danda'u hin jiru. Dhaddachi kun dhimma dhiyaateef falmii bitaa fi mirgaa dhagahee murtiin Manneen Murtii jalaan kenname dogoggoora seeraa isa bu'uuraa ta'e kan itti raawwatame ta'uu waan hubatameef murtii Manneen Murtii jalaa diiguun waamamaan ammaa tilmaama beenyaa

ashaakiltii gaafatame kanfaluuf ittigaafatamummaa hin qabu jechuun murtii kenneera. Kun immoo sirna deemsa falmii hariiroo hawaasaan hordofee kan raawwatamee dha. Sanas ta'e kana akkuma Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa murtii isaa keessatti ibsetti dhimma kana irratti dogoggoorri sirna deemsa falmii hariiroo hawaasaa waan uumameef akkaataa qabxiin Dhaddachi Ijibbaataa Manni Murtii Waliigalaa Federaalaa gadi deebiseen haalatti sirraa'u furmaata seeraa barbaaduun barbaachisaa ta'uu dhaddachi kunis hubateera.

Akkuma xiinxala olii keessatti ibsametti iyyataan lafa qabiyyee isaa kan hin taane lafa qabiyyee bulchiinsa magaalaa irratti hayyama tokko malee biqiltoota dhaabee ture manca'eef bulchiinsa magaalaa (waamamaa ammaa) beenyaa gaafachuu akka hin dandeenye dhaddacha guyyaa 11/10/2011 galmee kana irratti dhimma murtii argate dha.

Karaa biraatiin dhimma gama iyyataan Mana Murtii Ol'aanaa Godina Iluu Abbaa Booritti ol'iyyatamee akka qulqullaa'ee murtaa'u Mana Murtii Aanaa Mattuutti kan deebi'ee ture murticha komatee waamamaan dhaddacha kanatti kan hin dhiyeeffanne ta'u illee murtichi raawwatiinsa kan qabu miti. Kunis falmichi adeemsa sirna deemsa falmii hariiroo hawaasaa eeguu baatu illee komii gama waamamaan dhufeen dhaddacha kanaan kan diigame waan ta'eef gama iyyataan komatamee kan galmee lak.33728 ta'e irratti murtaa'ee kan gadi deebi'e sadarkaa bu'aatti (in effect) diigamaa waan ta'eef murtii dhaddacha kanaan kenname irratti dhiibbaan uumu hin jiru.

Kanaafuu, galmee lak.33728 ta'e irratti akka qulqullaa'u Mana Murtii Ol'aanaa Godinichaan dhaddacha guyyaa 26/07/2011 ooleen murtaa'ee gadi deebi'e bu'aa waan hin qabneef ajaja kanatti aanu kennineerra.

Ajaja

1. Murtii Manni Murtii Ol'aanaa Godina Iluu Abbaa Boor galmee lak.33728 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 26/07/2011 ooleen kenne dogoggoora ta'uun waan hubatameef bu'uuraa Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Oromiyaa irra deebiin murteessuuf bahe lakkoofsa 216/2011 keewwata 26/5/tiin diiguun murtii kennineerra.
2. Murtiin dhaddacha kanaan dhaddacha gaafa guyyaa 11/10/2011 ooleen kennamee ture hin jijjiiramne.
3. Baasii fi kisaaraa qarshii 1000 (kuma tokko) iyyataan ammaa waamamaaf haa kanfalu jenneerra.
4. Garagalchi murtii kanaa Manneen Murtii jalaatiif haa ergamu.
5. Galmeen kun murtii waan argateef mana galmeetti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa shan hin dubbifamne jira.

- Abbootii Seeraa:-
1. Fayyisaa Tolasaa
 2. Fiixaa Dachaasaa
 3. Huseen Kamaal
 4. Urgaa Geetahuun
 5. Masfiin Geetaachoo

Iyyataan:- Dhaabbata Omiisha Abaaboo Marjiin Par-Itoophiyaa
Waamamtootni: -

- | | |
|-------------------------------|-----------------------------|
| 1. Ob/ Kabbuu Malkaa | 2. Ob/ Siisay Warquu |
| 3. Ob/ Margaa Geetaachoo | 4. Ob/ Naggasaa Gabayyoo |
| 5. Ob/ Fiqaaduu T/Tsaadiq | 6. Ob/ Dirribaa Kabbadaa |
| 7. Ob/ Baqqalaa Gadaa | 8. Ob/ Fauxanaa Mulaatuu |
| 9. Ob/ Haabtaamuu Warquu | 10. Ob/ Darajjee Daadhii |
| 11. Ob/ Biraanuu Tasfaayee | 12. Ob/ Alamuu Taganuu |
| 13. Ob/ Haayiluu Taayyee | 14. Ob/ Galaanaa Guutaa |
| 15. Ob/ Waldee Malkaa | 16. Ob/ Girmaa Xilaayee |
| 17. Ob/ Warquu Kuusaa | 18. Ob/ Dhugumaa Takilee |
| 19. Ob/ Girmaa Tasammaa | 20. Ob/ Baqqalaa Wandimmuu |
| 21. Ob/ Gammachuu Haayiluu | 22. Ob/ Fayyisaa Taaddasaa |
| 23. Ob/ Qalbeessaa Geetaachoo | 24. Ob/ Kabbadaa Geetaachoo |
| 25. Ob/ Dajanee Tulluu | 26. Ob/ Siilashii Tasfaayee |
| 27. Ob/ Girmaa Wandimmuu | 28. Ob/ Taammiruu Wandimmuu |
| 29. Ob/ Fiqaaduu Bashaadaa | 30. Ob/ Dinquu Baqqalaa |
| 31. Ob/ Isheetuu Kumaa | 32. Ob/ Bayyanaa Dhugumaa |
| 33. Ob/ Haayiluu Innasuu | 34. Ob/ Fiqaaduu Caalii |
| 35. Ob/ Guddisaa Damee | 36. Ob/ Xibabuu Kabbadaa |
| 37. Ob/ Tasfaayee Asaffaa | 38. Ob/ Naggasaa Girmaa |

- | | |
|-----------------------------|------------------------------|
| 39 Ob/ Birhaanuu Urga'aa | 40. Ob/ Asaffaa Wandimmuu |
| 41. Ob/ Taganee Taarikuu | 42. Ob/ Kumaa Geetaachoo |
| 43. Ob/ Tasfaayee Hurrissaa | 44. Ob/ Mulugeetaa Guddisaa |
| 45. Ob/ Taaddasaa Wandimmuu | 46. Ob/ Guddisaa Barsiisaa |
| 47. Ob/ Girmaa Gaaddisaa | 48. Ob/ Alamaayyoo Gaaddisaa |
| 49. Ob/ Amanaa Geetaachoo | 50. Ob/ Geetaachoo Takilee |
| 51. Ob/ Gammachuu Dabalee | 52. Ob/ Leenjissaa Malkaa |
| 53. Ob/ Urgeechaa Haayiluu | 54. Ob/ Diroo Kabbadaa |
| 55. Ob/ Gizaachoo Guddisaa | 56. Ob/ Tashoomaa Baalchaa |
| 57. Ob/ Gazzuu Caalaa | 58. Ob/ Damisee Garasuu |
| 59. Ob/ Abbabaa Ejersaa | 60. OB/ Kaasahuun Ayyaanaa |

Bakka bu'aan isaanii _____

Galmee qorannee murtii kanaa gadii kennineera

Murtii

Galmeen kun banamee dhaddacha ijibbaataa kanaaf dhiyaachuu kan dandaa'eef iyyataan iyyannoo guyyaaa 12/05/3012 barreessee dhiyeesseen murtiin Manni Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee galmee lakk.34301 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 26/03/2012 ooleen kennee fi ajajni Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Giddugaleessaa galmee lakk.321987 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 01/05/2012 ooleen kenne dogoggoora seeraa isa bu'uura qaba jechuudhaan akka sirratuuf waan gaafateefi dha.

Ka'umsi dhimmichaa himannaa himattootni jalaa (waamamtootni ammaa) himatamaa jalaa (iyyataa ammaa) irratti mana murtii ol'aanaa godinichaatti dhiyeesaniin yoo ta'u, qabiyyeen himatichaa gabaabinaan:- dhaabbatni himatamaa kun yeroo barbaade keemikaala

abaabootti waan biifuuf keessattuu keemikaala haguuggii malee ji'a Muddee hanga Bitootessaa bara 2010 biifeen qonnaan bultoota kanniisa horsiisan Aanaa Walmaraa Ganda Walmaraa Cooqee keessatti argaman kanniisni isaanii abaaboo keemikaalaan summaa'e kana nyaachuudhaan jalaa dhumanii galii oomisha dammaa dhabuudhaan miidhaan cimaan waan nurra gaheef Waajjira Beelladaa fi Qurxummii Aanaa Walmaraatti iyyannee waajjirichi sababa keemikaala farra ilbiisotaa himatamaan biiffee itti fayyadama kanaatiin kanniisni keenya dhumatee miidhaan kan nurra gahe ta'uu ibsee miidhaa nurra gahe tilmaama isaa maallaqaan baasee dhaabbatni himatamaa isiniif kanfala yoo nuun jedhellee har'a boru jechuudhaan hanga ammaatti osoo nuuf hin kanfaliin hafee jira. Kanaafuu, galii oomisha dammaa sababa kanniisota keenya nu jalaa dhumeetiin dhabne dhaabbatni himatamaa akka nuuf kanfalu nuuf haa murtaa'u jechuudhaan tokkoon tokkoo himattootaa galii dhaban addaa addatti baasanii ibsuudhaan dimishaashatti qarshii 746,058.50 (kuma dhibba torbaa fi kuma afurtamii jahaa fi shantamii sadeeti fi saantima shantama) akka kanafalamuuf abbaa seerummaa gaafatanii ture.

Himatamaan jalaa (iyyataan ammaa) himannaa irratti dhiyaateef deebii kennee tureen, dhaabbatni himatamaa kun abaaboo oomishuudhaan sharafa biyya alaa biyyaatiif kan argamsiisuu fi hojjattoota nama 550 qacaruum hojii-dhabeeyyii kan hir'ise yoo ta'uu, uummata naannootiif daandii hojjachiisuudhaan deeggarsa guddaa gochaa kan jiru dha. Dhaabbatni kun hojii kana erga eegalee bara 1998 yoo ta'uu, hanga ammaatti miidhaan ilbiisotaas ta'ee beelladoota irratti dhaqqabsiise hin jiru. Miidhaan kanniisota himattootaa irra gahes sababa keemikaala farra ilbiisotaa dhaabbatni himatamaa biife kanaatiin ta'uu addaan bahee waan hin mirkanooftneef, miidhaan gahes hin mirkanooftne; galiin dhaban jedhames sirrii miti. Himataa 58ffaan Ganda Cooqee miti; himataan

60ffaan kanniisa hin qabu kan jedhuu fi kkf bal'inaan ibsuudhaan himannaa dhiyaate kufaa akka ta'uuf gaafatee ture. Manni murtii ol'aanaa godinichaa falmii fi ragaa namaa bitaa mirgaan dhiyaatan dhagahee akkasumas waajjiroolee fi biirolee dhimmi ilaallatu irraa ragaa ogummaa gaafatee bifa gabaasaatiin dhiyaatee ilaalee erga qulqulleeseen booda madaalee murtii kenneen, kanniisni oomisha dammaa himattootni irraa argatan sababa keemiikaala dhaabbatni himatamaa abaabootti biifeetiin kan dhuman ta'uu, du'aa ykn reeffi kanniisota hedduu maasii oomisha abaaboo keessaa fi daandii irratti akkasumas bakka gaagura isaanii keessatti harca'anii kan argaman ta'uun isaanii mirkanaa'ee jira. Keemikaalli farra ilbiisotaa maqaan isaa "CLIK SPRAY ON SHEEP BLOW FLY TREATMENT" jedhamu kun gosa qoricha farra ilbiisotaa keessatti kan ramadamu ta'uu fi kanniisni immoo sanyii ilbiisotaa (insects) keessatti kan ramadaman waan ta'eef keemikaalli himatamaan farra ilbiisotaaf (insecticides) fayyadame kunis kanniisota ajjeessuu kan dana'u ta'uu Inistiitiyuutii Qorannoo Qonnaa Oromiyaa irraa gabaasa bu'aa qorannoo dhiyaate irraa mirkanaa'ee jira. Kana malees, tilmaamni oomisha damma himattootni dhabanii karaa Waajjira Giddugaleesa Qorannoo fi Qo'annoo Horsiisa Kanniisaa Hoolotaa, Waajjira Horsiisa Qurxummii fi Beelladaa Aanaa Walmaraa, Waajjira Bulchiinsa Aanaa Walmaraa fi Bulchiinsa Ganda Walmaraa Cooqeeitiin qulqullaa'ee bu'aan dhiyaatee jira. Kanaafuu, dhaabbatni himatamaa himattootaaf qarshii himatni irratti dhiyaate akka kanfaluuf jechuudhaan gahee tokkoo tokkoo himattootaa ibsuudhaan murteesse ture.

Himatamaan jalaa (iyyataan ammaa) murtii mana murtii ol'aanaa godinichaa kenne kana komachuudhaan ol-iyyannoo Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Giddugaleessatti kan dhiyeeffate yoo ta'ellee, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha

Giddugaleessaas komii dhiyaateef bu’uura godhachuudhaan galmees qoratee ajaja sagalee caalmaadhaan kenneen, murtiin mana murtii ol’aanaa godinichaa kenne hanqina hin qabu jechuudhaan bu’uura S/D/F/H/H. Kwt. 337tiin cimseera. Iyyataan ammaa murtiin manneen murtii jalaa dogoggoora seeraa isa bu’uuraa qaba jedhee akka sirratuuf iyyatni dhaddacha ijibbaataa kanatti dhiyeeffate gabaabumatti, ragaan Qorannoo Qonnaa Hoolotaa irraa dhiyaate du’aatii kanniisotaaf qorannoo ol’aanaaf akka barbaadu osoo ibsamee jiruu keemikaala dhaabbatni iyyataa abaabootti biifeen kannisotni waamamtootaa du’an jedhamee murtiin kenname dogoggoora seeraa kan qabu ta’uu isaa, dhaabbatni iyyataa hojii oomisha abaaboo oomishuu erga eegalee waggaa 13 kan ture yoo ta’u, hanga guyyaa waamam tootni kanniisotni nu jalaa du’an jedhaniitti rakkoon akkanaa kun kan hin mudanne waan ta’eef kanniisotni himattootaa sababa keemikaala abaabootti biifameen kan dhuman ta’uu ragaa gahaa fi amansiisaadhaan osoo hin mirkanaa’iin murtiin kenname dogoggoora ta’uu isaa, keemikaalli “klik spray on sheep blow flay” ragaa walfalmitootaatiin hin dhiyaanee fi kan akka dhiyaatullee hin gaafatamiin bu’uura godhachuudhaan manni murtii jalaa murtiin kenne dogoggoora seeraa isa bu’uuraa kan qabu dha. Akkasumas tilmaamni dhiyaate osoo sirriitti hin qulqullaa’iin murtiin tilmaama waamamtootni dhiyeessaniin murtaa’uun isaa dogoggoora seeraa isa bu’uuraa kan qabu dha kan jedhuu fi kkf caqasuudhaan murtiin manneen murtii jalaa akka diigamuuf gaafateera.

Waamamtootnis gama isaaniitiin karaa bakka bu’oota isaaniitiin komii dhiyaateef deebii guyyaa 11/06/2012 barreessanii dhiyeessaniin, kanniisootni keenya kan oomisha dammaa itti argannu sababa abaaboo keemikaala iyyataan itti biife xuuxanii ykn nyaatanii fi iyyataan ofeeggannoo gochuu qabu gochuu dhabuu isaaniitiin summaa’anii kan

dhuman ta'uun ragaa namaa fi barreeffamaatiin mirkaanaa'ee jira waan ta'eef murtiin mana murtii jalaa dogoggoora seeraa isa bu'uura kan qabu miti kan jedhuu fi kkf bal'inaan falmii manneen murtii jalaatti kaasanii falmaa turan irra deebi'anii ibsuudhaan murtiin manneen murtii jalaa akka cimuuf gaafatanii jiru.

Seenaan falmichaa kan armaan olitti ibsame kana yoo ta'u, nutis falmii dhiyaate seera rogummaa qabu waliin walbira qabnee yoo ilaallu ijooon murtii argachuu qabu kanniisotni waamamtootaa sababa keemikaala iyyataan oomisha abaaboo isaa irratti biifeen kan du'an moo miti? Iyyataan ilbiisota faayidaa qaban kan akka kanniisaa fi kkf akka keemikaala fayyadameen hin duune of-eeggannoon godhe jiraa? Tilmaamni dhiyaate dogoggoora ni qabaa? kan jedhuu fi kkf qabannee dhimmicha madaallee jirra.

Galmee haadhoo dhiyeessifnee akka ilaalletti iyyataan keemikaala “klik spray on sheeps blow flay” jedhamu kana abaaboo oomishutti yeroo hunda sa'atii osoo addaan hin baafanne kan itti naqu ykn itti biifu ta'uun hubatamee jira. Kana malee sababa kanaan kanniisotni waamamtootaa summaa'anii kan dhuman ta'uu iddoo oomisha abaaboo iyyataa, karaa fi gaagura kanniisota kanaa keessatti kan argame ta'uu ragaa namaa fi koree qaama mootummaa irraa ijaaramanii dhimmicha qoratan irraa mirkanaa'ee jira. Kanaafuu, sababni du'aatii kanniisotaa keemikaala iyyataan abaabootti biife ta'uun mirkanaa'ee jira jechuu dha. Gama biraatiin keemikaala iyyataan ilbiisota abaaboof jedhe biife kun kanniisa illee ajjeesuu akka danda'u ogeessa Inistiitiyuutii Qonnaa Oromiyaa irraa gabaasa yaada ogummaa dhiyaateen hubatamee jira. Kanaafuu, sababa gochaa balleessaa iyyataa ammaa kanaatiin mirga galiin waamamtoota irratti miidhaan waan gaheef bu'uura S/D/F/H/H/

kw.2028tiin waamamatootaaf beenyaa haa kanfalu jedhamee murtaa'uun dogoggoora kan qabu miti. Hanga beenyaa murtaa'e ilaalchisee akkuma murtii mana murtii ol'aanaa godinichaa keessatti ibsame waajjira sadii irraa ogeeyyiin dhimmi ilaallatu walitti bobba'anii tilmaama oomisha dammaa waamamtootni kanniisa horsiisuun argachaa turan akka dhiyeessan mana murtiichaatiin kan ajajamanii turan yoo ta'u, tilmaamni sana dura hojjatamee ergame sirrii ta'uu ibsuun deebii kan kennan waan ta'eef gama kanaan murtiin mana murtichaa tilmaama ogeessaa irratti hundaa'amee tokkoon tokkoo waamamtootaa galii dhaban kan murtaa'e waan ta'eef tilmaama ilaalchisee komiin gama iyyataatiin dhiyaate kan komachiisu miti.

Walumaagalatti murtii mana murtichaa falmii fi ragaa dakatti dhiyaate waliin akka ilaalletti dogoggoora seeraa isa bu'uuraa dhaddacha kanaan ilaalamuu malu kan qabu ta'ee waan hin argamneef, akkasumas ijoowwan hedduun iyyataan ammaa bifa komiitiin dhaddacha kanatti dhiyeesse dogoggoora seeraa kan agarsiisan osoo hin taane dogoggoora firii dubbii fi madaallii ragaa waan ta'eef, dhaddachi ijibbaataa kun immoo aangoon abbaa seerummaa kennameef dogoggoora seeraa isa bu'uuraa ilaaluuf malee dogoggoora seeraa firii dubbii fi madaallii ragaatiin walqabatan ilaaluuf akka hin taane labsii lakk.216/2011 kw. 26 (3.d) irraa hubachuun waan danda'amuuf, sababoota kanaa fi kanneen armaan olitti xiinxala murtii kana keessatti ibasamaniif murtiin mana murtii jalaa dogoggoora seeraa isa bu'uuraa dhaddacha kanaan ilaalamuu malu hin qabu jennee sagalee guutuudhaan akka cimurteessinee jirra.

Ajaja

1. Murtiin Manni Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee galmee lakk.34301 ta'e irratti dhaddacha guyya 26/03/2012

ooleen kennee fi ajajni Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Giddugaleessaa galmee lakk.321987 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 01/05/2012 ooleen kenne dogoggoora seeraa isa bu'uura ta'e waan hin qabneef bu'uura S/D/F/H/H/ kew.348(1) tiin akka cimu murtaa'ee jira.

2. Dhorkaan galmee kana irratti kenname ka'ee jira. Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinneetiif haa darbu jennee jirra.
3. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanaa kan ofii ofii haa dandaa'an jenneerra.
4. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaatiif haa ergamu.
5. Galmeen murtii dhumaa waan argateef cufameera.
6. Galmeen mana galmeetti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa shan hin dubbifamne jira.

Lakk.Galmee 332400

Guyyaa 06/08/2012

Abbootii Seeraa:- 1. Guyyoo Waariyoo

2. Fiixaa Dachaasaa

3. Huseen Kamaal

4. Urgaa Geetaahuun

5. Masfiin Geetaachoo

Iyyataan:- Obbo Gonfaa Raggaasaa.

Waamamtoota:-1 Aadde Zinnaash Abarraa

2. Dar. Abbuush Darajjee

Galmee qorannee murtii kanaa gadii kennineerra.

Murtii

Iyyatni kun dhaddacha ijibbaataa kanaaf kan dhiyaate murtii Manni Murtii Waliigalaa Dhaddachi Giddugaleessaa lakk.G.322900 ta'e irratti dhaddacha gaafa 13/06/2012 ooleen murtii Manni Murtii Aanaa Ada'aa murteesse, Manni Murtii Ol'aanaa G/Sh/Lixaa cimse foormiin cimsee murteesse dogoggoora seeraa qaba jechuun akka sirratu waan gaafateef dha.

Ka'umsi falmichaas himata waamamtootni ammaa gaafa 25/02/2012 barreessanii dhiyeessaniin, Obbo Darajjee Gonfaa, himattuu 1ffaa fi abbaan manaa himataa 2ffaa fi abbaa kan ta'u dhibee irra buleen gaafa 14/04/2010 du'ee awwaalameera. Du'aan yeroo lubbuun jiru waliigaltee fuudhaa fi heerumaa gaafa 21/10/2007 barreeffameen qabiyyee lafa abbaa isaa himatamaa kana irraa argate naaf lakkaa'ee baargamoo irra dhaabbanne daa'ima himataa 2ffaa kana godhannee osoo waliin itti fayyadamaa jirruu irraa du'ee himatamaan (iyyataan ammaa) baargamoo qabiyyee lafa kana irra jiru tilmaama qarshii 14,000 baasu nama Guutaa

Bayyanaa jedhamutti gurguratee waan jiruuf tilmaama isaa qarshii 14,000 akka nuuf kaffalu jechuun waan himataniif yeroo ta’u; iyyataan ammaas deebii gaafa 12/03/2012 kenneen qabiyyeen falmiin irratti ka’e qabiyyee dhuunfaa kooti bara 1983 jalqabee waggaa 29 guutuu itti fayyadamaan jira waan ta’eef waamamtootni mirga irraa hin qaban; waliigaltee fuudhaa fi heerumaa irratti ani wantan mallatteesse hin jiru; waliigaltee sobaa qopheessitee dhiyeeffatte waan ta’eef himanni dhiyaate kufaa naaf haa ta’u jechuun deebiseera. Guyyaa falmii afaanii iyyataan ammaa waan hin dhiyaanneef bu’uura S/D/F/H/H lakk.70(A) tiin falmii kessaa baasuun ragaa waamamtoota ammaa qofaa dhaga’uun qabiyyeen falmiif sababa ta’e waamamtuun ammaa yeroo du’aa waliin walfuudhan waliigaltee fuudhaa fi heerumaa irratti kan lakkaa’ameefii jiru ta’uuf baargamoo irra dhaabbatan itti fayyadamaa jiraachuu iyyataan baargamoo kana irraa muratee gurgurachuu dubbatanii waan jiranuuf qabiyyeen kun walakkaan kan waamamtuu 1ffaa walakkaan ga’een du’aa immoo kan waamamaa 2ffaa waan ta’eef, iyyataan ammaa tilmaama baargamoo irraa gurgurate qarshii 14,000 fi kan abbaa seerummaa qarshii 556 dabalatee akka kaffalu murteesse. Iyyataan ammaas murtii kana komachuun mana murtii ol’aanaaf Mana Murtii Waliigalaa Dhaddacha Giddugaleessaa kanatti ol’iyyatullee manneen murtii lamaan kun murtii manni murtii aanaa murteesse bu’uura S/D/F/H/H lakk.337 tiin foormiin cimsanii murteessaniiru.

Iyyataan ammaa kun murtii manneen murtii jalaa sadanuun murteessan kana komachuun iyyata gaafa 11/06/2012 barreessee dhaddacha kanaaf dhiyeesseera. Komiin isaas gabaabinaan manni murtii aanaa beellama gaafa 30/03/2012 ragaa akkan dhiyeeffadhu ajaje ragaan koo na jalaa hafnaan bira darbee ragaa waamamtootaa qofa dhaga’uun mirga walqixa dhaga’amuu kootii sarbuun murtiin kenne himata narratti dhiyaate

irratti deebii kennadhe guyyaa falmii afaaniif bellamametti rakkoo na quunnameen kanan hafe ta'uu osoon ibsadhuu falmii keessaa na baasullee guyyaa ragaaf beellamametti ragaan waamamtuu qofaan akka dhiyaatu ajajamee osoon dhaddacha irra jiruu ragaa garee tokkoo qofa dhaga'uun mirga gaaffii qaxxaamuraa dhiyeeffachuu kootiillee sarbuun ragaan waliigaltee kennaan dhiyaate mirkanaa'ee fi baargamoon maqaa du'aatiin galmaa'e jiraachuu ibsu qaama ilaallatu irraa dhiyaatee osoo hin jiraatin murtiin kenname dogoggoora seeraa waan qabuuf diigamee mana murtii aanaatti gadi deebi'ee ragaan bitaa fi mirgaa dhaga'amee murtiin akka irratti kennamu naaf haa murtaa'u jechuun gaafateera.

Dhaddachi kunis komii dhiyaate qorachuun ijoo ragaan iyyataa dhaddachatti dhiyaate osoo hin dhaga'amin bira darbamuun isaa sirrii ta'uu fi dhiisuu qulqulleessuuf waamamtootni deebii akka irratti kennan ajaje. Deebii kennitootni deebii gaafa 02/07/2012 iyyataan komiin inni guyyaa falmii afaaniif ragaan koo osoo hin dhaga'aamin bira darbame jechaa jiru mana murtii aanaatti bu'uura S/D/F/H/H lakk. 78 tiin dhiyaatu malee sadarkaa kana irratti kan dhiyaatu miti; qabiyyee falmiin irratti ka'e ilaalchisee iyyataan ammaa du'aa abbaa manaa kootiif osoo ani itti hin heerumin dura kenneefii du'aan baargamoo walakkaa erga irra dhaabee booda yeroo walfuunu naaf lakkaa'eetti iyyataan mormiin dhiyeesse tokko osoo hin jiraatiin baargamoo walakkaa waliin irra dhaabne itti fayyadamaa jirru amma abbaan manaa koo duunaan kan na jalaa gurgurate ta'uun mirkanaa'ee waan murtaa'eef iyyatni isaa kufaa ta'ee murtiin manneen murtii jalaa akka naaf cimuu jechuun gaafattetti. Falmiin bitaa fi mirgaa kan kanaa olii ta'ee galmeen komii dhiyaateef deebii kennameefi seera rogummaa qabu waliin qoratamee akka ilaalametti manni murtii aanaa iyyataa ammaa guyyaa falmii afaaniif beellamee bira darbuu isaatiif ragaa iyyataa osoo hin dhaga'in murtii kennuun isaa sirrii dhaa? kan jedhu

ta'eera. Akka tumaan S/D/F/H/H lakk.70(A) himatamaan waamichi mana murtii sirriitti isa dhaqqabuun mirkanoofnaan guyyaa falmii dhaga'uuf beellamametti hafnaan bira darbuun bakka hin jirretti falmii gaggeessuu akka danda'u ni addeessa. S/D/F/H/H lakk.72 immoo himatamaan guyyaa falmiin gaggeeffamu hin dhiyaatiin hafee beellama itti aanutti dhiyaatee sababa gahaa fi amansiisaa yoo qabaate akka falmiitti deebi'u gaafachuu akka danda'u gaafatee manni murtii yoo sababni isaa gahaa dha jedhee yoo fudhatee fi keessa galee akka falmatu kan hayyamuuf ta'uu ni ibsa; yoo manni murtii hayyamuufii baate osoo ragaa fi falmii gahaa hin dhiyeeffatin murtiin kennameera taanaan bu'uura S/D/F/H/H lakk.78tiin mana murtii sanatti iyyata dhiyeeffachuu akka qabu ni tuma. Dhimma of harkaa qabnu kanatti yeroo deebinu akka iyyataan komii isaatiin ibsaa jirutti guyyaa falmiis sababa rakkinaatiin beellama irraa hafuu isaa fi beellama itti aanutti sababa isaa ibsatee falmiitti makamuuf waanti gaafate kan hin jirree fi ragaa deebii isaa keessatti tarreessee guyyaa beellamaatti dhiyeeffatee mana murtiitti iyyatee iyyatni isaa kufaa ta'uu waanti inni ibsee gaafataa jiru kan hin jirre ta'uu bu'uura S/D/F/H/H lakk.78 akka ragooliin isaa dhiyaatanii dhaga'aman gaafate jiraachuu waanti agarsiisu hin jiru. Dhaddacha kanattis murtii kenname keessatti dogoggorri seeraa uumame jiraachuu ibsee komiin dhiyeeffate hin jiru waan ta'eef murtiin manneen murtii jalaatiin kenname keessatti dogogoorri seeraa raawwatame dhaddacha kanaan sirraa'uu danda'u hin jiru jennee murtii manneen murtii jalaa cimsuun murteessineerra.

Ajaja

1. MurtiinManniMurtiiWaliigalaaOromiyaaDhaddachiGiddugaleessaa lakk.G. 322900 ta'e irratti dhaddacha gaafa 13/06/2012 ooleen murtii Manni Murtii Aanaa Ada'aa murteesse, Manni Murtii Ol'aanaa G/Sh/ Lixaa foormiin cimse bu'uura S/D/F/H/H lakk.337tiin cimse bu'uura

S/D/F/H/H lakk.348(1) tiin cimsineerra.

2. Dhorkaan dhaddacha kanaan kenname yoo jiraate murtii kanaan ka'eera.
3. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaa haa dhaqqabu.
4. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanaa bitaa fi mirgi of haa danda'an.
5. Galmeen cufameera mana galmeetti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa shan hin dubbifamne jira

- Abbootiin Seeraa:-
1. Guyyoo Waariyoo
 2. Fiixaa Dachaasaa
 3. Huseen Kamaal
 4. Urgaa Geetahuun
 5. Masfiin Geetaachoo

Iyyataan:- Obboo Qaasiim Nageessoo

- Waamamaan:-
1. Aade Tsahaay Geetahuun
 2. Obbo Maammaa Taaddasaa

Galmee qorannee murtii kanaa gadii kennineerra.

Murtii

Galmeen kun banamee Dhaddacha Ijibbaataa kanaaf dhiyaachuu kan danda'eef iyyataan iyyannoo guyyaa 28/05/2012 barreessee dhiyeeseen murtiin Manni Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Naannawaa Finfinnee lakk.Galmee 35734 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 01/04/2012 ooleen kennee fi ajaja Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Siiviilii G/ Galeessaa galmee lakk. 321545 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 14/05/2012 ooleen kenne kan dogoggoora seeraa isa bu'uuraa qabu dha jechuudhaan akka sirratuuf waan gaafateefi dha.

Ka'umsi dhimmichaa himannaa himattuun jalaa (waamamtuu Iffaan ammaa) himatamtoota jalaa (wamamaa 2ffaa fi iyyataa ammaa) irratti mana murtii ol'aanaa godinaatti dhiyeessiteen yoo ta'u, qabiyyeen himatichaa gabaabinaan:- qabeenyaa dhirsaa fi niitummaadhaan himatamaa Iffaa jalaa (waamamaa 2ffaa ammaa) waliin horanne mana jireenyaa Magaalaa Sabbataa Ganda 06 keessatti argamu qorqorroo luukii

30n kan haguugame lafa kaareemeetira 650 irra kan qubate daangaan isaa Bahaan Hashiim Ahimad, Lixaan Ziyiin Mohaammad, Kaabaan Musaa Hasanii fi Kibbaan daandiidhaan kan daangeffamuu fi maqaa himatamaa Iffaatiin galmaa'ee jiru kan sababa ani himattuun karaa biyya alaa deemuuf ka'ee ture mana kana ilaalchisee himatamaa Iffaaf aangoo bakka bu'ummaa lakk. Qa/06/5669/1/08/ guyyaa 21/03/2008 barreeffame kanan kenneefii ture yoo ta'u, himatamaa kana irraa amantaa waanan dhabeef bakka bu'ummaan kenneefii ture gaafa guyyaa 15/04/2008 irraa buuseen ture. Haa ta'u malee, himatamaa Iffaan kun osoon bakka bu'ummaa kenneef irraa hin buusin guyyaa tokko dursee gaafa guyyaa 14/04/2008 bakka bu'ummaa ani kenneefii ture xalayaa lakk. Qa.6/6497/1/2008 ta'e barreeffameen dabarsee bakka bu'ummaa guutuu himatamaa 2ffaaf kennee jira. Kana malees, waliigaltee guyyaa 30/03/2008 barreeffameen himatamaa Iffaan mana waliinii keenya kana qarshii 400,000.00 (kuma dhibba afuriin) himatamaa 2ffaatti gurguree jira jedheera. Haa ta'u malee, qarshii bittaa gurgurtaa kana himatamaa Iffaan hin fudhanne; himatamaa 2ffaanis mana kana of harkaan gahatee kan keessa jiraate osoo hin taane hanga yoonaaatti himatamaa Iffaa harka jira. Anis biyya alaa waanan tureef waliigalteen bittaa fi gurgurtaa mana kana ilaalchisee himatamtoota gidduu jiraachuu kanan bare falmii dhirsaa fi niitummaa ana himattuu fi himatamaa Iffaa gidduutti lakk. Galmee 04355 ta'e irratti himatamaa 2ffaaf mana kana bittaaadhaan argadhe jedhe qabeenyaa kiyya waan ta'eef qooddii qabeenyaa dhirsaa fi niitii keessa galuu hin qabu jedhee iyyannoo jidduu galummaa guyyaa 19/10/2010 barreessee dhiyeesseera. Kanaafuu, himatamtoonni kaayyoon waliigaltee kana raawwataniif gurgurtaa fakkeessuudhaan mirga niitummaadhaan mana kana irraa qabu gahee koo akkan hin qooddanne na dhabsiisuuf itti yaadamee osoon ani hin beekne waliigaltee taasifame waan ta'eef waliigaltichi akka naaf diigamu kan jedhu ture.

Himatamtoonni jalaa himannaa irratti dhiyaateef deebii kan kennanii ture yoo ta'u, himatamaa 1ffaan deebii isaa keessatti himattuu waliin dhirsaa fi niitii ta'uu fi ijoollee lama walirraa kan qaban ta'uu, jireenya isaanii fooyyeffachuuf mana falmiif sababa ta'e kana gurguranii himattuun gara biyya alaa biyya Dubaay akka ittiin deemtuu fi kan hafe immoo ijoollee isaanii itti guddisuuf waliigalanii manni kun bakka bu'ummaa guutuu himattuun kenniteef irratti huda'amee himatamaa 2ffaatti kan gurgurame ta'uu, haaluma waliigalaniin qarshii 61,110.00 baasiin bahee himattuun gara biyya alaa kan deemte ta'uu, haa ta'u malee himattuun erga biyya alaa deemtee waggaa lamaaf kan wal hin argine ta'uu fi erga deebitees mana maatii isheetti galtee diiggaa gaa'eelaa kan gaafatte ta'uu, walumaagalatti manni kun osoo isheen jirtuu kan gurguramee fi isheen waliigaticha kan beektu ta'uu fi gatiin gurgurtaa manichaatis faayidaa waliiniitiif kan oole waan ta'eef sababa waliigaltichi diigamuuf kan hin jirre ta'uu ibsuudhaan deebii kennee kan ture yoo ta'uu; himatamaa 2ffaan jalaa immoo bakka bu'iinsa guutuu himattuun mana kana akka gurguru himatamaa 1ffaaf kennite irratti hundaa'ee waliigaltee guyyaa 30/03/2008 barreeffameen mana falmiif sababa ta'e kana qarshii 400,000.00 kan bite ta'uu, mana kanas erga biteen booda mana dabalataa qarshii 30,000.00 itti dabalee kan ijaare ta'uu, dallaas qarshii 45,000.00n gatii himannaa qarshii 10,050.00 itti baasee kan haaromsee qabate waan ta'eef sababiin waliigalteen diigamuuf kan hin jirre ta'uu, waliigalteen kun kan diigamu yoo ta'e immoo gatii bittaa manaa fi baasii dabalataa mana dabalataa fi dallaa ijaaruuf baase walumatti qarshii 485,000.00 dhala isaa 9% waliin akka kanfalamuuf ibsuudhaan deebii kennee ture.

Kana malees himattuun falmii barreeffaamaan himannaa ishee keessatti ibsite cimsuun falmii afaanii kan dhageessiftee ture yoo ta'u, himatamtoonni deebii barreeffamaa keessatti ibsaniin walqabsiisani

manni falmii kaase kun bittaa fi gurgurtaa himatamtoota gidduutti taasifameen manni falmii kaase kun kan himatamaa 2ffaa harka galee fi waliigaltichis sirrii ta'uu isaa, mana murtii ol'aanaa godinichaattis falmii dhirsaa fi niitummaatti keessatti iyyannoo jidduu galummaa himatamaa 2ffaan dhiyeessee ture ol'iyyannoodhaan ilaalee murtii galmee lakk. 34815 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 04/06/2011 ooleen kenneen manni falmii kaase kun kan himatamaa 2ffaan bittaa fi gurgurtaan guyyaa 30/03/2008 barreeffameen bakka bu'ummaa seera qabeessa irratti hundaa'ee godhameen kan bitate ta'uu ibsee kan murteesse ta'uu fi murtiin kunis ol'iyyannoodhaan kan hin diigamne ta'uu fi kkf caqasuudhaan falmii afaanii keessatti kaasanii falmanii ture.

Manni murtii ol'aanaa godinichaattis falmii ragaa namaa fi barreeffamaa bitaa fi mirgaan dhiyaatan dhagahee ilaalee erga qulqulleeseen booda murtii kenneen himatamaa 1ffaan bakka bu'iinsa himattuun kenniteef seeraan ala itti fayyadamuudhaan mana jireenyaa waliinii kana fedhii fi beekamtii himattuutiin ala seeraan himatamaa 2ffaa waliin walfayyaduuf jecha himatamaa 2ffaatti kan gurgure ta'uu ragaadhaan waan mirkanaa'eef waliigalten bittaa fi gurgurtaa mana jireenyaa himatamtoota gidduutti gaafa guyyaa 30/03/2008 raawwate kun bu'uura S/H/H/ kwt. 2187(1) tiin haqameera (diigameera) jechuudhaan murteesse ture.

Himatamaa 2ffaan jalaa (iyyataan ammaa) murtii mana murtii ol'aanaa godinichaa kenne kana komachuudhaan ol'iyyannoo Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Hariiroo Hawaasaa G/Galeessaatti kan dhiyeeffate yoo ta'ellee, Manni Murtii Waliigalaas komii dhiyaateef bu'uura godhachuudhaan galmee qoratee ajaja kenneen, murtiin mana murtii ol'aanaa godinichaatiin kenname hanqina hin qabu jechuudhaan bu'uura S/D/F/H/H/ Kwt.337tiin cimseera.

Iyyataan ammaa murtiin manneen murtii jalaa dogoggoora seeraa isa bu'uuraa qaba jedhee akka sirratuuf iyyanni dhaddacha ijibbaataa kanatti dhiyeeffate gabaabumatti, waamamtuu 1ffaan ammaa gama ishee ilaallatuun manni kun akka gurguramu bakka bu'ummaa guutuu waamamaa 2ffaa kennitee bu'uura aangoo bakka bu'ummaa guutuu argateen waamamaa 2ffaan gahee isaa fi gahee waamamtuu 1ffaa yeroo aangoo qabu keessatti karaa seera qabeessaan mana falmii kaase kana iyyataa ammaatti kan gurgure ta'uu ragaa sanadaatiin mirkanaa'ee osoo jiruu manni murtii jalaa waamamtuu 1ffaan gurgurtaan manaa kun raawwatamuu hin beektu yookiin beekamtii isheetiin ala raawwatame jedhamee waliigaltichi akka diigamu murtiin kenname dogoggora seeraa isa bu'uuraa ti. Ragoonni waamamtuu 1ffaa mana murtii jalaatti dhagaa'aman illee jecha kennan keessatti waamamtuu 1ffaan waggaa lama booda biyya alaa turtee yommuu deebitu mana kanatti akka hin gallee fi mana maatii ishee teessee diiggaa gaa'eelaa akka gaafatte ibsanii jiru.

Kana jechuun immoo waamamtuun kun duruma mana kana gurguramuu kan beektuu fi qarshii gurgurtaa manichaa keessaa baasiin godhamee biyya alaa kan deemte ta'uu argisiisa. Manni kun osoo waamamtuu 1ffaan jirtu gaafa 30/03/2008 kan iyyataatti gurgurame yoo ta'u waamamtuu 1ffaan immoo gaafa guyyaa 26/04/2008 biyya alaa adeemuu ragoonni ishee mataan isaanii waan ibsaniif waamamtuun 1ffaan gurguramuu manichaa hin beektu kan nama jichisiisu miti. Waa'ee mana falmii kaasee ilaalchisee falmii qooda qabeenya dhirsaa fi niitii waamamtuun 1ffaan ammaa Mana Murtii Aanaa Magaalaa Sabbataatti dhiyeessite irratti iyyataan ammaa manni kun gurgurtaan kan itti darbe ta'uu ibsee qooda keessaa akka bahuuf iyyannoo giddu galummaa dhiyeessee kan ture yoo ta'u, manni murtii aanichaa iyyata giddu galumama iyyataa ammaa

kufaa yoo godhellee ol'iyyannoodhaan mana murtii ol'aanaa GAONF ol'iyyata murtii MMA kufaa ta'ee manni kun kan iyyataa ammaa ta'uu murtaa'eefii kan ture yoo ta'u, murtii mana murtii ol'aanaa kunis Mana Murtii Waliigalaatti dhiyaatee galmeee lakk. 297737 ta'e irratti kan cime ta'uu ibsee falmaa osoon jiruu dhimma tokko irratti mana murtii tokko keessatti murtii adda addaa akka kennamu gochuun dogoggora seeraa isa bu'uuraati.

Manni falmii kun yeroo inventariin lafaa fi manneen Magaalaa Sabbataa gaggeeffamee turetti maqaa iyyataa ammaatiin kan galmeeffamee ture ta'uu Waajjirri Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa fi Manaajimentii Lafa Magaalaa Sabbataa xalayaa lakk. EMMML/16010/11 guyyaa 12/07/2011 barreesseen irraa hubatamee osoo jiruu waliigaltee seera qabeessaan mana maqaa kiyiyatti darbe waliigalteen akka diigamu murtiin kenname dogoggoora seeraa isa bu'uuraa kan qabu dha. Waliigalteen tokko akka diigamu yoo murtaa'e hanga danda'amutti gareen waliigalticha uuman bakka duraan jiranitti akka deebi'an murtaa'uu qaba. Haa ta'u malee, waliigalteen kun jiraachuu bakka hin haalamnetti qarshiin bittaa mana kanaaf baasee fi ijaarsa dabalataa manicha irratti raawwachuuf baasiin baase akka naaf deebi'u osoo hin murtoofne duuchumatti iyyataan sababa diiggaa waliigaltichaatiin kisaaraa irra gahe gaafachuu ni danda'ama jedhamee murtiin kenname dogoggoora seeraa isa bu'uuraa kan qabu dha kan jedhuu fi kkf kaasuudhaan bal'inaan ibsee murtii mana murtii jalaa akka diigamuuf gaafateera.

Waamamtoonnis komii dhiyaateef deebii qofa qofaatti kan kennan yoo ta'u, waamamtuu 1ffaan deebii guyyaa 18/06/2012 barreessitee dhiyeessiteen, waamamaa 2ffaa waliin mana falmii kaase kana dhirsummaa fi niitummaan kan waliin horanne waan ta'eef ragaa abbaa

qabiyyee manichaa baasuuf bakka bu'ummaan na barbaachise jedhee waan na mookseef bakka bu'ummaa guyyaa 21/03/2008 kanan kenneef yoo ta'ellee na gowwoomsuuf yaaduu isaa waanan hubadheef bakka bu'ummaa kana gaafa guyyaa 15/04/2008 irraa kaaseen jira. Iyyataan mana falmii kaase kana waamamaa 2ffaa irraa bite haa jedhu malee guyyaa tokkollee mana kana harka ofii galfatee itti ajajee hin beeku. Manni kun hanga yonaatti to'annaa waamamaa 2ffaa jalaa hin baane. Waliigalteen iyyataa fi waamamaa 2ffaa gidduutti raawwatame jedhame kunis seeraan qaama aangoo qabu biratti kan hin galmooftne waan ta'eef humnaan dirqisiisuu hin qabu. Ragoonni kiyyaallee haaluma kanaan naaf mirkaneessanii jiru kan jedhuu fi kkf bal'inaan kaasuudhaan murtiin mana murtii jalaa dogoggoora seeraa waan hin qabneef akka naaf cimuu jechuudhaan deebii kennitee jirti.

Waamamaa 2ffaan gama isaatiin deebii guyyaa 18/06/2012 barreesseen mana falmii kaase kun qabeenyaa waliinii ta'uu ibsee mana kana gurguruuf waliigalanii fedha waamamtuu 1ffaatiin bakka bu'ummaa guutuu kenniteefii manichi kan iyyataa ammaatti gurgurame ta'uu, gatiin gurgurtaa manichaallee faayidaa waliinii isaanitiif kan oole ta'uu, mana falmii kaase kana ilaalchisee waamamtuu 1ffaan qabeenyaa dhirsaa fi niitii jettee akka qoodamuuf kan dhiyeeffate yoo ta'u, iyyataan ammaa qabeenya kana kan isaa ta'uu iyyata gidduu galummaa dhiyeeffate ture manni murtii aanichaa galmee lakk. 04355 ta'e irratti kufaa yoo godhellee iyyataan ammaa mana murtii Ol'aanaa GAONFtti ol'iyyatee galmee lakk.34815 ta'e irratti murtii mana murtii aanichaa diigee qabeenyaa fi qabiyyeen falmii kaase iyyataan bittaa kan argte ta'uu ibsee waamamtoonni ammaa mirga kan irraa hin qabne ta'uu murteesseera. Murtiin mana murtii ol'aanaa godinichaatis MMWotti ol'iyyatamee Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa galmee lakk. 297737 ta'e irratti

murtii mana murtii ol'aanaa godinichaa kan cimse ta'uu isaa fi kkf bal'inaan falmii manneen murtii jalaatti kaasee falmaa ture irra deebi'ee ibsuudhaa manni falmii kaase kun karaa gurgurtaa seera qabeessaan iyyataa ammaatti kan darbe waan ta'eef murtiin mana murtii ol'aanaa godinichaa akka diigamu jechuudhaan haala iyyata komii iyyataa ammaa deggaruun deebii kenneera.

Seenaan falmichaa kan armaan olitti ibsame kana yoo ta'u, nutis falmii dhiyaate seera rogummaa qabu waliin walbira qabnee yoo ilaallu ijoon murtii argachuu qabu waliigalteen guyyaa 30/03/2008 mana falmii kaase kana ilaalchisee godhame diigamuuf sababni dandeessisu jiraa? Mana falmii kaase kana ilaalchisee kan falmii amma qabne kana dura murtiin mana murti ol'aanaa godinichaatiin galmee lakk.34815 ta'e irratti kenname jira moo hin jiru? Murtiin kenname kana irratti manni falmii kaase kun qabeenyaa bittaaadhaan iyyataa ammaatti darbe jedhamee qooda qabeenyaa dhirsaa fi niitii keessaa akka bahu murtaa'eera moo miti? kan jedhuu fi kkf qabannee dhimmicha madaallee jirra.

Galmee kanaa fi galmee haadhoo falmiin mana murtii guutuu irratti gaggeeffame dhaddacha siivilii Mana Murtii Waliigalaa irraa dhiyeessifnee akka ilaalletti waamamtoonni dhirsaa fi niitii akka turan, gaa'eela isaanii keessatti mana falmii kaase kana akka horatanii fi manichi qabeenyaa dhirsaa fi niitii waamamtootaa akka ture, waamamtuu 1ffaan gara biyya alaa deemuu waan barbaaddeef mana waliinii isaanii kana irratti waamamaa 2ffaan bakka ishee bu'ee akka gahee ishee irratti ajaju akka danda'u manicha gurguruu dabalatee aangoo bakka bu'ummaa gaafa guyyaa 21/03/2008 barreeffame kenniteefii jirti. Waamamtuu 1ffaan guyyaa bakka bu'ummaa guutuu manichaa akka gurguruu dabalatee aangoo bakka bu'ummaa waamamaa 2ffaaf kennite irraa eegalee

manni kun gurguramuu akka danda’u ni beekti yookiin akka manichi gurguramu fedhii ishee kennite jedhamee tilmaamama. Bu’uuruma fedha (consent) ishee karaa bakka bu’ummaa waamamaa 2ffaaf kenniteen ibsiteen waamamaa 2ffaan aangoo bakka bu’ummaan kennameef irratti hundaa’ee gahee ishee dabalatee yeroo aangoo qabu keessatti waliigaltee guyyaa 30/03/2008 barreeffameen iyyataa ammaatti dabarsee gurguree jira. Waliigalteen tokko kan diigamu bu’uura S/H/H kwt. 1696-1704 jalatti irratti ibsameen fedhiin (consent) garee tokkoo dogoggoorsaan shira raawwatameen ykn humnaan kan argame yoo ta’e dha.

Gama dhimma amma qabanne kanaatti yoo deebinu, waamamtuu 1ffaan manni falmii kaase akka guguramu yookiin gurguramuu danda’u gaafa bakka bu’ummaa waamamaa 2ffaaf kennitee kaasee kan beektu waan ta’eef manni kun akka gurguramu fedhiin (consent) ishee keessa jira jechuu dha. Kana malees fedhiin ishee kun akka argame dogoggoorsaan, shiraan ykn humnaan ta’uu ifatti wanti mul’ate hin jiru. Manni kunis kan gurgurame yeroo waamamaa 2ffaan aangoo bakka bu’ummaa qabu keessattis gaafa guyyaa 30/03/2008 kan raawwatame waan ta’eef waamamtuu 1ffaan erga manichi gurgurtaadhaan iyyataatti darbee booda bakka bu’ummaa kennite gaafa guyyaa 15/04/2008 kaasuun ishee waliigaltee yeroo aangoo qabu keessatti godhame irratti garaagarummaan fidu hin jiru. Waamamtuu 1ffaan waamamaa 2ffaan na dogoggoorsuuf yaalii waan taasiseef itti dammaqee bakka bu’ummaa guyyaa 15/04/2008 irraa kaase jettee kan falmii keessatti ibsites yoo ilaalame dammaqinni ishee erga manichi gurguramee booda waan ta’eef waliigaticha diigisisuuf sababa gahaa hin ta’u. Kana malees, manicha iyyataan hin simanne yookiin hanga yoonatti waamamaa 2ffaa harka jira kan jedhame ilaalchisee mana kana ilaalchisee walharkaa fuudhiinsi raawwatamuu dhabuun qofti waliigaltichi akka waan hin godhamnetti

kan lakkoofsisu miti; akkasumas waliigaltichi akka diigamuuf sababa gahaa ta'uu hin danda'u. Kana malees, iyyattuun ammaa Mana Murtii Aanaa Magaalaa Sabbataatti diiggaa gaa'eela waamamaa 2ffaa waliin qabdu dhiyeessite sababeeffachuudhaan manni falmiif sababa ta'e kunis qabeenyaa waliinii dhirsaa fi niitii ta'uu ibsitee gaheen ishee akka qoodamuuf falmii galmee lakk. 04355 ta'e irratti kan dhiyeessite yoo ta'u, iyyataan ammaa manni amma falmii kaase kun bittaa gurgurtaa guyyaa 30/03/2008 raawwatameen kan isatti darbe ta'uu ibsee keessaa akka ba'uuf iyyannoo gidduu galummaa kan dhiyeesse yoo ta'u, manni murtii aanichaa iyyannoo gidduu galummaa isaa kana kufaa waan godheef ol'iyyannoo mana murtii ol'aanaa GAONFtti dhiyeeffatee manni murtii ol'aanaa godinichaatis dhiyeessisee bitaa fi mirgaan erga falmisiiseen booda murtii galmee lakk.34815 ta'e irratti dhaddacha guyyaa ooleen kenneen manni falmii kaase kun bakka bu'ummaa waamamtuun 1ffaan ammaa guyyaa 21/03/2008 waamamaa 2ffaa ammaatiif kenniteef irratti hundaa'amee waliigaltee guyyaa 30/03/2008 barreeffameen iyyataa ammaatti kan gurgurame ta'uu, waliigalteen bittaa gurgurtaa kunis hanqina kan hin qabne ta'uu, wamamtuu 1ffaan sababa bakka bu'ummaa kanaatiin miidhaan isheerra gahe yoo jiraate waamamaa 2ffaa gaafachuu irraa kan hafe waliigateen bittaa fi gurgurtaa manichaa iyyataa ammaa waliin godhame sababiin diigamuuf kan hin jirre ta'uu fi kkf bal'inaan ibsuudhaan murtii manni murtii aanicha galmee lakk.04355 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 27/03/2011 ooleen waa'ee iyyannoo gidduu galummaa iyyataa ammaa ilaalchisee kenne diiguudhaan manni falmii kaase kun qabeenyaa iyyataa ammaa ti jedhee murteesseera. Murtiin mana murtii ol'aanaa kun ol'iyyannoodhaan Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Siivilii Gidduugaleessaatti dhiyaatee galmee lakk.297737 ta'e irratti kan cime ta'uu murtiiwwan kenneen akka ragaatti galmee haadhoo waliin walqabatani dhiyaatan irraa hubachuun danda'amee jira.

Erga kana ta'ee manni murtii ol'aanaa mataan isaa murtii galmee lakk.34815 ta'e irratti kenneen manni falmii kaase kun qabeenyaa iyyataa ammaa ta'uu ibsee haalli manichatti abbaa qabeenyaa itti ta'e bittaa gurgurtaa guyyaa 30/03/2008 barreeffame kanaan ta'uu ibsee murteesse osoo jiruu ijoo dhuma walfakkaataa ta'e yookiin manuma kana irratti diiggaa waliigaltee waamamtuun ammaa dhiyeessite bu'uureeffatee waliigalteen guyyaa 30/03/2008 raawwatame seeraan ala jedhee waliigalticha diiguudhaan murtiin kenne murtii dura kennee waliin ifaan ifatti kan walfaallessu dha. Ijoo kana ilaalchisee iyyataanis ta'ee waamamaa 2ffaan mana murtii jalaatti kaasani kan falmaa turan yoo ta'u, himannaa waamamtuun ammaa diiggaa waliigaltichaa ilaalchiftee dhiyeessite kana bu'uura S/D/F/H/H/ kwt.5(1) fi 244(2,b) fi 245(2)tiin mormii sadarkaa duraatiin kufaa gochuu osoo qabuu kana bira darbee ijoo keessa seenee falmisiisee murtii kennuuyyuu hin qabu ture.

Walumaagalatti, murtii manni murtii ol'aanaa godinichaa waliigalteen bittaa gurgurtaa mana falmii kaase kanaa kan guyyaa 30/03/2008 godhame haa diigamu jedhee murteesse sababoota xiinxala bal'aa armaan olitti ibsame kana yoo madaallu dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan qabuuf murtiin manni murtii ol'aanaa godinichaa kennee fi ajajni murtii kanaa cimsuuf Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa kenne akka diigamu sagalee guutuudhaan murteessinee jirra.

Ajaja

1. Murtiin Manni Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Naannawaa Finfinnee lakk.Galmee 35734 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 01/04/2012 ooleen kennee fi ajaja Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Siivilii G/ Galeessaa galmee lakk.321545 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 14/05/2012 ooleen kenname dogoggora seeraa isa bu'uuraa

waan qabuuf bu'uura S/D/F/H/H/ KWT. 348(1) tiin akka diigamu murtaa'ee jira.

2. Waliigalteen mana falmii kanaaf sababa ta'e ilaalchisee gaafa guyyaa 30/03/2008 iyyataa ammaa fi Waamamaa 2ffaa ammaa gidduutti taasifame sababiin diigamuuf kan hin jirree fi dhimmi falmii kanaatis kana dura galmee MMO godincha lakk.34815 ta'e irratti falmamee murtii kan argate waan ta'eef himanni waamamtuun ammaa waliigaltee kana diigsisuuf dhiyeessite kufaa ta'uu qaba jedhamee murtaa'ee jira.
3. Dhorkaan galmee MMO Godina GAONF lakk.38885 ta'e irratti kenname ka'eera. Mana murtii jalaatiif haa barreeffamu.
4. Baasii fi kisaaraaa dhaddacha kanaa kan ofii ofii haa danda'an jenneerra.
5. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaatiif haa ergamu.
6. Galmeen murtii dhumaa waan argateef cufameera.
7. Galmeen mana galmeetti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa shan hin dubbifamne jira.

- Abbootii Seeraa:-
1. Guyyoo Waariyoo
 2. Fiixaa Dachaasaa
 3. Huseen Kamaal
 4. Urgaa Geetaahuun
 5. Masfiin Geetaachoo

Iyyataan:- Obbo Tashoomaa Alii

Waamamaan:- Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa

Galmee qorannee murtii kanaa gadii kennineerra.

Murtii

Iyyatni kun dhaddacha ijibbaataa kanaaf kan dhiyaate murtii balleessummaa fi adabbii Manni Murtii Ol'aanaa Godina Jimmaa lakk.G.47352 ta'e irratti dhaddacha gaafa 17/02/2012 ooleen murteesse, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbii Lixaa lakk.G.220912 ta'e irratti dhaddacha gaafa 21/05/2012 ooleen murtii balleessummaa cimsee adabbii fooyyessee murteesse dogoggoora seeraa qaba jechuun akka sirratu waan gaafateef dha.

Ka'umsi falmichaas himata lakk.09/05096 ta'e gaafa 10/02/2012 barreeffame Abbaan Alangaa godina mana murtii ol'aanaatti dhiyeesseen himatamaan (iyyataan ammaa) S/Y.kew.540 irra darbuun haadha manaa isaa Immabeet Milkeessaa jedhamtu harka isaatiin fuula ishee irra kabalee lafatti kuffisee sababa kanaan waan duuteef yakka ajjeechaa raawwateera jechuun waan himateef yeroo ta'u; iyyataan ammaas mana murtii ol'aanaatti dhiyaatee jecha kenneen miidhamtuun aboottedhaan fuula koo keessa waan na rukutteef aareen kaballaan rukunnaan lafatti kan kuftee fi yeroo sanatti bakka kuftee kaasee mana yaalaa erga geeffamtee

kan duutee fi balleessaa kan hin qabne ta'uu haalee waan falmeef manni murtii ol'aanaas ragaa abbaa alangaa dhaga'uun keewwatuma itti himatame S/Y kew.540 jalatti balleessaa taasisee hidhaa cimaa waggaa 13(waggaa kudha sadii)tiin akka adabamu murteesse, Manni Murtii Waliigalaa Dhaddachi Dhaabbii Lixaa murtii balleessummaa keewwatuma itti himatame jalatti balleessaa taasisee adabbii fooyyessuun hidhaa waggaa shaniin(waggaa 5) akka adabamu murteesse.

Iyyataan ammaas murtii balleessummaa fi adabbii manneen murtii jalaa lamaanii komachuun iyyata gaafa 16/06/2012 barreesse dhaddacha kanaaf dhiyeeffateen miidhamtuu dhuunfaa dhuguma kabaluu koo ibsee garuu kaballaan kun akka ajjeesuuf yaadee akka hin raawwanne ibsee osoon jiruu, miidhamtuu kana battalumatti mana yaalaa geessee osoon jiruu, kanaan duras yakka raawwadhee kuusaa yakkaa kan hin qabneef haala jireenyaa kootii tilmaama keessa osoo naaf hin galchin manneen murtii jalaa S/Y jalatti balleessaa na taasisuun isaa fi adabbiin natti murteessuun isaanii dogoggoora seeraati jechuun dhaddachi kunis reebicha jalatti jijjiiruun adabbii walmadaalu akka naaf murteessu jechuun gaafateera. Dhaddachi kunis komii dhiyaate qorachuun ijoo gochi yakkaa iyyataan raawwate jedhamee Kew.541 moo, 540 jalatti balleessaa ta'uu qabaa? kan jedhu qulqulleessuuf waamamaan dhiyaatee deebii akka irratti kennu ajaje. Waamamaan ammaas deebii lakk.02-24856 ta'ee gaafa 01/07/2012 barreesse kenneen keewwatni murtiin balleessummaa jalatti kennames ta'ee adabbiin itti murtaa'e kan komachiisu miti jechuun akka cimuu gaafateera.

Falmiin bitaa fi mirgaa kan kanaa olii ta'ee galmee gocha raawwatamee fi komii dhiyaateen walbira qabnee qorannee akka ilaalletti ijoon deebii barbaadu gocha iyyataan raawwatee argame kanaaf keewwatni

seerrogummaa qabu kami? kan jedhu ta'ee argameera. Akka galmee keessaa hubatamutti iyyataan ammaa miidhamtuun abootteedhaan fuula isaa irraa waan rukutteef kaballaan rukutee lafatti kuffise; sababa kanaan kan duute ta'uun firii dubbii jalatti mirkanaa'ee dha. Iyyataan kan inni miidhamtuu rukute kaballaan erga ta'ee itti yaadee ajjeesuuf akka hin taane walitti dhufeenyi haadha manummaa fi abbaa manummaa miidhamtuun waliin qabuu fi rukuttaan kaballaa harkaa ta'uu isaa yeroo ilaallu lola haadha manaa fi abbaa manaa gidduutti nama kamiinuu gidduutti uumamu irraa ka'uun gocha haadha manaa ofii gorfachuu yookiin abboommachuu gocha raawwatame ta'uun kan tilmaamamuun alatti ajjeesuuf gocha kana raawwate jechuun rakkisaa dha.

Haa ta'u malee, iyyataan yeroo miidhamtuu kana kaballaan rukutu gochi isaa kun tarkaanfii walgorfachuu fudhatamu ta'uu irra darbee miidhaa amma dhufe kana geessisuu akka danda'u tilmaamuu utuu qabuu maal na dhibdeen waan kabaleef humna kaballaa sanaatiin lafatti kuftee waan duuteef gochi inni raawwate S/Y.Kew.541(B) jalatti balleessaa waan isa taasisuuf keewwata ittiin himatame S/Y.kew.540 jalaa gara kew.541(B) jalatti jijjiiruun balleessaa qaba jenneerra.

Adabbii ilaalchisee keewwatni seeraa iyyataan balleessaa jalatti ittiin jedhame bu'uura qajeelfama adabbii lakk.2/2006 tumameetiin sadrkaa fi gulantaan kan baheef ta'ullee kan duute haadha manaa isaa ta'uu tilmaama keessa galchuun sadarkaa fi gulantaa adabbii tumamee jiruun bu'uura adabbii iyyataa murteessuun kaayyoo adabbiin tumameef galma kan ga'u ta'ee waan nutti hin mul'anneef bu'uura kew.27 tiin qajeelfama addabbii kana keessaa bahuun iyyataan guyyaa harki isaa dhimma kanaan qabamee to'annaa jala oolee kaasee herregamu hidhaa salphaa waggaa lamaa (waggaa 2)n akka adabamu fooyyessinee murteessineerra.

Ajaja

1. Murtiin balleessummaa fi adabbii Manni Murtii Ol'aanaa Godina Jimmaa lakk,G.47352 ta'e irratti dhaddacha gaafa 17/02/2012 murteesse fi Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbii Lixaa lakk.G.220912 ta'e irratti dhaddacha gaafa 21/05/2012 ooleen murteesse, bu'uura S/D/F/H/H/ kew.195(2)(B)(2tiin fooyyessuun iyyataan S/Y.kew.541(B) jalatti balleessaa taasisuun guyyaa harki isaa dhimma kanaan qabame to'annaa jala oolee kaasee hidhaa salphaa waggaa lamaan(waggaa 2)n akka adabamu murteessineerra.
2. Manni Sirreessaa Godina Wallagga Bahaa akka adabbii fooyya'ee kanaatti akka raawwachiisuuf ajajni itti haa darbu.
3. Garagalchi murtii manneen murtii jalaa fi iyyataa karaa mana sirreessaa haa dhaqqabu.
4. Galmeen cufameera; mana galmeetti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa shan hin dubbifamne jira.

- Abbootii Seeraa:-
1. Guyyoo Waariyoo
 2. Fiixaa Dachaasaa
 3. Huseen Kamaal
 4. Urgaa Geetaahuun
 5. Masfiin Geetaachoo

Iyyataan:- Konistaabil Moonyineet Wubee

Waamamaan:- Mana Hojii Abbaa Alangaa Naannoo Oromiyaa

Galmeen qoratamee murtiin kennamee jira.

Murtii

Dhimmi kun falmii aangoo mana murtii kan ilaallatu yoo ta’u, dhaddacha kanatti dhiyaachuu kan danda’e Mannii Murtii Ol’aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee iyyataan hojjetaa mootummaa federaalaa waan ta’eef yakka ajjeechaa ittiin himatamee ofitti fuudhee ilaalu kan qabu Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa malee mana murtii ol’aanaa kana miti jechuun jal-murtii kennus Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaan dhimmicha ol’iyyannoodhaan ilaalee gochi iyyataan ammaa raawwate gocha yakka hojii isaa wajjin walqabatu waan hin taaneef manni murtii ol’aanaan dhimmicha ofitti fuudhee ilaalu qaba jechuun qabxiidhaan gadi deebisuun murteesse dogoggoora seeraa isa bu’uura ta’e qaba jechuun iyyata waan dhiyeeffateef dha.

Falmii kanaaf ka’umsa kan ta’e abbaa alangaan iyyataa ammaa irratti himannaa dhiyeesseen yoo ta’u, qabiyyeen himannichaas gabaabinaan:- konkolaataa deddeebisa uummataa ta’e kellaa irratti miseensotni poolisii federaalaa ta’an akka sakattaa’amu yommuu ajajan konkoolaachisaan didee yeroo darbu iyyataan kun meeshaa waraanaa harkaa qabu duubaan

itti dhukaasee namoota konkolaata keessa turan lama waan ajjeeseef seera yakkaa kew.539(1A) irra darbuudhaan yakka raawwateen himatamee jira kan jedhu dha. Himannaa dhiyaate kanaaf iyyataan ammaa mana murtii ol'aanaatti mormii sadarkaa duraa dhiyeesseen miseensa poolisii federaalaa ta'ee dirqama hojii itti kenname osoo bahaa jiruu gocha raawwatame waan ta'eef bu'uura labsii lakk.25/1988 kew.4(12)tiin dhimmicha kan ilaaluu danda'u Mana Murtii Federaalaa malee mana murti ol'aanaa kana miti kan jedhu dha.

Manni Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee mormii sadarkaa duraa kana irratti falmii bitaa fi mirgaa erga dhagahee booda iyyataan miseensa poolisii mootummaa federaalaa ta'ee dirqama hojii isaa bahaa osoo jiruu gocha raawwate waan ta'eef yakka ajjeechaa ittiin himatame ofitti fuudhee ilaaluu kan qabu mana murtii federaalaa yookiin bakka bu'ummaadhaan Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa malee mana murtii ol'aanaa kana miti jechuun galmee lakk.19382 ta'e irratti dhaddacha gaafa guyyaa 13/10/2011 ooleen jal-murtii yoo kennu Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa immo dhimmicha ol'iyyannoodhaan ilaalee gochi yakkaa iyyataan ammaa raawwate ajaja hoogganaa isaa diduun waan ta'eef kun immoo gochaa yakka hojii isaa wajjin kan walqabatu waan hin taaneef manni murtii ol'aanaa dhimmicha ofitti fuudhee ilaaluu qaba jechuun qabxiidhaan gadi deebisuun galmee lakk.315465 ta'e irratti dhaddacha gaafa guyyaa 07/04/2012 ooleen murteessee jira.

Iyyatni amma dhiyaates murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaan kun dogoggoora seeraa isa bu'uuraa ta'e qaba jechuun yoo ta'u, qabiyyeen isaas gabaabinaan:-iyyataan yakka ittiin himatame kan raawwate dirqama hojii itti kennamee osoo hojjechaa jiruu waan ta'eef bu'uura labsii lakk.25/1988 kew.4(12) fi labsii lakk.321/1995 tiin bakka

bu'ummaadhaan dhimmicha ilaalu kan qabu Mana Murtii Federaalaa yoo ta'u, dhimma kanaan walfakkaatu yakka miseensi poolisii federaalaa raawwate jedhameen himannaa dhiyaate ilaalchisee Manni Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddacha Ijjibbaataa galmee lakk.147083 fi 162704 ta'e irratti murtii dirqisiisaa kennanii jiru waan ta'eef murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaan diigamee jal-murtiin Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinneen akka naaf cimu kan jedhu dha.

Iyyatni dhiyaate kun qoratamee ijibbaataaf ni dhiyeessisa waan jedhameef waamamaan deebii gaafa guyyaa 17/06/2012 barreefamee kenneen: komiin iyyataan dhiyeesse sirrii waan ta'eef bu'uura iyyata dhiyaateen yoo murtaa'e mormii hin qabnu kan jedhu dha. Dhufaatiin dhimma kanaa gabaabinaan haala armaan olitti ibsame yoo ta'u, nutis dhimma yakkaa iyyataan ittiin himatamee ofitti fuudhee ilaaluuf aangoo kan qabu mana murti isa kami? kan jedhu akka ijootti qabannee haala armaan gadiitti xiinxallee jirra.

Manneen murtii federaalaa dhimma tokko ilaaluuf sababoota sadiitiin aangoo kan qaban yoo ta'u, isaanis:-seera dhimmichi irraa madde, eenyummaa walfalmitootaa fi bakkeewan seeraan adda bahaniin akka ta'e Labsii Manneen Murtii Federaalaa lak.25/1988 kew.3 jalatti tumamee jira. Bu'uuruma kanaan dhimmoota yakkaa aangoo manneen murtii federaalaa taasisan keessaa inni tokko abbbootiin aangoo ykn hojjettoota mootummaa federaalaa sababa aangoo fi itti gaafatamummaa isaaniitiin yakkoota ittigaafatamaa ittiin ta'an raawwataniin akka ta'e labsii kana kew.4(12) fi labsii lakk.321/1995 kew.4(3) jalatti tumamee jira. Gama biraatiin manni murtii waliigalaa naannoon dhimmoota federaalaa irratti aangoo sadarkaa jalqabaa Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa akka qabu

bu'uura Heera Mootummaa Federaalaa keewwata 80(2) ta'e Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe lakk.216/2011, kew.25(2b) jalatti tumamee jira.

Dhimma harkaa qabnu kanatti iyyataan kun miiltoowwan isaa miseensota poolisii federaalaa fi ajajaan isaa wajjin hojii idilee isaa irra osoo jiranii sababa konkolaataan sakatta'amu didee darbee deemeef duubaan itti dhukaasee namoota konkolaataa keessa turan keessaa kan ajjeese ta'uu isaa Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaan kan itti amanu yoo ta'u garuu hoogganaan isaa dhorkee meeshaa waraanaa harkaa fuunaan iyyataan meeshaa biraa fuudhee gocha ittiin himatame waan raawwateef akkuma yakka kamiyyuu fedha dhuunfaa isaatiin gocha raawwate malee sababa hojii hojjetuu walqabatee yakka raawwate hin jechisiisu jechuun gudunfaa irra gahee sirrii ta'ee hin argamne. Sababni jedhame kun iyyataan haala ulaagaa seera yakkaa ittiin himatameen gochaa yakkaa raawwate ta'uu fi ta'uu dhiisuu isaa walqabatee falmii ka'uu danda'u malee iyyataan bakkaa fi yeroo dirqama hojiiirra osoo jiruu gochaa raawwate ta'uu isaa hanga hin haalamnetti hoogganaan isaa osoo dhorkuu dhukaasee waan ajjeeseef qofa akkuma nama yakka ajjeechaa kamiyyuu raawwateetti fudhatamuu qaba jechuun gudunfaa irra gahamee kaayyoo seerichaa ala dha.

Dabalataan iyyata dhiyaate kanaaf waamamaan deebii dhaddacha kanatti kenneen iyyatni dhiyaate sirrii waan ta'eef bu'uura iyyata dhiyaateen yoo murtaa'e mormii hin qabnu jedhu yaada armaan olitti ibsame kana kan cimsu dha. Akka waliigalaatti, iyyataan bakkaa fi yeroo dirqama hojii isaa irra osoo jiruu gochaa yakkaa raawwate ta'uu isaa hanga hin haalamnetti ijoo dubbii keessa seenuun hoogganaan isaa osoo dhorkuu

yakka raawwate waan ta'eef akkuma yakka ajjeechaa kamittuu ilaalamee mana murtii ol'aanaatti falmiin itti fufuu qaba jechuun Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa murtii kenne dogoggoora seeraa isa bu'uura ta'e qaba jechuun murteessinee jirra.

Ajaja

1. Murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa galmee lakk.315465 ta'e irratti dhaddacha gaafa guyyaa 07/04/2012 ooleen murteesse bu'uura S/D/F/Y/ kew.195(2B2) tiin diigamee jira.
2. Manni Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee galmee lakk.19382 ta'e irratti dhaddacha gaafa guyyaa 13/10/2011 ooleen jal-murtii kenne bu'uura S/D/F/Y/ kew.195(2B2) tiin cimee jira.
3. Abbaan Alangaa himannaa isaa mana murtii aangoo qabutti dhiyeessuu danda'a jennee jirra.
4. Garagalcha murtii kanaa manneen murtii jalaa fi iyyataaf haa gahu jennee jirra.
5. Galmeen waan cufameef mana galmeetti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa shan hin dubbifamne jira.

- Abbootii seeraa:-
1. Guyyoo Waariyoo
 2. Dabee Dhaabaa
 3. Abdusalaam Sirraaj
 4. Galaanaa Dhugumaa
 5. Alamaayyoo Gaaddisaa

- Iyyattootni:-
1. Atsadee Fayyisaa
 2. Tolaa Fayyisaa
 3. Gishee Fayyisaa
 4. Bokii Fayyisaa

- Waamamtootni:-
1. Fayyisaa Hordofaa
 2. Shumburee Warquu

Galmee qorannoof bule qorannee murtii armaan gadii kennineerra.

Murtii

Galmeen kun banamee dhiyaachuu kan danda'eef iyyattootni iyyata gaafa 27/06/2012 barreeffameen murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa lakkoofsa galmee 317938 ta'e irratti dhaddacha gaafa 20/05/2012 ooleen kenne dogoggoora bu'uura seeraa waan qabuuf akka nuuf sirratu jechuun waan gaafataniifi dha.

Ka'umsi dhimma kanaa mana murtii aanaa irratti iyyattootni ammaa waamamaa 1ffaa irratti himata waan dhiyeessaniif yoo ta'u, waamamtuu 2ffaan immoo falmii gidduu seenuun falmittee jirti. Himatni dhiyaatee tures gabaabinaan kan jedhu, haati keenya kan duute yoo ta'u, waamamaan 1ffaan immoo qabeenyaa fi qabiyyee haadha keenyaa kana gahee keenya osoo nuuf hin kennin waan jiruuf gaheen haadha keenyaa dhaalaan nutti darbuu qabu akka nuuf murtaa'u jechuun qabeenyaa fi qabiyyee

nuuf murtaa'uu qaba jedhanis tarreessanii dhiyeessaniiru. Waamamaan 1ffaan deebiin kenne gabaabinaan kan jedhu “darbiinsa yeroon falmiin daanga'uu qaba jechuun qabeenyaa fi qabiyyee falmii kaase immoo waamamtuu 2ffaa ammaa waliin kan horannee fi haati iyyattoota ammaa mirga kan irraa hin qabne waan ta'eef himatni kufaa akka ta'u jechuun gaafateera. Waamamtuu 2ffaanis iyyata giddu seentummaa dhiyeessiteen qabeenyaa fi qabiyyee falmii kaase kanneen waamamaa 1ffaa ammaa waliin kan horadhee fi kan haati iyyattoota ammaa mirga irraa hin qabne waan ta'eef, himatni kufaa akka ta'u jechuun gaafatteetti. Iyyattootni ammaas waamamtuu 2ffaan qabeenyaa fi qabiyyee falmii kaase irraa mirga hin qabdu jechuun falmaniiru.

Manni murtii aanaa bitaa fi mirga falmisiisuun dhimmicha ragaan qulqulleeffadheera jedhee qabeenyaa fi qabiyyee falmii kaase waamamaa 1ffaan walakkaa isaa gahee haadha isaanii iyyattoota ammaaf qoodee akka kennu jechuun waamamtuu 2ffaaf immoo yoo barbaade walakkaa gahee isaa irraa haa qooduuf jechuun murteesseera. Waamamtootni murtii mana murtii aanaa kana komachuun ol'iyata isaanii mana murtii ol'aanaatti dhiyeeffatan illee, manni murtii ol'aanaa garuu ol'iyata waamamtootaa bu'uura seera deemsa falmii siivilii keewwata 337 ajajuun haquun murteesseera. Itti fufuun Waamamtootni murtii mana murtii ol'aanaa kana komachuun ol'iyata isaanii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatti kan dhiyeeffatan yoo ta'u, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa immoo loowwan, manni fi magaazinni qabeenya dhaalaa miti. Lafti qonnaa bakka 3tti qoodamee 1/3ffaan gahee haadha iyyattootaa iyyattootaaf haa kennamu jechuun murtii mana murtii ol'aanaa fooyyessuun murteesseera. Iyyatni amma dhiyaates murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa haala olitti ibsameen kenne jijjiirsisuuf kan dhiyaate dha. Iyyatni dhiyaates gabaabinaan kan jedhu, qabiyyee lafa qonnaa ilaalchisee kan waamamaa

1ffaa fi haati keenya waliin argatanii hanga haati keenya duutetti waliin itti fayyadamaa turan ta'uun ragaan mirkanaa'ee jira. Waamamtuu 2ffaan erga haati keenya duutee waamamaa 1ffaatti kan heerumte dha malee qabiyyee lafaa kana hirtaadhaan kanan argadhee dha jettee hin falmine; yookiin immoo yeroo haati keenya lubbuun jirtu waliin itti fayyadameera jettee hin falmine. Haala kanaan immoo qabiyyee kana %50 gahee haadha keenyaa argachuuf osoo mirga qabnuu himatni keenyas darbiinsa yeroon kan hin daangofne ta'ee osoo jiruu, lafti kun bakka 3tti akka qoodamuuf murtiin kenname dogoggoora dha. Manneen falmiif sababa ta'an, loowwanii fi madaalli qabeenyaa waliinii haadha keenyaa fi waamamaa 1ffaa ta'ee osoo jiruu qabeenya dhaalaa miti jedhamuun murtiin kenname dogoggoora dha. Loowwan ilaalchisee inumaayyuu erga waamamtuu 2ffaan dhuftuu kan hir'ate malee kan itti dabalame osoo hin qabaatin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa qabeenyaan kan dhaalaa miti jechuun murtiin kenne dogoggoora waan ta'eef, murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa nuuf diigamee murtiin mana murtii aanaa fi ol'aanaa akka nuuf cimuu kan jedhu dha.

Dhaddachi Ijibbaataa Qorannoo Duraa iyyata dhiyaate murtii manneen murtii jalaa waliin qoratee dhimmoota tokko tokko qulqulleessuuf iyyatni kun ni dhiyeessisa jedhee waamamtootni deebii akka dhiyeessan bu'uura ajajeen waamamtootni deebii gaafa 9/7/2012 barreeffame bakka tokkotti dhiyeessaniiru. Deebiin dhiyaates gabaabinaan kan jedhu qabiyyee lafa qonnaa waamamtuu 2ffaan waamamaa 1ffaa waliin waggaa dheeraa kan itti fayyadamanii fi qabeenyaa manaa baargamoo fi loowwan immoo waamamtootni 1ffaa fi 2ffaan kan horatanii fi haati iyyattootaa mirga kan irraa hin qabne waan ta'eef iyyatni dhiyaate kufaa ta'ee murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa akka nuuf cimuu kan jedhu dha.

Seenaan dhufaatii dhimma kanaa fi falmiin dhaddacha kanatti dhiyaate gabaabinaan kan olitti ibsame yoo ta’u, dhaddachi kunis galmee kana jalaa kaasee qorateera. Akka qoratettis, murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa dhimma kana irratti kenne dogoggoora bu’uuraa kan qabu dha moo miti? kan jedhu ilaalleerra. Haaluma kanaan kallattii qabeenyaa fi qabiyyee iyyatni irratti dhiyaateen dhimmicha haala kanaa gadiin xiinxalleerra.

1. Waa’ee mana jireenyaa fi magaazina falmii kaasee ilaalchisee qabeenyaan kun erga haati iyyattootaa duutee fi gaa’eelli waamamtootaa hundaa’ee booda kan ijaarame ta’uu ragaan akka mirkanaa’e murtii manneen murtii jalaa irraa kan hubatamu ta’uu caalaa firiin dubbii kun sadarkaa kanatti falmisiisaa miti. Haala kanaan immoo qabeenyaan kun kan horatame du’a haadha iyyattootaa booda akka ta’e hubachuun ni danda’ama. Namni qabeenya tokko dhaaluuf mirga qabu immoo qabeenyaa du’aan yeroo du’utti mirga irraa qabu akka ta’e seera siivilii keewwata 826 jalatti tumamee jira. Iyyattootni falmii asitti dhiyeessaniin qabeenyaan kun qabeenyaadhuma haati keenyi dhiistee duuteen booda kan ijaaramee dha jechuun kan falmaa jiran yoo ta’e illee iyyattootni firii dubbii kana ragaan kan hin mirkaneessine ta’uu galmee keessaa hubachuu dandeenyeerra. Haala kanaan immoo mana falmii kaase ilaalchisee haati iyyattootaa yeroo duute kan mirga irraa qabdu hin turre. Sababa kanaaf, iyyattootni mirga haati isaanii yeroo duute hin qabne dhaaluuf waan mirga hin qabneef, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa manni kun qabeenyaa dhaalaa miti jechuun murtiin kenne murtii seera qabeessa yoo jedhame malee sababa ittiin qeeqamuu danda’u waan hin jirreef, iyyata iyyattootni gama kanaan kaasan kufaa gochuun murteessineerra.
2. Qabeenyaa loonii fi meeshaa madaalaa ilaalchisee, haati iyyattootaa

kan mirga irraa qabdu ta'uu iyyattootni ragaan akka hin mirkaneessine murtii mana murtii waliigalaa irratti ibsamee jira. Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa ragaa madaaluuf aangoon kennameef ragaa madaalee ejjennoo kana irra erga gahee immoo, gaheen dhaddacha ijibbaataa kun murtiin dhuma tokko dogoggoora bu'uura seeraa kan qabu yoo ta'e isa sirreessuuf kan aangeffame malee ragaa madaaluuf akka aangoo hin qabne Labsii Manneen Murtii Oromiyaa lakkoofsa 216/2011 keewwata 26/1/ jalatti tumameera waan ta'eef, komii iyyattootni gama kanaan madaallii ragaa irratti dhiyeessan fudhatama kan qabu miti jennee kufaa gooneerra.

3. Qabeenyaa baargamoo ilaalchisee, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa ragaa madaaluun qabeenyaan kun yeroo haati iyyattootaa jirtus booda erga gaa'eelli waamamtootaa hundaa'ees waan dhaabamaa tureef bakka 3/sadii/tti haa qoodamu jechuun murtii kenne irratti iyyatni dhiyaates iyyata madaallii ragaa irratti dhiyaate waan ta'eef sababa murtii kana lakkoofsa 2ffaa irratti ibsameen iyyatni iyyattootni gama kanaan dhiyeessanis fudhatama kan qabu miti jenneerra.

Dhuma irratti waa'ee qabiyyee lafa qonnaa ilaalchisee, qabiyyee lafaa irratti namootni dhuunfaan mirgi isaan qaban mirga abbaa qabiyyummaa malee mirga abbaa qabeenyummaa akka hin taane Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa keewwata 40/3-5/ jalatti kan tumame irraa hubachuun ni danda'ama. Haala kanaan immoo qabiyyee lafa baadiyaa keessaayyuu haati manaa fi abbaa manaa hunduu qabiyyee lafaa irraa mirga itti fayyadamaa kan qabu malee qabiyyeen lafaa akka qabeenyaa biroo xaarii isa tokkoon ykn lameeniin akka waan argamuutti qabiyyee kana wal fuutota keessaa inni tokko yookiin inni biroon sababa dura itti fayyadamuu eegaleef qofa addatti abbaa qabiyyee lafa kanaa kan ta'u osoo hin taane isaan lameen keessaa qabiyyee kana tokko dursee kan argate yoo ta'e illee wal fuutota keessaa inni biroon immoo qabiyyee

kanatti dhufuun kan itti fayyadame yoo ta'e isaan keessaa namni qabiyyee kanatti dhufe nama qabiyyee dursee argatu waliin mirga gadi aanaas ta'e ol'aanaa qabaachuu hin danda'u. Haaluma wal fakkaatuun abbaan manaa tokko qabiyyee lafa baadiyaa duraan haadha manaa biroo waliin itti fayyadamaa ture booda haati manaa biroo itti fuudhee haati manaa 2ffaa kun qabiyyee kana kan waliin itti fayyadamte yoo ta'e, haati manaa duraa abbaa manaanis ta'e haati manaa boodaa qabiyyee kana irratti sababa itti fayyadamaniif qofa mirga wal-qixxee kan qabaatani dha malee qabiyyeen lafaa akka qabeenya birootti ilaalamee akka waan ifaajee wal fuutotaan gaa'eela duraa keessatti horatameetti ilaalamee haadha manaa 2ffaa mirga gadi aanaa gonfachiisuu hin danda'u. Kana qabannee gara dhimma of harkaa qabnuutti yoo deebine, qabiyyee lafa qonnaa falmiif sababa ta'e kana duraan haati iyyattootaa fi waamamaa 1ffaan waliin itti fayyadamaa turanii haati iyyattootaa duunaan immoo waamamtuu 2ffaanis qabiyyee kanatti dhaqxee kan waggaa dheeraa itti fayyadamaa turte ta'uun sadarkaa kanatti firii dubbii falmisiise miti. Haala kanaan immoo qabiyyee lafa qonnaa kana irraa haati iyyattootaas ta'e waamamtootni mirga itti fayyadamaa kan argatanii fi sababa itti fayyadamaa turaniifis qabiyyee kana irratti isaan sadeenuu mirga wal qixa kan qaban malee tokko isa biroo irra mirga fooyya'aa qabaachuu hin danda'u. Sababoota olitti ibsamaniif, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa qabiyyeen kun bakka 3/sadii/tti qoodamee 1/3ffaan gahee haadha iyyattootaa dhaaltota haadha iyyattootaaf haa kennamu jechuun murtiin kenne murtii dogoggoora bu'uura seeraa qabu waan hin taaneef iyyata iyyattootni gama kanaan dhiyeessan sagalee caalmaan kufaa gochuun murteessineerra.

Walumaagalatti, murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa dhimma kana irratti kenne dogoggoora bu'uura seeraa kan qabu miti jennee iyyata

iiyyattootni dhiyeessan sagalee caalamaan kufaa goonee ajaja armaan gadii kennineerra.

Ajaja

1. Murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa lakkoofsa galmee 317938 ta'e irratti dhaddacha gaafa 20/5/2012 ooleen kenne bu'uura Labsii Manneen Murtii Oromiyaa lakkoofsa 216/2011 keewwati 26/5/ ajajuun sagalee caalmaan cimsineerra.
2. Baasii fi kisaaraa bitaa fi mirgi of haa danda'an.
3. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaa haa dhaqqabu.
4. Dhorkaan galmee kana irratti kenname yoo jiraate ka'eera. Haa barreeffamu.
5. Galmeen cufameera. Mana galmeetti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa Afurii hin dubbifamne jira.

YAADA ADDAA

Ani Abbaan Seeraa maqaan koo tarree 2ffaa irratti ibsame sababa armaan gaditti ibsamaniif yaada Abbootii Seeraa sagalee caalmaa irraa adda bahuu danda'eera. Kunis, dhimmi falmiif ka'umsa ta'e kun bu'uurri isaa falmii dhaala qabeenyaa fi qabiyyee lafa baadiyaa kan ilaallatu dha. Galmee kana keessatti dhimmoota komiif ka'umsa ta'ani dhaddacha kanatti dhiyaatan keessaa yaada addaan bahumsaaf bu'uura kan ta'e komii iiyyattootni murtii Manneen Murtii Waliigala Oromiyaa qoodiinsa gahee dhaala qabiyyee lafa haadha isaanii walqabatee kennan irratti dhiyeessan kan ilaallatu dha. Akkuma murtii manneen murtii jalaa keessaa hubatamu qabiyyee lafaa falmiif ka'umsa ta'e waamamaa 1ffaa ammaa fi du'aan boqottuun haati iiyyattootaa kan waliin argatanii itti fayyadamaa turan akka ta'e, waamamaan 1ffaa ammaa erga haati iiyyattootaa boqotanii booda waamamtuu 2ffaa fuudhee itti fayyadamaa

kan ture ta'uu, iyyattootni umuriin isaanii kan reefu gaa'eelaaf gahan waan ta'eef dhaala haadha isaanii gaafachuuf darbiinsi yeroon kan isaan hin daangessine ta'uu firii dubbii mana murtii jalaan mirkanaa'ee kan jiru dha. Kanarra dhaabbachuun qabiyyeen falmiif ka'umsa ta'e kun bu'uura S/D/F/H/H/ kew.826 fi bu'uura labsii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyaa Oromiyaa labsii lakk.130/99 kew.2[7],5[5] fi 6[1]tiin qabiyyee dhaalaa haati iyyattootaa gaafa duute mirga irraa qabduu fi dhaalaan dhaaltota isheetti darbuu qabu ta'ee hubatama.

Kana waan ta'eefuu, dhaala haadha isaanii iyyattootni ammaa gaa'eelaaf gahanii yommuu abbaan isaanii akka qooduuf gaafatan hanga isaan dhaqqabuudhaa qabu hanguma haati isaanii yeroo du'aan boqottetti mirga irraa qabdu ta'a. Kun kana ta'ee osoo jiruu akka tokko sadaffaa qooddatan murtiin Mana Murtii Waliigala Oromiyaan kenname murtii deeggarsa seeraa hin qabne waan ta'eef murtii dogoggoora seeraa isa bu'uuraa qabu dha. Kunis ta'uu kan danda'e, haati iyyattoota kanaa waamamaa lffaa waliin mirga laficha irratti argattee [mirga itti fayyadamuu] kan qabdu ta'uun firii dubbii ragaan mirkanaa'ee jiru waan ta'eef akkuma duuteetti walakkaa lafichaa seeraan gahee haadha iyyattootaa ta'uun waan hubatamuuf, osoo iyyattootni kun battaluma haati isaanii du'aan boqotanitti abbaa isaanii himatanii jiraatan mirga seerri akka dhaalan isaaniif kennu hanguma gahee haadha isaanii walakkaa lafichaa waan ta'eef sababa umuriin isaanii yeroo sana hin geenyeef abbaan isaanii mirga isaanii osoo kabachiisuuf qabu haadha warraa biraa waan fuudhee itti fayyadameef mirgi dhaaltummaa isaanii sharafuuf yookiin xiqqeessuuf seerri dandeessisu waan hin jirreef dha. Waamamaan lffaan gahee isaa [yeroo haati iyyattootaa duteetti walakkaa kan ta'e] irratti haadha manaa fuudha malee gahee haadha iyyattootaa kan ta'ee fi mirgi dhaaluu seeraan iyyattoota dhaaluu danda'anitti darbee jiru akka yeroo tokkotti haadha

manaa lama qabiyyicha irratti bulchaa turetti bakka sadiitti qooduun murtii seeraa fi hojmaataan hin deeggaramne dha. Kana waan ta'eefuu, kallattii kanaan murtiin Manni Murtii Waliigala Oromiyaa kenne kan dogoggoora seeraa isa bu'uura of keessaa qabu dha ejjennoo jedhuun yaada Abbootii Seeraa sagalee caalmaa irraa adda baheera.

Mallattoo Abbaa Seeraa Yaadaan addaan bahe tokko qaba.

- Abbootii Seeraa:-
1. Guyyoo Waariyoo
 2. Dabee Dhaabaa
 3. Abdusalaam Sirraaj
 4. Galaanaa Dhugumaa
 5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyataa:- Araddaa Hurrissaa

- Waamamtoota:-
1. Shaambal Hurrissaa
 2. Caaltuu Hurrissaa

Galmeen kun qoratamee murtiin armaan gadii kennameera.

Murtii

Iyyatni kun Dh/Ij/MMWO kanatti dhiyaachuu kan danda'e MMA Digaluu fi Xiijjoo galmee lakk.34836 ta'e irratti jal-murtii dhaddacha gaafa 2702-2012 ooleen kenne fi murtii gaafa 07-04-2012 ooleen kenne kan MMO Go/Arsii galmee lakk.91115 ta'e irratti dhaddacha gaafa 13-042012 ooleen kenne fi kan MMWODh/Dh/Bahaa galmee lakk.329075 ta'e irratti dhaddacha gaafa 17-04-2012 ooleen kenne iyyataan dogoggoora bu'uuraa seeraa qaba jechuun haqamee akka sirraa'uuf waan iyyateefi dha.

Dhufaatiin dhimma kanaa waamamtootni himannaa MMA Diigaluu fi Xiijjootti dhiyeessaniin: abbaan isaanii Obbo Hurrissaa Gammachuu gaafa 29-12-2010 du'aan kan boqote ta'uu, isaan falmitoota dabalatee dhaaltoonni du'aan boqotaa abbaa isaanii namoota 7 ta'uu, lafa qabiyyee dhaalaa abbaa isaanii bakka 7tti argamu tushaa 10 ta'uu fi baargamoo hundee 1000 ta'u iyyataa fi himatamaa Iffaan MMA qabatani waan jiraniif gahee isaanii akka qoodaniif kan gaafatan yoo ta'u, iyyataa fi

himatamaa Iffaan MMA deebii kennaaniin: kana dura MMA Diigaluu fi Xiijjootti galmee lakk. 31951 ta'e irratti dhaddacha gaafa 18-10-2011 ooleen lafti du'aan boqotaa Obbo Hurrisaa Gammachuu irraa isaan gahu lafa ximdii tokko qofa akka ta'e murtii kennee kan jiru waan ta'eef dhimmi kun dhimma murtii dhumaa argate waan ta'eef waamamtootni himannaa haaraa dhiyeessuu kan hin dandeenye ta'uun S/D/F/H/H kwt. 5 jalatti tumamee waan jiruuf himanni isaan dhiyeessan kufaa akka ta'u kaasuun manni murtii mormii sadarkaa duraa kana kan darbu yoo ta'e ijoo himannaa irratti: lafti sababa falmii ta'e kan du'aan boqotan abbaa fi haati isaanii (haati iyyataa; haadha waamamtootaa kan hin taane) waliin horatan waan ta'eef gaheen haadha isaanii walakkaan keessaa bahee kan hafu walakkaa gahee abbaa bitaa fi mirgaa qooddachuu kan qaban ta'uu dabalatee falmii adda addaa kaasuun deebii kennuun falmaniiru. Dhimmicha kan ilaale MMA galmee lakk.31951 ta'e irratti murtiin kenname qabiyyee fi qabeenyi abbaa isaanii harka iyyataa fi dhaaltota biroo kan jiru yoo ta'e gaafachuu danda'u jechuun mirga kan eegee galmee cufe waan ta'eef seerummaan ammaa gaafatame ijoo dubbii kan duraa waliin tokko miti jechuun mormii gama iyyataa fi himatamaa Iffaa MMAtiin dhiyaate kufaa gochuun dhuma irratti ijoo irratti murtii kenneen qabiyyeen lafa sababa falmii ta'e waliigala hektaara 2.369 ta'uu, dhaaltoonni abbaa walfalmitootaa namoota 8 ta'uu, lafti kun dhaaltoota mataa mataatti hektaara 0.292 kan gahu ta'uu ibsuun lafti hundi walitti deebi'ee dhaaltoota hundaaf qixxeetti akka qoodamu, baargamoon kan iyyataa ta'uu ibsuun seerummaa gama kanaan gaafatame kufaa gochuun yoo murteessu, murtiin kun MMAtiin akkasumas MMWO Dh/Dh/ Bahaatiin cimeera.

Iyyataan iyyata gaafa 01-05-2012 barreeffameen murtii M/M/jalaatiin kenname dogoggoora bu'uuraa seeraa qaba jechuun Dhaddacha

Ijibbaataa MMWO kanatti kan dhiyeesse yoo ta’u, iyyata isaatiinis dhimmi qabiyyee lafaa sababa falmii ta’e kun kana dura MMA Diigaluu fi Xiijjootti galmee lakk. 31951 ta’e irratti dhaddacha gaafa 18/10/2011 ooleen murtii dhumaa kan argatee fi lafti xindiin tokko waamamtootaaf kan murtaa’e ta’ee utuu jiruu dhimma murtii dhumaa argate yeroo lammaataa himanni waamamtoonni dhiyeessan bu’uura S/D/F/H/H/ kwt.5tiin kufaa waan ta’eef murtiin M/M/jalaatiin kenname haqamee himanni dhiyaate akka kufaa ta’u jechuun kan dhiyeesse dha. Waamamtoonni deebii gaafa 01-07-2012 barreeffame dhiyeessaniin: galmee lakk.31951 ta’e irratti qabiyyee abbaa keenyaa ta’uun qulqullaa’ee dhaaltoonni namoonni 8 gahee gahee keenya qooddanne malee gaheen haadha iyyataa keessa hin jiru. Murtiin MMA Diigaluu fi Xiijootiin galmeewwan lakk.39107, 34836 fi 31951 ta’e irratti murtiin kennaman murtii haqa kennuuf iddoo tokkootti ilaalamee murtii kenname waan ta’eef murtiin M/M/jalaatiin kenname akka nuuf cimuu jedhaniiru.

Galmeewwan MMA Diigaluu fi Xiijjoo lakk.31951 fi 34836 ta’an garagalchi isaanii dhiyaatee galmee kanaan walqabateera.

Seenaan galmee kanaa gabaabinaan kan armaan olii yoo ta’u, dhaddachi kunis iyyata, deebii fi murtii M/M/ jalaa fi galmeewwan MMA seerota dhimma kanaaf rogummaa qaban waliin qorachuudhan lafa sababa falmii ta’e ilaalchisee dhimmi kun kana dura ilaalamee murtii dhumaa kan argatee dha moo miti? kan murtii dhumaa argate yoo ta’e himanni waamamtoonni dhiyeessan kufaa kan ta’uu dha moo miti? kan jedhu ijoo murtii argachuu qabu dha jenneerra.

Akkaatuma kanaan, iyyataa fi dhaaltoonni biroon ida’amaan namoonni 4 dhaaltoota du’aa abbaa isaanii Obbo Hurrisaa Gammachuu fi haadha isaanii Aadde Qananii Yaadatee ta’uu ibsuun lafa xindii 8 kan abbaa fi

haadha keenyaa jechuun calalanii gahee gahee isaanis adda baasanii qooddatanii MMA Diigaluu fi Xijjootti dhiyeessuun dhaaltuu du'aan boqottootaa ta'uu fi gahee gahee isaanii qooddatan akka mirkanaa'uuf kan gaafatan yoo ta'u, Manni Murtii Aanichaa dhimmicha ilaalee galmeelakk. 31951 ta'e irratti dhaddacha gaafa 18-03-2011 ooleen iyyataa fi dhaaltoonni biroon kunniin dhaaltota du'aan boqottootaa ta'uu akkasumas gahee gahee isaanii akkaatuma calalanii adda baasanii dhiyeessaniin akka qooddatan yoo murteessu, waamamtoonni murtii kana mormuun iyyata bu'uura S/H/H/ kwt.998tiin dhiyeessaniin: iyyataa fi dhaaltoonni biroon kunniin lafa qabiyyee dhaalaa gahee keenya utuu keessaa nuuf hin baasin lafa harka isaanii hin jirre akka waan qulqullaa'ee harka isaanii jiru fakkeessuun itti dabaluun ragaan dhaaltummaa irratti mirkaneeffatan kan jiran sirrii waan hin taaneef gaheen nuti dhaalaan argachuu qabnu akka keessaa nuuf bahu jechuun kan gaafatan yoo ta'u, M/murtichaa iyyataa fi dhaaltoota biroo deebii irratti kennisiisee lafti sababa falmii ta'e kan du'aan boqottota Hurrisaa Gammachuu fi Qananii Yaadatee ta'uu, kana keessaa lafti xindiin afur kan du'aa Obbo Hurrisaa Gammachuu ta'uu dhaaltoonni du'aa kanaa namoota 8 ta'uu waamamtoonni gahee abbaa isaanii kana keessaa lafa xindii tokko kan argatan ta'uu fi iyyataa fi dhaaltonni biroon kana itti dabalaniin kan dhiyeessan sirrii akka hin taane ibsuun lafa xindii tokko kana qofa ilaalchisee ragaan dhaaltummaa iyyataa fi dhaaltonni biroon fudhate haqee, lafa xindii tokko kana waamamtootaaf keessaa baaseeraaf jechuun kan murteesse ta'uun galmeel keessaa ni hubatama. Waamamtoonni ammaas lafuma duraan irratti walfalmii murtii argate kana iyyataa fi himatamaa 1ffaan MMA akka qoodaniif kan gaafatan yoo ta'u, bu'uura S/D/F/H/H/ kwt.5(1), 244(2(b)), 245(2)tiin walduraa duubaan dhimmi tokko duraan mana murtii tokkoon ilaalamee murtii dhumaa kan argate yoo ta'e, dhimma firiin dubbii fi ijoon falmii isaa kan kana dura murtii dhumaa argate sana waliin tokko

ta'e irratti falmitoota dhimma duraa keessa turan gidduutti himanni yeroo lammataa dhiyaachuu kan hin dandeenye ta'uu fi mana murtichaas yeroo lammataa dhimma kana ofitti fuudhee keessummeessuu akka hin qabne himannaa dhiyaatus kufaa gochuu akka qabu tumameera. Dhimma of harkaa qabnu kana seerata olitti ibsame waliin walitti fidnee yommuu xiinxallu waamamtoonni lafa sababa falmii ta'e keessaa gaheen isaanii akka keessaa bahuuf gaafatanii gaheen isaanii lafti xindiin tokko akka keessaa bahuuf kan murtaa'e ta'uun galmee keessaa waan hubatamuuf waamamtoonni dhimma lafa kanaa ilaalchisee himanni iyyataa fi himatamaa 2ffaa MMA irratti dhiyeessan dhimma tokko irratti himata yeroo lammataa dhiyaate waan ta'eef kufaa dha jenneerra.

Manneen murtii jalaas himannaa waamamtoonni dhimma tokko irratti yeroo lammataa dhiyeessan kana kufaa gochuu osoo qabuu dhimma tokko miti jechuun ofitti fuudhanii ilaaluun ijoo irratti murtiin kenname dogoggoora bu'uura seeraa kan qabu waan ta'eef sirrii ta'ee hin argamne.

Ajaja

1. MMA Diigaluu fi Xiijjoo galmee lakk.34836 ta'e irratti jal-murtiin dhaddacha gaafa 27-02-2012 ooleen kenne akkasumas murtiin gaafa 0704-2012 ooleen kenne, murtiin MMO Go/Arsiin galmee lakk.91115 ta'e irratti dhaddacha gaafa 13-04-2012 ooleen kennee fi kan MMWO Dh/ Dh/Bahaa galmee lakk.329075 ta'e irratti dhaddacha gaafa 17-04-2012 ooleen kenne bu'uura Labsii Manneen Murtii Oromiyaa lakk.216/2011 ,kwt. 26(5)tiin haqamaniiru.
2. Waamamtoonni dhimma lafa qabiyyee dhaalaa sababa falmii ta'e ilaalchisee himanni iyyataa fi himatamaa 1ffaa MMA irratti dhiyeessan dhimma tokko irratti himannaa yeroo lammataa dhiyaate waan ta'eef kufaa dha jenneerra.

3. Murtiin kun himatamaa lffaa MMA ilaalchisees bu'uura S/D/F/H/H/ kwt.331tiin raawwatiinsa kan qabu dha jenneerra.
4. Baasii fi kisaaraa falmiin dhaddacha kanaa isaan irratti hordofsiise bitaa fi mirgi of haa danda'an jenneerra.
5. Garagalchi murtii kanaa M/M/jalaa haa dhaqqabu.
6. Galmeen cufameera; mana galmee cufamaniitti haa darbu.

Mallattoon Abbootii Seeraa shan hin dubbifamne jira.

- Abbootiin Seeraa:-
1. Guyyoo Waariyoo
 2. Fayyisaa Tolasaa
 3. Dabee Dhaabaa
 4. Fiixaa Dachaasaa
 5. Huseen Kamaal

Iyyataan:- Obbo Abbittii Nugusuu

- Waamamtoota:-
1. Aadde Tsigee Dooyyoo
 2. Obbo Joorjoo Dooyyoo
 3. Aadde Walaansaa Dooyyoo

Galmee kana qorannee murtii armaan gadii kennineerra.

Murtii

Dhaddacha kanatti falmiif ka'umsa kan ta'e kun kan eegalame Mana Murtii Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Ormiyaa Naannawaa Finfinneetti ta'ee iyyataan ammaa himataa, waamamtootni immoo himatamtoota turan.

Ijoo himannaa iyyataa ammaa gabaabinaan kan jedhu “Iyyataan bara 1991 akka dhalate ibsee abbaan isaa Obbo Nugusuu Dooyyoo guyyaa 03/03/1995 akka lubbuudhaan boqotanii fi innis dhaaltummaa isaa mirkaneeffachuu isaa ibsee himatamtoota dabalatee abbaa isaa waliin akaakayyuu isaa ijoollee afur akka qabu ibsuun : 1ffaa lafa qabiyyee akkaakayyuu isaa waamamtuu 1ffaa harkaa kaaree meetira 500, waamamtuu 2ffaa harkaa kaaree meetira 400 walitti kaaree meetira 900 kan maqaa isaan galmaa'ee Magaalaa Dukam Ganda Xaddachaa keessatti kan argamu waan qabuuf abbaa koo bakka bu'ee akaakayyuu koo dhaaluuf mirga waanan qabuuf gahee koo dhaalaan na gahu kaaree

meetira 225 akka isaaf qoodan , 2ffaa Obboleettii abbaa isaa kan taate Aadde Caalii Dooyyoo bara 2000 keessa balaa konkolaataan kan duutee fi dhaaltuu oliis ta'e gadii waan hin qabneef mana jireenyaa lakkoofsa 323 kan ta'e Magaalaa Bishooftuu Ganda 07 keessaa mana maqaa abbaa manaa isheetiin kan galmaa'ee qabdu waamamtootni mana murtiitti falmanii gahee duutuu qarshii 698,050.28 sadiitti waan qooddataniif abbaa koo kanan bakka bu'ee duutuu kanan dhaalu gahee koo bakka tokkotti qarshii 87,256.26 akka naaf kanfalan" kan jedhu dha.

Waamamtootni ammaas gama isaaniitiin deebii guyyaa 13/10/2011 barreeffamee fooyya'ee dhiyaateen ” Iyyataan bara 1991 osoo hin taane bara 1988 keessa akka dhalatee fi yeroo himannaa dhiyeessu umuriin isaa waggaa 23 ta'uu fi abbaan isaa bara 1995 waan du'eef bu'uura S/H/H/ lak.1845tiin himannaan isaa daangaa darbiinsa yerootiin akka daanga'u ibsanii waa'ee dhaala Aadde Caalii Dooyyoo ilaalchisee immoo namni dhaalamu garaagara waan ta'eef himatni bakka tokkotti yoo ilaalame mirga falmachuu keenya waan dhiphisuuf adda bahee akka dhiyaatu jechuun mormii sadarkaa duraa kaasuun yoo falman, ijoo dubbii irratti immoo deebii kennaniin waa'ee dhaala Aadde Caalii Dooyyoo yommuu Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Bahaatti falminu haati iyyataa kan beektuu fi ragaa taatees waan dhiyaatteef yeroo sana jidduu lixee falmachuu qaba malee amma himata haaraa dhiyeessuu hin qabu. Maallaqa murtiin fudhanne immoo duutuun Aadde Caalii Dooyyoo nama qaroo hin qabne kan guddiftee ture Aadde Masarat Mangashaa kan jedhamtuuf mana ittiin binneef malee maallaqicha waan itti fayyadamne waan hin qabneef mirga nu gaafachuu hin qabu. Lafa qabiyyee kaaree meetira 900 jedhamee dhiyaate immoo kan Obbo Dooyyoo Waaqalafaa osoo hin taane kaareen meetira 500 kan waamamtuu 1ffaa, kaaree meetira 400 immoo kan waamamtuu 2ffaa ti. Akaakayyuun iyyataa

Obbo Dooyyoo Waaqalafaa kan du'an bara 1980 ta'uu ibsanii erga yeroo sanaatii kan itti fayyadamaa turan malee abbaan iyyataa itti akka hin fayyadamne bal'inaan ibsuun falmanii lafa jedhame kan akaakayyuu iyyataa osoo hin taane qabeenya dhuunfaa isaanii waan ta'eef himatni kufaa akka ta'u jedhaniiru.

Manni Murti Ol'aanaa Godina Addaa Naannawaa Finfinnees falmii bitaa fi mirgaa dhagahuun ragaan erga qulqulleessee booda iyyataan yeroo abbaan isaa bara 1995 du'an daa'ima waggaa afurii ta'uu ragaa bitaa fi mirgaan mirkanaa'eera. Bu'uura kanaan umuriin iyyataa yeroo himannaa dhiyeessu waggaa 21 waan ta'eef erga gaa'eela gahee hanga waggaa 15tti himannaa dhaalaa dhiyeessuu ni danda'a jechuun mormii sadarkaa duraa darbiinsa yeroon kufaa yoo taasisu, mormii galmee tokko irratti himannaan dhimmoota dhaalaa adda addaa dhiyaate immoo baasii fi yeroo waan gabaabsuuf kun immoo kaayyoo sirna deensa falmii Hariiroo Hawaasaa galmaan gahuu waan ta'eef dhimmichi bakka tokkotti dhiyaachuun miidhaa hin qabu jechuun mormii sadarkaa duraa gama kanaan ka'es kufaa taasiseera. Ijoo dubbii irratti murtii kennneen immoo lafti qabiyyee kaaree meetira 900 iyyataan gaheen isaa akka kennamuuf gaafate harka waamamtoota 1ffaa fi 2ffaa akka jiruu fi kan akaakayyuu iyyataa ta'uun mirkanaa'eera jechuun gahee iyyataa ammaa akka qoodaniif akkasumas gahee duutuu Aadde Caalii Dooyyoos waamamtootni gahee abbaa iyyataa dhaalaan gahu fudhachuun isaanii mirkanaa'eera jechuun qarshii 87,256.26 iyyataaf akka kanfalan murtii kenneera.

Waamamtootni ammaa murtii kana komachuun iyyannoo isaanii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Giddugaleessaatti kan dhiyeeffatan yoo ta'u, dhaddachi kunis falmii bitaa fi mirgaa erga

dhagahee booda abbaan iyyataa bara 1995, akaakayyuun isaa immoo bara 1981 du'uun isaa waan mirkanaa'eef abbaan iyyataa yeroo lubbuun jiru qabiyyee fi qabeenya dhaalaa yeroon waan hin gaafanneef bu'uura S/H/H/ lak.1000(1)tiin himatni darbiinsa yeroo waggaa 3tiin kufaa ta'a jechuun murtii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee diiguun murtii kenneera.

Iyyannoon ammaas dhaddacha kanatti kan dhiyaate Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa himata iyyataa darbiinsa yeroo waggaa sadiin hafa jechuun murtii Manni Murtii Ol'aanaa Godinichaa kenne diiguun muriin kenne dogoggoora bu'uura seeraa kan qabu waan ta'eef akka naaf sirraa'u jechuun komee iyyannoo guyyaa 07/07/2012 barreeffameen waan dhiyeeffateef dha.

Ijoo komee iyyannoo iyyataas gabaabinaan “ falmiin dhimma dhaalmaa abbaan hin arganne jedhuu fi darbiinsa yeroo waggaa sadiin ni daanga'a kan jedhu falmii jalatti hin kaane. Waamamtootni 1ffaa fi 2ffaas ijoo komii kanaa taasisuun Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatti hin kaafne dhaddachi Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa ofii kaasuun murtiin kenne dogoggora dha. Darbiinsi yeroos guyyaa abbaan iyyataa du'ee kaasee akka shallagamuuf kan falman ta'uu fi abbaan iyyataa hanga lubbuun darbutti qabiyyee falmiif ka'umsa ta'e itti fayyadamaa kan ture waan ta'eef iyyataan mirga abbaa isaa bakka bu'ee dhaaluu darbiinsa yerootiin kan daanga'u miti. Mormiin sadarkaa duraa Mana Murtii Ol'aanaan kufaa ta'ee qabiyyeen lafaa kan akaakayyuu iyyataa ta'uu kan mirkanaa'ee fi dhaalaan kan obboleettii abbaa koo Aadde Caalii Dooyyoo irraas na gahu ragaan mirkanaa'ee kan murtaa'e waan ta'eef akka nuuf cimuu. Akkasumas Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa xiinxala isaa keessatti qabiyyee fi qarshiin dhaalaa kan Akaakayyuu iyyataatti fudhachuun murtii dhimma

hunda irratti kenname dogoggora waan ta'eef kunis akka naa sirraa'u; walumaagalatti Mana Murtii Ol'aanaatti qabiyyee akaakayyuu koo fi kan adaadaa koo ta'uu mirkanaa'ee dhaalaan kan na gahu gaheen koo waan murtaa'eef murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Giddugaleessaa diigamee kan Mana Murtii Ol'aanaa naaf cimee baasii fi kisaaraan akka naaf murtaa'u jechuun gaafateera.

Waamamtootnis bakka tokkotti deebii guyyaa 18/02/2013 barreeffameen kennan"darbiinsa yeroo jala kaasnee kan falmaa turre malee falmii sadarkaa ol'iyannoo qofatti ka'e miti. Qabiyyeen nu harka jiru kan dhuunfaa keenya malee kan akaakayyoo iyyataa ammaa nu harka akka hin jirre ifaan falmineerra. Akkasuams abbaan iyyataa qabiyyee falmiif ka'umsa ta'e guyyaa tokko illee itti hin fayyadamne. Iyyataanis himannaa isaa keessatti qabiyyeen falmiif ka'umsa ta'e abbaa isaatti darbee itti fayyadamaa turuu isaa wanti ibsee seerummaa gaafate hin jiru. Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaas qabiyyeen falmiif ka'umsa ta'e harka abbaa iyyataa akka hin galle mirkanaa'uu isaa hubachuun bu'uura S/H/H/ lak.1000(1)tiin himannaa iyyataa darbiinsa yeroo waggaa 3(sadii) tiin kufaa ta'uun dogoggoora hin qabu. Qabeenya dhaalaa Aadde Caalii Dooyyoos mana murtii jalaatti ifaan haallee kan falmine waan ta'eef kun hubatamee murtichi kan haqame waan ta'eef komiin gama kanaan iyyataan kaases bu'uura seeraa waan hin qabneef kufaa ta'ee baasii fi kisaaraan gahaa ta'e nuu muramee murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Giddugaleessaa kenne akka nuuf cimuu jechuun gaafataniiru.

Seenaan dhufaatii dhimmichaa kan armaan olitti ibsame yommu ta'u, seerummaa iyyataan ammaa gaafate bu'uura S/H/H/ lak.1000 (1) tiin darbiinsa yeroo waggaa 3(sadii)tiin kufaa ta'uun isaa hagam seera

qabeessa? ijoo jedhu qabannee galmee kana akka itti aanutti qoranneerra. Akka galmee kana keessa qorannetti Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinneetti falmii taasifamee fi ragaa namaa dhagahame irraa kan hubatamu iyyataan lafa qabiyyee akaakayyuu isaa fi qabeenya dhaalaa Aadde Caalii Dooyyoo abbaa isaa bakka bu'ee gahee abbaa isaa waamamtoota harka kan jiru kan dhaalaan isa gahu akka qoodaniif kan gaafate yoo ta'u, waamamtootni immoo qabiyyeen isaan harka jiru qabiyyee dhuunfaa isaanii malee kan akaakayyuu iyyataa akka hin taanee fi qabeenya dhaalaa(mana jireenyaa) Aadde Caalii Dooyyoo immoo dhaaltummaan falmanii gahee isaanii fudhachuu amananii garuu maallaqa dhaalaa fudhatan sana duutuun yeroo lubbuun jirtu kan guddiste Aadde Masarat Mangashaaf mana ittiin kan bitan malee dhuunfaa isaaniitiin akka itti hin fayyadamne falmaniiru.

Sadarkaa firii dubbiittis lafti qabiyyee kan akaakayyuu iyyataa ta'uu kan mirkanaa'e ta'u illee abbaan iyyataa osoo lubbuun jiruu qabiyyee akaakayyuu iyyataa kana akkuma dhaalli bara 1981 banameen abbaan iyyataa qabiyyee kana gaafatee ofi harka galfachuu isaa wanti agarsiisu hin jiru. Iyyataanis himannaa isaa keessatti qabiyyee akaakayyuu isaa abbaa isaa bakka bu'ee dhaaluuf kan gaafate malee kan abbaan isaa dhaalee ofi harka galfate sababa abbaan isaa du'een qabiyyichi harka waamamatoota 1ffaa fi 2ffaa galuu isaa hin falmine. Akkuma iyyataan himata isaa keessatti ibsetti lafa qabiyyee akaakayyuu isaa bakka abbaa isaa ta'ee kan dhaaluu danda'u bu'uura S/H/H/ kew.833tiin dha. Seerri hariiroo hawaasaa keewwata ibsame kana jalatti tumame immoo erga dhaalli banamee booda namni dhaaluuf mirga qabu sun yoo du'e, qabeenyi dhaalaa sun dhaaltota du'aatti akka darbu kan tumu dha. Kana jechuun namni kallattiin dhaaluuf mirga qabu erga dhaalli isaa banamee yoo du'e, namni bakka isaa bu'ee dhaalu (kan lubbuun jiru jechuu dha)

gaaffii dhaalaa dhiyeessuu ni danda'a jechuu jedha. Kun immoo gaaffiin dhimma dhaalaa guyyaa dhaalli banamee(kew.826) kaasee dhiyaachuu akka qabu namatti argarsiisa. Dhimma of harkaa qabnutti yoo deebinu abbaan iyyataa erga dhaalli abbaa isaa banamee waan du'eef iyyataan immoo mirga abbaan isaa argate kana sababa abbaan isaa du'eef yeroo sana gaafachuu ni danda'a ture.Garuu iyyataan yeroo akaakayyuun isaa du'an kan dhalate hin turre. Yeroo abbaan isaa du'us daa'ima waggaa 4 akka ture dhimma mana murtii jalaatti mirkanaa'e dha. Garuu asirratti dhimmi furmaata seeraa barbaadu waamamtootni darbiinsa yeroo kaasanii waan falmaniif darbiinsi yeroo kan lakka'amuu eegalu guyyaa dhaalli banamee moo guyyaa abbaan iyyataa du'e dha? kan jedhu dha. Akkuma olitti xiinxala kana keessatti ibsinetti guyyaan darbiinsa yeroo lakkaa'amuu kan eegalu guyyaa dhaalli banamee kaasee akka ta'e S/H/H/ lak.826 jalatti kan tumame irraa ni hubatama. Kunis akkuma dhaalli banameen namni du'aa dhaaluuf mirga qabu gaaffii qabeenya dhaalaa dhiyeessuu ni danda'a jechuu dha. Gaaffii kanas dhiyeessuu kan danda'u yeroo dhaalli banamu sana nama gaa'eela gahe yookiin kan gaa'eela hin geenye yoo ta'e immoo karaa guddisaa nama gaa'eela hin geenye sanaa ta'uu ni danda'a. Garuu namni gaa'eela hin geenye guddisaan yoo gaafachuu hin baanne yeroo gaa'eela gahe gaafachuu mirga ni qaba jechuu dha. Kanuma ilaalchisee Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Federaalawaa Jildii 20 galmee lak.120841 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 23/01/2008 ooleen murtii dirqisiisaa kenneera. Kunis namni gaa'eela hin geenye guyyaa gaa'eela gahee kaasee bu'uura S/H/H/ lak.1000(2) tiin hanga waggaa 15tti gaafachuu akka danda'u kan murteesse yoo ta'u, kunis mirga daa'ima gaa'eela hin geenyee caalaatti eegumsa gochuuf akka ta'e ni hubatama. Garuu namootni yeroo dhaalli banamu gaa'eela gahan guyyaa banamee kaasee waggaa 3 keessatti gaaffii dhaalaa yoo hin dhiyeessine darbinsa yeroo waggaa 3(sadii)tiin

hafaa akka ta’u S/H/H/ keewwata 1000(1) jalatti kan tumame irraa ni hubatama. Kana hunda walitti qabnee yoo ilaallu gaaffii dhaalaa Iyyataan gaafate kana lakkaa’amu bara abbaan isaa(1995) du’anii kaasee osoo hin taane yeroo akaakayyuun isaa bara 1981 du’anii kaasee waan ta’eef yeroo sanaa kaasee hanga guyyaa Iyyataan himata dhiyeesseetti guyyaan yoo herregamu waggaa 30 kan guutu yoo ta’u, abbaan iyyataas erga dhaalli banamee kaasee waggaa 14 booda erga lubbuun turee kan du’e ta’uu ni hubatama. Kanaaf osoo dhuma abbaan iyyataa yeroo lubbuun jiru gaafate ta’ee falmiin dhaaloota gidduutti waan ta’uuf gaaffiin dhiyaatu bu’uura S/D/F/H/H/ lak.1000(1)tiin darbinsa yeroo waggaa 3(sadiin) hafaa akka ta’u beekamaa dha.

Mirgi iyyataa akka olitti ibsametti eegamuu kan danada’u abbaan isaa akka dhaalli banameen mirga kan gonfate osoo ta’ee guyyaa gaa’eela gahee kaasee hanga waggaa 15tti gaafachuu ni danda’a ture. Amma garuu mirga abbaan isaa iyyuu osoo lubbuun jiruu hin araganne kan gaafachaa jiru waan ta’eef qabeenya abbaan isaa yeroo lubbuun jiru hin dhaalle sababa gaa’eela hin geenye jedhuun fayyadamaa ta’uu hin danda’u. Akkasumas darbinsi yeroo kan herregamu guyyaa dhaalli banamee kaasee waan ta’eef guyyaa iyyataan gaa’eela gahee kaasee osoo herregamees waggaa 17 waan ta’uuf gaaffiin iyyataa dhimma qabiyyee lafa magaalaa kan akaakayyuu isaa ilaalchisee gaafate darbinsa yerootiin hafaa waan ta’uuf Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Giddugaleessaa darbiinsa yeroo waggaa 3(sadii) tiin kufaa gochuun murtiin kennan falmii waamamtootaa bu’uura kan godhate waan ta’eef komee iyyataan gama kanaan kaase fudhatama kan qabu ta’ee waan hin argamneef kufaa gochuun bira dabarreerra.

Gara dhimma qabeenya dhaalaa Aadde Caalii Dooyyootti yoo deebinu,

iiyayaan kan gaafachaa jiru abbaan isaa dursee waan du'eef bu'uura S/H/H/ lak.842(3)tiin abbaa isaa bakka bu'ee obboleettii abbaa isaa dhaaluuf kan gaafate yoo ta'u, waamamtootni garuu akka falmii guddaatti kan kaasan maallaqa dhaalaan argame kana dhaaltummaa isaaniin falmanii fudhachuu isaanii amananii garuu maallaqa dhaalaa fudhatan kana duutuun yeroo lubbuun jirtu kan guddiste qaroo dhabeeyyii kan taate Aadde Masarat Mangashaaf mana jireenyaa ittiin binne kan jedhu dha. Garuu kun mana murtii jalaatti ragaan hin deeggaramne. Falmii afaanii keessatti immoo waamamtuun 3ffaa maallaqa dhaalaa gahee abbaa iyyataa kan Aadde Caalii Dooyyoo gahee abbaa isaa fudhachuu ishee amantee gahee iyyataas kennuuf qophii ta'uu ishee ibsiteetti. Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Giddugaleessaa garuu dhimmicha adda baasee osoo hin ilaalin dhimmoota hunda irratti darbiinsa yeroo waggaa 3tiin hafaa taasiseera. Haa ta'u malee iyyataan abbaa isaa bakka bu'ee dhaala obboleetti abbaa isaa kan gaafachaa jiru bu'uura S/H/H/ lak.844(2)tiin dha. Kunis duutuun obboleettii abbaa iyyataa kan taate ijoollee gadi lakkaa'amanii fi haadhaa fi abbaa lubbuun jiran waan hin qabneef iyyataan bakka abbaa isaa bu'ee dhaalaa sadarkaa 2ffaa ta'ee dhaaluu mirga qaba. Gaaffii dhaala kana immoo dhiyeessuu kan danda'u erga umuriin gaa'eela gahee booda dha.

Firii dubbii mana murtii ol'aanaatti mirkanaa'e irraas kan hubatamu immoo obboleettiin abbaa iyyataa bara 2000 kan du'an yoo ta'u, yeroo sanaa kaasee hanga himannaan dhiyaatetti yoo herregamu waggaa 11 ni ta'a. Iyyataan immoo erga umuriin isaa gaa'eela gahee waggaa 4 gadi dha. Kun immoo akka Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Federaalawaa jildii 20 lak.120841 ta'e irratti murtiin dirqisiisaan kennametti namni yeroo dhaalli banamu gaa'eela hin geenye guyyaa umuriin isaa gaa'eela gahee kaasee bu'uura S/H/H/ lak.1000(2)tiin

hanga waggaa 15tti gaaffii dhaalaa dhiyeessuu ni danda'a waan jedhuuf iyyataanis qabeenya dhaalaa obboleettii abbaa isaa gaafachuuf yeroon kan itti hin dabarre waan ta'eef darbinsa yeroon kan hafu miti jenneerra. Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Giddugaleessaa garuu kallattii kanaan ilaaluu dhiisuun gaaffii iyyataa darbinsa yeroo waggaa sadiin kufaa kan taasise dogoggoora seeraa isa bu'uuraa kan raawwate dha jenneerra.

Kanaafuu himannaan iyyataa qabeenya dhaalaa Aadde Caalii Dooyyoo abbaa isaa bakka bu'ee dhaaluuf guyyaa gaa'eela gahee kaasee hanga waggaa 15tti gaafachuuf mirga osoo qabuu hiikoo dogoggoraa itti kennuun darbinsi yeroo waggaa 3(sadiin) hafa ni ta'a jechuun murtii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee diiguun kenne dogoggora bu'uura seeraa kan qabu ta'ee waan argameef ajaja itti aanu kennineerra.

Ajaja

1. Murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Giddugaleessaa galmee lak.321992 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 20/06/2012 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan qabuuf bu'uura S/D/F/H/H/ lak.348(1)tiin fooyyessuun murtii kennineerra.
2. Waamamtootni 1ffaa, 2ffaa fi 3ffaa gahee iyyataa abbaa isaa bakka bu'ee Aadde Caalii Dooyyoo dhaalu tokko tokkoon isaanii qarshii qarshii 29,085.42 walitti $(29085.42 \times 3) =$ qarshii 87,256.26(qarshii kuma saddetamii torbaa fi dhibba lamaa fi shantamii fi santima digadamii jaha) iyyataaf haa kanfalan jenneerra.
3. Baasii fi kisaaraa walfalmitootni mata mataa ofii haa danda'an jenneerra.
4. Manni Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa

Finfinnee murtii kana akka raawwachiisu garagalchi murtii kanaa haa dhaqqabu jenneerra.

5. Akka beekaniif gargagalchi murtii kanaa Mana Murtii Waliigalaa
6. Oromiyaa Dhaddacha Giddugaleessaaf haa ergamu.
7. Galmeen kun murtii waan argateef mana galmeetti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa shan hin dubbifamne jira.

- Abbootii Seeraa:-
1. Guyyoo Waariyoo
 2. Fayyisaa Tolasaa
 3. Dobee Dhaabaa
 4. Fiixaa Dachaasaa
 5. Huseen Kamaal

Iyyattuun:- Aadde Burtukaan Tolaa

Waamamaan:- Obboo Darajjee Girmaa

Galmee kana qorannee murtii armaan gadii kennineerra.

Murtii

Dhaddacha kanatti falmiif ka'umsa kan ta'e kun kan eegalame Mana Murtii Aanaa Yaayyaa Gullalleetti ta'ee iyyattuun ammaa himattuu waamamaan immoo himatamaa turan.

Ijoo himannaa iyyattuun ammaa mana murtii jalaatti dhiyeessitee ture gabaabinaan “abbaan ishee Obbo Tolaa Dabal kan jedhamu bakka jireenya isaa Aanaa Yaayyaa Gullallee Ganda Nyaa'aa fi Solee keessa osoo jiraachaa jiruu dhukkubsachuun gaafa guyyaa 15/08/2010 du'aan addunyaa kana irraa kan boqote yommu ta'u, yeroo lubbuun jiru lafa qabiyyee dhuunfaan qabu kan dhaalaan natti darbuu qabu waamamaan ammaa mirga tokko osoo hin qabaatiin lafa qabiyyee abbaa koo hektaara 0.55 ta'u kana qabatee waan jiruuf akka gadi naaf lakkisu” kan jedhu dha. Waamamaan ammaas gama isaatiin deebii kenneen lafa qabiyyee himattuun qabiyyee abbaa koo seeraa ala na jalaa qabate jechuun akka gadi naa lakkisu kan jettu abbaan ishee yeroo lubbuun jiru duruma kennaan naa dabarsee kan naa dhiisee fi waliigaltee kenna guyyaa 13/11/1998 barreeffameen immoo kan naa mirkaneessee waggaa 20 oliif

dhuunfaan itti fayyadamaa waanan tureef darbinsa yeroo waggaa 12tiin hafa ta'a jechuun falmeera.

Manni Murtii Aanichaas falmii bitaa fi mirgaa dhagahuun ragaan erga qulqulleessee booda waamamaan lafa qabiyyee himattuun akka gadi lakkifamuuf gaafatte itti fufiinsaan waggaa 12 oliif itti fayyadamaa waan tureef bu'uura Dambii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa lak.151/2005 keewwata 32tiin darbiinsa yeroo waggaa 12tiin kan daanga'u dha jechuun murtii kenneera. Iyyattuun murtii mana murtii aanichaan kenname komachuun ol'iyannoo ishee Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Kaabaa fi Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Giddugaleessatiif kan dhiyeeffatte ta'u illee manneen murtii lamaanis dhimmicha osoo keessa hin seeniin walduraa duubaan bu'uura S/D/F/H/H/ lak.337tiin murtii manni murtii aanichaa kenne cimsaniiru. Iyyannoon ammaa kan dhaddacha kanatti dhiyaatees manneen murtii jalaa himannaa iyyattuu ammaa sababa darbiinsa yeroo waggaa 12tiin kufaa gochuun murtiin kennan dogoggora bu'uura seeraa kan ofi keessaa qabu dha jedhamee akka sirraa'uuf iyyattuun ammaa iyyannoo guyyaa 10/07/2012 barreeffameen waan gaafatteef yommuu ta'u, komeen ijoo iyyattuu ta'an kan isheen dhiyeessite akka Dambii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa lak.151/2005 keewwata 15 jalatti tumametti namni lafa qabiyyee baadiyyaa irratti dabbara abbaa qabiyyummaa itti qabu lafa sana itti fayyadamaa jira jedhamee kan tilmaamu malee namni hirtaa qotee waan itti fayyadamaa tureef abbaa qabiyyee ta'a jedhamee hiikoon kenname dogoggoora dha. Sababa qabannaa isaa waamamaan kennaan natti darbe jedhee falmu illee kennaan seera qabeessa ta'e hin jiru. Lafa qabiyyee baadiyyaa kennaan kan darbuu danda'u miseensa maatii qotee bulaaf malee nama miseensa maatii hin taaneef kennaan darbuu hin danda'u.

Kennaan taasifamus qaama aangoo qabu biratti galmaa'uu qaba. Ragaa namaa fi barreeffamaa Waajjira bulchiinsaa fi itti fayyadama baadiyyaa irraa dhiyaate waamamaan itti fayyadamaa ture sababa jedhuun himata iyyattuu darbinsa yeroon kufaa ta'uun gonkuma sirrii miti. Manneen murtii jalaa darbinsa yeroo hin jirree fi seera rogummaa hin qabne tuquun kenna qaama aangoo qabuun hin mirkanoofnee fi waamamaan kenna argachuuf illee mirga osoo hin qabaatiin darbinsa yeroo akka fayyadamu murtii maneen murti jalaa kennan sirrii waan hin taaneef haqamee akka naa murtaa'ee baasii fi kisaaraa falmii kana irratti baase mirga gaafachuu akka naaf eegamu jechuun gaafatteetti.

Waamamaanis deebii guyyaa 08/02/2013 barreeffameen kenneen qabiyyee falmiif ka'umsa ta'e waggaa 12 ol itti fufiinsaan itti fayyadamaa waanan tureef kennaan seera qabeessa osoo hin jiru jedhamee illee waggaa 12 ol itti fufiinsaan fayyadamuun seera qabeessa waan na taasisuuf waggaa 12 ol lafa qabiyyee kanatti waanan itti fayyadamaa tureef waraqaa ragaan maqaa abbaa iyyattuun jiraachuun qofti abbaa qabiyyee waan ishee hin taasifneef himatni Iyyattuu darbinsa yerootiin kufaa ta'uun murtiin kenname dogoggoora seeraa bu'uuraa kan qabu ta'ee waan hin argamneef iyyannoon iyyattuu kufaa ta'ee baasii fi kisaaraa waliin murtiin manneen murti jalaa kennan akka naaf cimu jechuun gaafateera.

Seenaan dhufaatii dhimmichaa kan armaan olitti ibsame yommu ta'u, waamamaan ammaa sababa waggaa 12 ol lafa qabiyyee falmiif ka'umsa ta'etti itti fayyadamaa ture jedhuun himata iyyattuu manneen murti jalaa kufaa kan taasisan seera qabeessa moo miti ? ijoo jedhu qabannee galmee kana akka itti aanutti qoranneerra.

Mana murtii aanaatti falmii taasifamee fi ragaa namaa dhagahamee fi ragaa

barreeffamaa dhiyaateen kan mirkanaa'e lafti qabiyyee falmiif ka'umsa ta'e jalqabbiin isaa qabiyyee abbaa Iyyattuu ta'uu fi waamamaan ammaa qabatee waggaa 12 ol itti fayyadamaa turuun isaa sadarkaa firii dubbiitti ragaa namaa waamamaa fi ragaa barreeffamaa Waajjira Bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa Aanaa Yaayyaa Gullallee irraa dhiyaateen mirkanaa'eera. Gama biraatiin immoo qabiyyeen falmiif ka'umsa ta'e maqaa abbaa iyyattuu obbo Tolaa Dabaliitiin galmaa'ee akka jiruu fi ragaan gama iyyattuun dhiyaatanis lafti qabiyyee falmiif ka'umsa ta'e kan abbaa iyyattuu akka ta'e ibsanii waamamaan itti fayyadamuu erga eegalee waggaa 8 ol akka ta'e mirkaneessaniiru.

Akkuma beekamu lafa qabiyyee baadiyyaa abbaa qabiyyee kan ta'e miseensa maatii isaa qofaaf kennaan yookiin dhaalaan dabarsuu akka danda'u Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Oromiyaa lak.130/1999 keewwata 6(1) jalatti tumameera. Miseensa maatii jechuun immoo ijoollee abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa irraa dhalataniif fi galii biraa kan hin qabnee fi dhaabbiin galii laficha irraa argamuun abbaa qabiyyichaatti hirkatanii kan jiraatan akka ta'e labsuma kana keewwata 2(16) jalatti tumameera. Keessumaa immoo kennaan taasifamu qaama aangoo qabu biratti galmaa'uun dirqama akka ta'e labsuma kana keewwata 6(16) jalatti kan tumame irraa ni hubatama. Kanaan achi namni miseensa maatii qotee bulaa hin taane lafa qabiyyee baadiyyaa kennaanis ta'e dhaalaan argachuuf mirga hin qabu. Ija kanaan yoo ilaalle waamamaan ammaa miseensa maatii abbaa Iyyattuu ta'uu isaa ragaan dhiyaatees hin jiru. Waamamaanis kallattii kanaan wanti falme hin jiru. Falmiin waamamaa inni guddaan garuu kennaan isaaf taasifame seeraa ala osoo jedhamee iyyuu sababa waggaa 12 ol lafa qabiyyee falmiif ka'umsa ta'e kana itti fayyadamaa tureef darbinsa yerootiin abbaa mirgaa nan ta'a kan jedhu dha. Iyyattuun immoo lafti qabiyyee maqaa

abbaa koon waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa waan itti kennameef itti fayyadamuun qofti abbaa mirgaa isa taasisuu hin danda’u kan jedhu dha. Kana irraa kaanee seera walfalmitootni kaasani falman bu’uura godhannee yoo ilaallu labsiin Bulchiinsaa fi Itti Fayyadamaa Lafa Baadiyyaa Oromiyaa lak.130/1999 keewwata 15tiin abbaan qabiyyee baadiyyaa tokko lafa qabiyyee isaatti waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa itti fudhachuu akka qabuu fi lafichas kununsuun itti fayyadamuu akka qabu dha. Garuu waggaa lamaa ol abbaan qabiyyee sun itti fayyadamuu yoo dhaabe adeemsa dambii labsii kana hordofuun baheen irraa fudhatamuu akka danda’u keewwata 6(16) jalatti kan tumame irraa ni hubatama.

Gama biraatiin immoo namni lafa qabiyyee baadiyyaa seeraa ala qabate kamiyyuu hanga waggaa 12tti gadi dhiisisuuf darbiinsa yerootiin akka hin daangofne ta’uu Dambii Bulchiinsaa Fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Oromiyaa lak.151/2005 keewwata 32 jalatti kan tumame irraa ni hubatama. Kana jechuun kallattii biraan yoo hiikamu lafa qabiyyee baadiyyaa karaa seeraan alaa namni qabate tokko akka gadi lakkisu gaafatamuu kan danda’u hanga waggaa 12 qofatti ta’uu isaa ti. Kana jechuun immoo waggaa 12 booda abbaan qabiyyee sababa darbinsa yerootiin gaafachuu akka hin dandeenye dha. Garuu Gochi seeraan alaan lafa qabiyyee qabachuu jechuun bittaa fi gurgurtaa lafa waan dabalatuuf kan heera mootummaa federalaa fi naannoo keenyaa lafti kan uummataa fi kan mootummaa ta’ee kan hin gurguramnee fi hin jijjiiramne (heera mootummaa keewwata 40(3)(4)) jedhuun tumamae wajjin kan walfaallessu dha. Akka heera mootummaa keewwata 9(2) jalatti tumamettis gochi heera mootummaa wajjin walfaallessu raawwatinsa kan qabu miti.

Kallattii biraan immoo waliigalteen seeraa ala ta’e tokko darbinsa yeroon

daangeeffamuu akka hin dandeenye dhaddachi Mana Murtii Waliigalaa Federaalawaa jildii 12 lak.galmee 43226 ta'e irratti murtii dirqisiisaa gaafa 07/06/2003 kenneera. Akkasumas dhimma falmii qabiyyee lafa baadiyyaa wajjin walqabatu irratti murtii jildii kana irratti kenname eeruun jildii 14ffaa lakk. Galmee 79394 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 25/08/2008 ooleen murtii dirqisiisaa kennee jira. Murtii dirqisiisaa dhaddacha Ijibbaataa Federaalawaan kennamu immoo manneen murtii biyya kana hunda irratti(labsii lak.457/1997 keewwata 2(1)) raawwatinsa kan qabu dha. Dambiin Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa lak.151/2005 keewwatni 32 Tumaa Heera Mootummaa Fi Murtii Dirqisiisaa Dhaddacha Ijibbaataa Federaalawaan kenname wajjin kan walfaallessu dha. Keessumaa dambichi lafti qabiyyee hin gurguramu, hin jijjiramu kan jedhamee heera mootummaa keessatti tumame waliin kan walfaallessu waan ta'eef raawwatinsa kan qabu miti.

Dhimma ofi harkaa qabnuttis yoo deebine waamamaan lafa qabiyyee abbaa iyyattuu kennaan fudhatee yeroo dheeraa itti fayyadamaa turuu isaa kan falmu ta'u illee miseensa maatii abbaa iyyattuu waan hin taaneef namni miseensa maatii abbaa qabiyyee hin taane immoo kennaan lafa baadiyyaa abbaa qabiyyee irraa argachuu waan hin dandeenyeef waliigaltichi waliigaltee seeraa alaa ta'a. Akkuma olitti ibsametti immoo waliigalteen seeraa ala ta'e tokko darbinsa yeroon kan hin daangeffamnee fi yeroo kamiyyuu yeroo gaafatametti kan diigamu waan ta'eef Waamamaan seera ala qabatte osoon jedhamee iyyuu sababa yeroo dheeraa fayyadameef darbinsa yeroon abbaa mirgaa nan ta'a kan jedhu fudhatama kan qabu miti.

Gama biraatiin lafti qabiyyee falmiif ka'umsa ta'e maqaa abbaa Iyyattuun galmaa'ee gibirri mootummaa kan itti kanfalamaa jiru waan ta'eef

Waamamaan kanfaltii gibira tokko malee yeroo dheeraa itti fayyadamaa jiraachuu isaa qofa kaasee kan falmu waan ta'eef akkasumas qotee bulaan lafa isaa irraa mirga hin buqqaane waan qabuuf kun hundi walitti qabamee yoo ilaalamu waliigaltee seeraa alaa bu'uura godhachuun yeroo dheeraa qabadhee itti fayyadmeera sababa jedhuun manneen murtii jalaa mirga abbaa qabiyyummaa sababa darbinsa yerootiin himannaa ishee kufaa gochuun kan murteessan dogoggoora seeraa isa bu'uuraa kan qabu ta'ee waan argameef ajaja kanatti aanu kennineerra.

Ajaja

1. Murtii Manni Murtii Aanaa Yaayyaa Gullallee galmee lak.25106 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 04/03/2012 ooleen kenne, Murtii Manni Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Kaabaa galmee lak.72016 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 15/03/2012 ooleen kennee fi Murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Giddugaleessaa galmee lak.321604 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 19/05/2012 ooleen cimsuun kenne dogoggoora seeraa isa bu'uuraa ta'e waan qabuuf bu'uura S/D/F/H/H/ lak.348(1)tiin diiguun murtii kennineerra.
2. Waamamaan qabiyyee falmiif ka'umsa ta'e kana himata keessatti daangaan kallattii arfuriin kan ibsame lafa hektaara 0.55 ta'e iyyattuuf akka gadi lakkisu jenneerra.
3. Baasii fi kisaaraa waamamaan qarshii 1000 (kuma tokko) iyyattuuf haa kanfalu jenneerra.
4. Manni Murtii Aanaa Yaayyaa Gullallee murtii kana akka raawwachiisu garagalchi murtii kanaa haa dhaqqabu jenneerra.
5. Akka beekaniif gargagalchi murtii kanaa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Giddugaleessaa fi Mana Murtii Ol'anaa Shawaa Kaabaatiif haa ergamu.
6. Galmeen kun murtii waan argateef mana galmeetti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa shan hin dubbifamne jira.

- Abbootii Seeraa:-
1. Guyyoo Waariyoo
 2. Dabee Dhaabaa
 3. Abdusalaam Sirraaj
 4. Galaanaa Dhugumaa
 5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyataan:- Innamoo Dirribaa - B/B- Obbo Daanyee Cannaqaa

- Waamamtootni:-
1. Kaasaahuun Dirribaa
 2. Dabalee Dirribaa
 3. Simaa Dirribaa

Galmee kana qorannee murtii kanaa gadii kennineerra.

Murtii

Galmeen kun dhaddacha ijibbataaf dhihaachuu kan danda'e iyyattuun ammaa murtii Manni Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Jiddugaleessaa galmee lakk.314894 ta'een dhaddacha gaafa 09/04/12 ooleen fooyyessuun kenne kun dogoggoora bu'uura seeraa kan qabu dha naaf haa sirraa'u jechuun iyyannoo gaafa 27/05/12 barreeffameen waan dhiyeeffatteefi dha.

Ka'umsi falmii kanaa mana murtii aanaa irraa yoo ta'u, iyyattuun/himattuu jalaa/ waamamtootni 1ffaa fi 2ffaa/jiddulixxoota jalaa/,waamamaan 3ffaa/ himatamaa jalaa/ dha. Falmiin falmii dhaalaa yoo ta'u, iyyattuun ammaa himannaa dhaalaa gaafa 30/07/11 barreessitee Mana Murtii Aanaa Qarsaa Maallimaatti waamamaa 3ffaa irratti dhiheessiteen, abbaan koo Dirribaa Abbabaa gaafa 26/10/96 du'eera. Haati koo Zannabuu Naggasaa immoo gaafa 14/10/2006 duutee jirti. Abbaa fi haati koo yeroo lubbuudhaan turanitti qabiyyee lafa qonnaa fi kaloo qarxii 53/Shantamii sadii/ bakka

itti argamuu fi daangaan murtii mana murtii aanaa keessatti caqasamee jiru qabu, dhaaltotni haadhaa fi abbaa keenyaa namoota shan waan ta'eef himatamaan/waamamaan 3ffaa/ gahee dhaalaa koo qarxii 10.6 akka naaf qoodu itti naaf haa murtaa'u jechuun gaafattee jirti. Waamamaan 3ffaa deebii gaafa 29/08/11 barreessaa dhiheesseen, qabiyyeen lafa ittiin himatame akka jedhame osoo hin ta'iin qarxii shanii fi walakkaa dha; dhaaltootni immoo namoota shan osoo hin ta'in namoota torba dha. Iyyattuun lafa abbaa koo gahee argachuu qabu naaf haa qoodamu jettee jaarsummaan waliigaltee gaafa 23/07/11 barreeffameen lafa qarxii tokko fudhattee osoo harkaa qabduu qabiyyee dhaaltoota nama shaniin qoodanne; anis gahee koo qarxii tokko qofaan harkaa qaba; lafa qonnaa fi kaloo himannaa tarree lammaffaa irratti ibsame qarxii lama, tarree sadaffaa irratti ibsame qarxii jaha qofa yoo ta'u, tarree afraffaa irratti naannoo balaccee jedhamee ibsame qarxii kudhan qofaa walumaagala qarxii 18/kudha saddeet/ ta'e qabiyyee haadha koo yoo ta'u, haati koo Zannabuu Naggasaa osoo lubbuudhaan jirtuu bara 1995 kennaa naaf kennitee lafa naannoo balaccee jedhamu jiru bara 1998 mana jireenyaa qorqorroo tokkoo fi mana citaa tokko irratti ijaarradhee irraa qaba waan ta'eef qabiyyee dhuunfaa koo waan ta'eef ana gaafachuu hin dandeessu. Keessaa naaf bahee iyyattuun illee gahee ishii qarxii tokko fudhattee waan harkaa qabduuf himatni ishii kufaa ana irraa haa ta'u jechuun falmeera. Kun kanaan osoo jiruu waamamtootni ammaa 1ffaa fi 2ffaan iyyata jidduu lixummaa bu'uura S/D/F/H/H lak.41 gaafa 22/09/2011 barreessanii dhiyeessaniin, qabiyyee lafa dhaalaa abbaa keenyaa irratti walfalmaa jiran nuyis dhaaltuu waan taaneef gahee keessaa qaban waan ta'eef jaarsaanis qoodannee waan ofi harkaa qabnuuf gaheen dhaalaa abbaa keenyaa nutti darbuu qabu nuuf haa qoodamu; gaaffin gahee dhaaltummaa abbaa keenyaa kufaa kan ta'u yoo ta'e immoo kanumti duraan jaarsaan hirannee jiru falmii keessaa nuuf haa bahu yookaan

nuuf haa mirkanaa'u jechuun falmaniiru. Iyyattuun ammaa iyyata jidduu lixummaa dhiyaate irratti deebii gaafa 12/10/2011 barreesitee dhiyeessiteen, jidduu lixootni/waamamtootni 1ffaa fi 2ffaan/ kun abbaa fi haadha keenya irraa waan hin dhalatiniif dhaaltota abbaa keenyaa miti; osoo dhaaltoota abbaa keenyaa ta'anillee abbaan keenya erga du'ee waggaa 21/digdamii tokko/ waan ta'eef himatni dhaalaa darbiinsa yerootiin ni daanga'a; kana malee gaafatamaa kan jiru gahee abbaa keenyaa osoo hin ta'iin kan haadha keenyaa ti, dhaaltootni mirga qaban Kaasahuu Dirribaa fi Dabalee Dirribaa/iyyattoota/ dabalatee namoota torba yoo ta'an, isaan illee gahee isaanii argatanii kan of harkaa qaban waan ta'eef iyyatni isaanii kufaa naaf haa ta'u jechuun falmitee jirti. Waamamaan 3ffaa himannaa jidduu lixummaa dhiyaate irratti deebii gaafa 04/10/2011 barreessee dhiyeesseen, jidduu lixoonni/waamamtootni 1ffaa fi 2ffaa/ waliigaltee araaraa gaafa 23/07/2011 barreeffameen qarxii tokko tokko fudhatanii harkaa qabaachuun isaanii dhugaa waan ta'eef akkaataa gaaffii isaaniiitiin keessaa baheefii yoo murtaa'e mormii hin qabu; kana irraa kan hafe qabiyyee dhuunfaa kooti jechuun falmeera.

Manni murtii aanaa bitaa fi mirga falmisiisuun ragaa namaa walfalmitootaa dhagahuun akkasumas karaa waajjira bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa aanaatiin akka qulqullaa'ee dhihaatu taasisuun dhuma irratti murtii kenneen;qabiyyee lafa falmii kanaaf ka'umsa ta'e qabiyyee abbaa walfalmitootaa fi haadha iyyattuu fi waamamaa 3ffaa waliin qaban ta'uun mirkanaa'eera. Waamamtootni 1ffaa fi 2ffaan abbaan jara kaan waliin tokko yoo ta'an illee haadha biraa irraa dhalachuun isaanii hubatamee jira. Erga abbaan isaanii du'ee haati iyyattuu fi waamamaa 3ffaa qabiyyee maqaa ishiitti naanneeffattee hanga bara 2006tti itti fayyadamaa kan turte waan ta'eef waamamtootni 1ffaa fi 2ffaa ishii irraa waan hin dhalanneefi miseensa maatii ishii waan hin ta'iniif ishii dhaaluu hin danda'an;

waamamaan 3ffaa waliigaltee kennaa seera qabeessa ta'een qabiyyee lafa falmii kaase haadha isaa irraa bara 1995 argachuun isaa hin mirkanoofne. Waamamtootni jaarsaan qooddanne kan jedhan karaa seera qabeessa ta'een qabiyyee dhaala qooddachuu kan mirkaneessu miti; qabiyyee akka waliigalaatti maqaa haadha Zannabuutiin galmaa'ee jiru hektaara 7.8345 ta'e dhaaltootni duutuu nama shan waan ta'aniif waamamaan 3ffaa gahee iyyattuu qoodee haa kennuuf jechuun murteesseera.

Waamamtootni 1ffaafi 2ffaa ammaa murtii akkaataa kanaan kenname kana komachuudhaan komii ol'iyannoo Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Kibbaa Lixaatti yoo dhiheeffatan illee hin dhiheessisu jechuun bu'uura S/D/F/H/H/ lak.337 murtaa'eera.

Waamamtootni 1ffaa fi 2ffaan ammaa murtii kanneen komachuudhaan komii ol'iyannoo Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Jiddugaleessaatti dhiheeffatanii manni murtii ol'iyata dhagahee bitaa fi mirga dhiyeessee falmisiisuun dhuma irratti murtii kenneen qabiyyeen lafa falmii kaase qabiyyee abbaa fi haadha iyyattuu ta'uun mirkanaa'ee jira; akka abbaan du'een haati gara maqaa ishiitti naanneessitee hanga duututti itti fayyadamaa turte malee waamamaa 3ffaa fi iyyattuu harka ille hin turre, iyyattuun ofii ishee gahee abbaa fi haadhaa naaf haa qoodamu jettee gaafachaa bakka jirtutti gahee abbaa waamamtoota 1ffaa fi 2ffaa irratti darbinsa yeroo kaasuu hin dandeessu waan ta'eef qabiyyeen bakka lamatti qoodamee gahee abbaa dhaaltootni garee abbaa waaamamtoota 1ffaafi 2ffaa dabalatee akka qixxeetti qooddatan, walakkaa hafu immoo dhaaltootni gara haadhaa/duutuu Zannabuu/ ta'an qixxeetti haa qooddatan jechuun bu'uura S/D/F/H/H/ lak.348/1/tiin fooyyessuun murteesseera.

Iyyattuun ammaa murtii kana komachuudhaan iyyannoo dhaddacha kanaaf dhiyeessiteen, waamamtoota 1ffaa fi 2ffaan abbaan keenya eenyu irraa akka dhalche kan hin beeknee fi erga abbaan keenya du'ee qe'ee

keenya kan hin turee fi qabiyyee lafa falmii kaase kanatti fayyadamani kan hin beekne ta'ee osoo jiruu, erga abbaan keenya du'ee yeroo dheeraa booda gaaffiin dhaalaa darbinsa yerootiin ni daanga'a jedhee falmee bakka jirutti waamamtootni mirga hin qabneen qabiyyee gahee gara abbaa akka qooddatan jedhamee murtiin kenname dogoggoora bu'uura seeraa waan ta'eef ana irraa diigamee murtiin mana murtii aanaa fi ol'aanaatiin kenname akka naaf cimu jechuun gaafateera.

Dhaddachi kunis komee iyyannoo dhihaate, murtii manneen murtii jalaatiin kenname seera waliin ilaaluun abbaan walfalmitootaa erga du'ee turee osoo jiruu qabiyyee lafa falmii kaase haati iyyattuu fi waamamaa 3ffaa maqaa ishiitti jijjiirtee hanga bara 2006 itti fayyadamaa turuun ishee mirkanaa'ee osoo jiruu waamamtootni 1ffaa fi 2ffaa gahee abbaa akka qooddatan jedhamee murtaa'uun isaa bakka bitaa fi mirgi jiranitti qulqulleesuuf ni dhiyeessisa jedhamee waamamtootni deebii akka itti kennan taasifamee, waamamtootni 1ffaafi 2ffaan deebii gaafa 17/06/12 barreessanii dhiheessaniin, nuti ilmaan Dirribaa Abbabaa ta'uun keenya ragaan mirkanaa'eera; yeroo abbaan keenya du'u daa'ima waan turreef osoo gahee abbaa keenyaa hin gaafatiin turee; kanaaf dhaaltootni abbaa keenyaa namoota torba waan ta'aniif gahee abbaa keenyaa torban keenya akka qooddannu murtaa'uun isaa dogoggoora hin qabu nuuf haa cimu jechuun falmaniiru. Waamamaan 3ffaa deebii gaafa 18/06/12 barreessae dhiheesseen, abbaan keenya kan du'e bara 1991 yoo ta'u, mirga dhaalaa dabarsuu osoo seeraan hin jirre kan du'ee fi ergasii haati keenya itti dabartee qabiyyee maqaa ishiitti galmeessitee itti fayyadamaa turtee waan duuteef waamamtootni darbinsa yerootiin gahee abbaa nu faana dhaaluu hin danda'an waan ta'eef bu'uura komii iyyattuutiin yoo murtaa'e mormii hin qabu jechuun falmeera.

Dhaddachi kunis komee iyyannoo dhihaate, deebii kennamee fi murtii manneenmurtiijalaatiinkennameseerawaliinqoranneerra. Akkaqorannetti seerummaan iyyattuun gaafatte dhaala eenyuutii? waamamtootni 1ffaafi 2ffaan du'aa abbaa iyyattuu Dirribaa Abbabaa irraa dhalachuun isaanii mirkanaa'eera moo miti ?, yoo mirkanaa'e ta'e bakka namni himatame/waamamaan 3ffaa/ darbinsa yeroo hin kaasiiniitti iyyattuun mataan ishii himattuu taate iyyata jidduu lixummaa waamamtootni 1ffaafi 2ffaa dhiheessan irratti kaasuu ni dandeessii?; darbinsi yeroo yoom irraa kaase lakkaa'amaa? qabiyyeen lafa falmii kanaaf ka'umsa ta'e kan abbaa fi haadha iyyattuu ta'uun mirkanaa'ee bakka jirutti waamamaan 3ffaa mirga waamamtoota 1ffaafi 2ffaa akkasumas iyyattuu beekke qabiyyee qarxii tokko tokko bara 2011 keessa qoodeefii kennuun isaa darbinsa yeroo adda kutuu waliin akkamitti ilaalamaa? kan jedhu qabxii furmaata barbaadu ta'ee argameera.

Bu'uura kanaatiin seerummaa iyyattuun gaafatte irraa akka hubatamutti abbaan ishii Dirribaa Abbabaa gaafa 26/10/96 kan du'e ta'uu ibsuun akkasumas haati ishii Zannabuu Naggasaa immoo gaafa 14/10/2006 duutee waan jirtuuf, qabiyyee lafa falmi kaase kan abbaa fi haadha koo yoo ta'u, akka abbaan koo du'een gaheen abbaa osoo hin qoodamiin haadha koo harkatti hafe ishiin hanga bara 2006 qabattee itti fayyadamaa turtee bara 2006 akka ishiin duuteen harka waamamaa 3ffaa/obboleessa koo/ galee jira. dhaaltotni haadhaa fi abbaa koo nama shan waan ta'eef gahee koo akka naaf qoodamu jechuun iyyattuun gahee abbaa fi haadhaa kan gaafatte ta'uu hubatameera. Haaluma kanaan, qabiyyeen illee qabiyyee abbaa fi haadhaa ta'uu fi abbaan yoo du'u haadha harka turuu malee gaheen abbaa kan dhaaltootaaf hin qoodamiin ta'uu sadarkaa firii dubbiitti mirkanaa'ee jira.

Waamamtootni 1ffaafi 2ffaan haadha iyyattuu irraa hin dhalatiin malee iyyattuu fi waamamaa 3ffaatiin abbaan tokko ta'uu fi haadha biraa irraa abbaan iyyattuu kan dhalche ijoollee abbaa iyyattuu irraa dhalatan ta'uu ragaa bitaa fi mirgaatiin mirkanaa'ee jira. Kanaaf, dhaaltootni gara abbaatiin jiran namoota torba yoo ta'an, kan gara haadhaa Zannabuu Naggasaa immoo namoota shan ta'uun illee hubatameera. Hanga gaaffiin iyyattuu dhaaltummaa abbaa fi haadhaa gaafatte jirtutti waamamtootni 1ffaafi 2ffaa illee abbaadhaan iyyattuu waliin tokko waan ta'anii fi isaan illee gahee abbaa irraa dhaalaan isaan gahu ammaan dura waan hin qooddatiiniif akka qoodamuuf gaafachuu waan isaan dhorku hin jiraatu. Qabiyyee lafa falmii kanaaf ka'umsa ta'e akka abbaan walfalmitootaa du'een haadha iyyattuu fi waamamaa 3ffaa harka galee hanga bara 2006 itti fayyadamaa kan turte malee sana dura waamamaa 3ffaa harka kan hin galinii fi waamamaan 3ffaa harka kan gale erga haati duutee bara 2006 booda akka ta'e mirkanaa'ee jira. Qabiyyeen harka waamamaa 3ffaa erga seenee booda illee iyyattuu fi waamamtoota 1ffaafi 2ffaan dhaaf dhaaltummaa isaanii beekumsa kenneefii qarxii tokko tokko jaarsaan kan qoodee kenneef ta'u mirkanaa'ee jira. Haa ta'u malee, manni murtii qooddii qabeenya dhaalaa ta'uu hin agarsiisu sababa jedhuun kufaa haa taasisu malee qooddiin jiraachuun isaa darbinsa yeroo bu'uura seera hariiroo hawaasaa kew.1851/A/tiin kan addaan kutu ta'uu isaati. Gara biraatiin darbinsa yeroo namni kaasuu nama himatamee qabiyyeen dhaalaa harka jiruu fi fayyadamaa darbinsa yeroo nama ta'e malee namni ofii isaa dhaala gaafatuu fi qabeenyi harka hin jirre darbinsa yeroo kaasee haalli itti falmu hin jiraatu. Darbinsi yeroo kan lakkaa'amu gaafa mirga dhaalaa argate irraa ykn gaafa namni himatame qabiyyee dhaalaa qabate irraa akka ta'e tumaa seera dhaalaa kew.1000/1/ irraa ni hubatama. Akkaataa kanaan dhaala gara abbaa ilaalchisee walfalmitootni dhaaltoota sadarkaa tokkoffaa yoo ta'an, gahee haadhaa ilaalchisee waamamtootni haadha

iiyattuu fi waamamaa 2ffaa kan taate Zannabuu irraa waan hin dhalatiniif fi miseensa maatii illee ta'uun isaanii hin mirkanaa'iniif dhaaluuf mirga hin qaban. Gara biraatiin namni himatame waamamaa 3ffaa yoo ta'u, inni illee asitti haa kaasu malee jalatti darbinsa yeroo iiyattuu irrattis ta'e waamamtoota 1ffaafi 2ffaa warraa falmii jidduu galan irratti kaase hin falmine. Gara biraatiin qabiyyeen dhaalaa harka isaa kan gale erga haati duutee bara 2006 booda waan ta'eef dhimmichi darbinsa yerootiin haalli itti daanga'u hin jiru.

Walumaagalatti, qabiyyeen lafa falmii kaase qabiyyee abbaa fi haadha walfalmitootaa ta'uun hanga mirkanaa'ee jirutti, waamaamtootni 1ffaa fi 2ffaa dhaaloota hafan waliin iiyattuu fi waamamaa 3ffaa dabalatee abbaan tokko waan ta'anii fi qabiyyee lafaa jiraachuun isaa mirkanaa'ee jiru, bakka lamatti qoodamee walakkaa gahee abbaa dhaalootni namni torba akka qooddatanii fi walakkaa hafu gahee duutuu haadhaa/Zannabuu/ bara 2006 duute immoo dhaalotni ishii irraa dhalatan waamamtoota 1ffaafi 2ffaa irraa kan hafe bakka shanitti akka qoodatan jedhamee murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatiin kenname akkaatuma seeraatiin ta'ee waan argameef dogoggoora seeraa isa bu'uuraa dhaaddacha kanaan sirraa'u hin qabu jenneerra.

Ajaja

1. Murtiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Jiddugaleessaa galmee lakk.314894 ta'een dhaddacha gaafa 09/04/12 ooleen fooyyeessuun kenne bu'ura S/D/F/H/H lak.348/1/tiin cimeera.
2. Garagalchi murtii kanaa mana murtii jalaa haa dhaqqabu.
3. Dhorki galmee kana irratti kenname yoo jiraate ka'eera. Haa barreeffamu.
4. Galmeen kun murtii dhumaa waan argateef mana galmeetti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa shan hin dubbifamne jira.

- Abbootii seeraa:-
1. Guyyoo Waariyoo
 2. Fayyisaa Tolasaa
 3. Abdusalaam Sirraaj
 4. Ayyaanaa Toliinaa
 5. Alamaayyoo Gaaddisaa

- Iyyattootni:-
1. Obbo Indiriis Takilee
 2. Obbo Huseen Makonnin
 3. Obbo Sayidaa Makonnin
 4. Obbo Huseen Imaam
 5. Obbo Abduu Sayid
 6. Obbo Mohaammad Sulee

- Waamamtootni:-
1. Ins/ Ol'aanaa Daanyee Abarraa
 2. Obbo Wanduu Dabalaa

Galmee kana qorannee murtii armaan gadii kennineerra.

Murtii

Dhaddacha kanatti falmiif ka'umsa kan ta'e kun kan eegalame Mana Murtii Aanaa Dooraniitti ta'ee iyyattootni ammaa himatamtoota, waamamtootni immoo himatoota ta'uun kan walfalmaa turani dha.

Ijoo himannaa Waamamtootaa ‘’abbaan waamamaa 1ffaa Obbo Abarraa Waldee guyyaa 15/07/1971 kan du’an ta’uu fi dhaaltootni abbaa waamamaa 1ffaa isa dabalatee namoota sadii ta’uu, abbaan waamamaa 2ffaa Obbo Dabalaa Waldee kan jedhaman immoo guyyaa 09/03/1995 kan du’an ta’uu fi Waamamaa 2ffaa dabalatee dhaaltootni 5 akka ta’an ibsanii abbootiin isaanii yeroo lubbuun turanitti lafa qabiyyee abbaa isaanii Obbo Waldee Gammadaa irraa dhaalaan kan argatan osoo hin

qooddatin buna waliin dhaabuun misoomsanii itti fayyadamaa erga turanii booda abbaan waamamaa 1ffaa ijoollee isaa akka ittiin guddisu abbaa waamamaa 2ffaa harkatti buna kana dhiisee akka du'ee fi abbaan waamamaa 2ffaas ashaakiltii bunaa kana waamamtootni kun bunicha misoomsanii qixxee akka itti fayyadamaniif isaanitti kennee osoo qixxee fayyadamuun isaan guddisaa jiranii yeroo du'uuf jedhu ashaakiltii bunaa kana ijoollee koo fi ijoolleen obboleessa koo kan abbaa waamamaa 1ffaa haa dhaalan. Hanga isaan guddatanitti waamamtootni akkaatuma waliigalteen akka itti fayyadaman amaanaa iyyattoota kanatti kennee du'e. Hanga bara 2002tti iyyattootni waamamtoota kana waliin bunicha itti fayyadamaa turanii bara 2003 irraa eegalee garuu iyyattootni ammaa kun waliigaltee duraan ture dhiisuun amantaa isaanirra kaawamee ture diiguun oomisha bunaa argamu nuu qooduu didanii akka gadi nuuf lakkisanis gaafannaan waan nu didaniif ashaakiltii bunaa sangaa 45 ta'u tokko tokkoon isaanii tilmaamaan sangaa 5 kallattii afuriin daangaa isaa himata keessatti kan ibsame himatamtoota jalaa namoota 3 waliin qabatani waan jiraniif tokko tokkoo keenyaaf buna lafa sangaa 22.5 gadi nuu dhiisanii tilmaama oomisha bunaa bara 2010/2011 argamu qarshii 6,720(kuma jahaa fi dhibba torbaa fi digdama) baasii fi kisaaraa dabalatee akka nuu kanfalan" kan jedhu dha.

Iyyattootni ammaa immoo gama isaaniitiin adda addatti mana murtii jalaatti deebii kennaniin "Iyyataan 1ffaa ashaakiltii bunaa falmiif ka'umsa ta'e bara 1988 lafa qonnaaf 8 ta'u abbaa waamamaa 2ffaaf kennee (geeddareefii) fudhadhe malee seeraa ala hin qabanne. Kanas bara 1993 karaa seera qabeessaan waliigaltee mallatteessineerra. Lafa waljijjiirre sana haati manaa abbaa waamamaa 2ffaa itti fayyadamaa jirti. Anis waggaa 24tiif itti fayyadamaa waanan jiruuf himtani akka kufaa naaf ta'u jechuun gaafateera. Iyyataan 2ffaas deebii kenneen bara

1992 bakka ragaan jirutti abbaa waamamaa 2ffaa harkaa lafa caakkaa fi hin misoomne dhaabbii bunaaf oolu kennaa deebii hin qabneen naa kennamee ergan itti fayyadamuu eegalee waggaa 20 ol waan ta'eef na gaafachuu hin danda'an jechuun falmeera. Iyyataan 3ffaas deebii kenneen obboleessi himataa 2ffaa Obbo Xannaa Dabalaa bara 2000 dhaala abbaa koorraan argadhe jechuun lafa duwwaa dhaabbii bunaaf oolu qixxee natti kennee bara 2006 ashaakiltii bunaa ammaa falmiif ka'umsa ta'e humnaa fi qarshii koo itti baasee qixxee qooddadhee qabeenya dhuunfaa koo taasifadhee irraa qooddadhee ergan itti fayyadamuu eegalee waggaa 6 waan ta'eef kun hubatamee himatni kufaa akka ta'u gaafateera. Iyyataan 4ffaas deebii kenneen buna itti himatame seera qabeessaan haati waamamaa 2ffaa bara 1999 lafa duwwaa dhaabbii bunaaf ta'u bal'inni isaa sangaa 4 kan ta'u kennaa deebii hin qabneen naaf kennanii dhuunfaan ergan itti fayyadamuu eegalee waggaa 13 waan lakkoofsiseef na gaafachuu hin danda'an kan jedhuun falmeera. Iyyataan 5ffaas deebii kenneen ashaakiltii bunaa itti himatame karaa seera qabeessaan waamamaa 2ffaa fi haati waamamaa 2ffaa Aadde Askaalee Asaffaa bara 2000 lafa darbee darbee buna qabuu fi lafa duwwaa dhaabbii bunaaf oolu sangaa 6 kan ta'u kennaa deebii hin qabneen naa kennanii ergan itti fayyadamuu eegalee waggaa 12 waan lakkoofsiseef na gaafachuu hin danda'an jechuun kan falme yoo ta'u, iyyataan 6ffaas deebii kenneen obboleessi waamamaa 2ffaa Obbo Xannaa Dabalaa kan jedhamu bara 1998 bakka ragaan namaa jirutti dhaala abbaa koon argadhe jedhee lafa duwwaa dhaabbii bunaaf oolu bal'inni isaa sangaa 8 kan ta'e qixxee natti kennee bara 2006 humnaa fi maallaqa koo itti baasee qixxee qooddadhee qabeenya dhuunfaa koo taasifadhee kanan jiruu fi ergan itti fayyadamuu eegalee waggaa 6 waan lakkoofsiseef waamamtootni na gaafachuu hin danda'an jechuun falmeera. Himatamtootni jalaa sadan hafanis bifuma walfakkaatuun akka falman galmee kana keessaa hubanneerra.

Manni Murtii Aanaa Dooraniis falmii bitaa fi mirgaa erga dhagahee booda ragaa namaa fi barreeffamaan qulqulleessuun dhaddacha guyyaa 26/02/2012 ooleen abbaan Waamamaa 2ffaa guddistuu Waamamaa 1ffaa ta'uun waan hin mirkanoofneef kufaa dha jedhe. Himatni dhiyaates ragaan hin mirkanoofne jechuun himata waamamtootaa ammaa kufaa gochuun yommu murtii kennu, waamamtootni ammaa murtii kana komachuun Mana Murtii Ol'aanaa Godina Iluu Abbaa Booritti kan dhiyeeffatan ta'u illee Manni Murtii Ol'aanaa Godinichaas dhimmicha keessa seenuun hin barbaachisu jechuun bu'uura S/D/F/H/H/ lak.337tiin kufaa gochuun murtii Mana Murtii Aanaa Dooranii kenne cimseera. Ammas waamamtootni ammaa murtii kana komachuun Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha dhaabbii Oromiyaa Lixaatti dhiyeeffataniiru. Dhaddachi kun immoo falmii bitaa fi mirgaa erga dhagahee booda dhaddacha guyyaa 12/06/2012 ooleen bu'uura S/D/F/H/H/ lak.348 (1) tiin murtii Mana Murtii Aanaa fi Ol'aanaan kenname diiguun iyyattootni 2ffaa, 3ffaa, 4ffaa, 5ffaa fi 6ffaa qabiyyee fi qabeenya hundee bunaa waamamtoota ammaaf akka gadi lakkisan murtii yoo kennu. Iyyataan 1ffaa immoo qabiyyee fi buna itti himatame jijjiirraan argachuu isaa Mana Murtii Aanaa Dooraniitti deebi'ee qulqullaa'ee akka murtaa'u jechuun bu'uura S/D/F/H/H/ lak.343(1)tiin gadi deebiseera.

Iyyannoo ammaa dhaddacha kanatti dhiyaatees murtii Dhaddachi Dhaabbii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Lixaa kenne kun dogoggoora bu'uuraa seeraa kan qabu dha jechuun iyyannoo guyyaa 18/06/2012 barreeffameen iyyattootni kan dhiyeeffatan yoo ta'u, ijoon iyyannoo isaaniis iyyataan 1ffaa abbaan waamamaa 2ffaa nama Dabalaa Waldayeess jedhamu bara 1988 lafa duwwaa qonnaaf oolu kan dhuunfaa isaa qarxii 8 kan ta'u lafaa fi lafa waljijjiiruun erga misoomsee booda waliigaltee guyyaa 15/04/1993 barreeffamee mallattaa'een immoo buna

amma falmiif ka'umsa ta'e na jijjiiree lafa koo kan jijjiiratan haadha waamamaa 2ffaa kan taate Aadde Askaalee Asaffaa yeroo ammaa qottee irraa fayyadamaa jirti. Kun ragaan mirkanaa'ee osoo jiruu lafa qabiyyee waggaa 12 qabadhee itti fayyadamaa jiru darbiinsa yeroon hafa akka naaf ta'u; iyyataan 2ffaa immoo bara 1992 kennaa deebii hin qabneen abbaa Waamamaa 2ffaa irraa argatee misoomsuun waggaa 20 ol itti fayyadamaa jira. Iyyataan 3ffaas obboleessi waamamaa 2ffaa Obbo Xannaa Dabalaa kan jedhamu bara 2000 keessa akka naannoo keenyaatti qixxee natti kennee gaafa 15/06/2006 waliigaltee taasifameen qixxee sangaa sadi sadii obboleessa waamamaa 2ffaa waliin qooddanneerra. Iyyataan 4ffaas komii dhiyeesseen haati waamamaa 2ffaa Aadde Askaalee Asaffaa bara 1999 lafa duwwaa sangaa 4 dhaabbii bunaaf kan ta'u kennaa deebii hin qabne gaafa 21/09/1999 buna darbee darbee qabu obboleessa waamamaa 2ffaa Obbo Xannaa Dabalaa ittigaafatamaa ta'ee kan naa kenne dha. Iyyataan 5ffaas komii dhiyeesseen buna falmiif sababa ta'e haati waamamaa 2ffaa fi waamamaan 2ffaa ofii isaa lafa hundee bunaa darbee darbee qabu dhaabbii bunaaf kan oolu sangaa 6 ta'u waliigaltee kennaa deebii hin qabneen naa kennamee waggaa 12 ol itti fayyadamaa jiru akkan gadi lakkisu murtaa'uun dogoggoora dha. Iyyataan 6ffaas komii dhiyeesseen waliigaltee guyyaa 20/11/2006 taasifameen lafa sangaa 8 bara 2000 obboleessi waamamaa 2ffaa akka aadaa naannootti naa kennee ofii koo buna misoomsee sangaa 4, 4 adda qooddanee osoo jirruu kan dhuunfaa akkan gadi lakkisu murtiin kenname dogoggoora dha. Walumaagalatti, nuti iyyattootni buna misoomsinee qabannee yeroo dheeraa itti fayyadamaa turuu keenya darbiinsa yeroo kaasnee falminee osoo jirruu Manni murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Oromiyaa Lixaa kana bira darbuun bunaa fi qabiyyee keenya akka gadi lakkisnu murtiin kenne dogoggoora seeraa isa bu'uuraa kan itti raawwatame waan ta'eef murtiin Dhaddacha Dhaabbii Lixaan

kenname kun diigamee baasii fi kisaaraan nuu muramee akka bilisaan gaggeeffamnu jechuun gaafataniiru.

Waamamtootnis deebii guyyaa 25/02/2013 barreeffameen kennan gabaabinaan “ abbaan Waamamaa 2ffaa bara 1995 erga du’ee booda qabiyyee fi buna falmiif ka’umsa ta’e kana bara 1995 hanga 2002tti iyyattoota waliin qixxee itti fayyadamaa erga turree booda bara 2003 irraa eegalee iyyattootni qixxee fayyadamuu waan nu dhorkataniif bara 2011 himannaa dhiyeessinee bunnii falmiif ka’umsa ta’e kan dhaalaan warra keenya irraa arganne ta’uu fi kennaanis gonkuma kan hin jirrees ta’uu akkasumas iyyattootni kennaan arganne kan jedhanis osoo miseensa maatii hin ta’in lafa baadiyaa kennaan argachuuf mirga waan hin qabneef komeen iyyattootaa kufaa ta’ee murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaabbii Lixaa kenne dogoggoora seeraa isa bu’uuraa ta’e kan qabu waan hin taaneef murtichi akka nuuf cimuu jechuun gaafataniiru. Seenaan dhufaatii dhimmichaa kan armaan olitti ibsame yommuu ta’u, dhaddachi kunis akka dhimma kana ilaalletti dhimmi furmaata seeraa barbaadu “ lafa qabiyyee baadiyyaa ashaakiltii dhaabbataa akka bunaa faa qaban kennaan yookiin jijjiirraan namoota miseensa maatii abbaa qabiyyee hin taaneef dabarsuun ni danda’ama moo miti? ijoo jedhu qabannee galmee kana gadi fageenyaan qoranneerra. Akka qorannetti galmee kana keessaa kan hubatamu waamamtootni ammaa lafa qabiyyee buna waliin dhaalaan warra isaanii irraa isaanitti darbee hanga bara 2002tti iyyattoota waliin qixxee erga itti fayyadamaa turanii booda iyyattootni bara 2003 irraa eegalee qixxee isaanii qooduu waan didaniif akka gadi isaanii lakkisuu qaban kan falman yoo ta’u, iyyataan 1ffaa lafa qabiyyee qonnaa isaatiin kan jijjiirrate ta’uu yoo falmu, iyyattootni 2ffaa hanga 6ffaatti jiran immoo lafa qabiyyichaa irra buna humnaa fi maallaqa isaaniin dhaabani dhaalchisaa fi dhaaltootaaf qixxee qooduun gahee

isaanii kennaa deebii hin qabneen argatanii qabiyyichi kan dhuunfaa isaanii ta'ee kan ofi harkaa qaban ta'uu falmu. Ragaan mana murtii jalaatti dhiyaatanis firii dubbichaa kallattii kanaan mirkaneessuu akka yaalan galmee kana keessaa ni hubatama. Akkasumas ragaa barreeffamaa iyyattootni ammaa mana murtii jalaatti dhiyeeffatanis iyyataan 1ffaa sababa jijjiirraa jedhuun bara 1993, Iyyataan 2ffaa kennaa hin deebineen kan jedhuun bara 1992, iyyataan 3ffaa bara 2006, iyyataan 4ffaa bara 1999, iyyataan 5ffaa bara 2000 akkasumas Iyyataan 6ffaa bara 2006 akka qabatan kan agarsiisu dha. Waliigalteen barreeffamaa dhiyaates lafti qabiyyee buna waliin iyyattoota harka kan ture waggaa 6 hanga 19tti ta'uu agarsiisa. Haa ta'u malee falmiin seeraa furmaata barbaadu lafa qabiyyee baadiyyaa ashaakiltii dhaabbii dabalatee kennaan yookiin jijjiirraan alatti ofi harka galfachuun danda'amu ni jiraa? Kan jedhu dha. Akkuma beekamu abbaan qabiyyee lafa baadiyyaa mirga itti fayyadama qabiyyee isaa kennaan yookiin dhaalaan miseensota maatii isaatti dabarsuu akka danda'u akkasumas qabiyyee isaa kireessuu fi qabeenya qabiyyee sana irratti horate jijjiiruu yookiin gurguruu akka danda'u labsii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa qabiyyee baadiyyaa Oormiyaa labsii lak.130/1999 keewwata 6(1) jalatti kan tumamee jiru irraa ni hubatama. Dabalataan qotee bulaan lafa qabiyyee isaa abbaa qabiyyee biraa wajjin walitti aansuu yookiin makuu akka danda'u tumameera. Kana jechuun abbootiin qabiyyee lafa qabiyyee ollaa(daangaa) walii qaban walitti makuu akka danda'an labsii olitti ibsame keewwata 8 jalatti tumamee jira. Kana jechuun qotee bulaan lafa qabiyyee isaa lafa qabiyyee biraa wajjin walitti makuu yookiin waljijjiiruu danda'uu isaa ti. Iyyataan 1ffaa iyyattoota kaan irraa adda kan isa taasisu lafa qabiyyee bunaa amma qabatee jiruu fi falmiif ka'umsa ta'e lafa qabiyyee qonnaa isaatiin nan jijjiire kan jedhu dha. Manni Murtii Waliigaalaa Dhaddacha Dhaabbii Oormiyaa Lixaas falmii kana hubatee dhuguma lafa qabiyyee waljijjiirraan

jiraachuu qulqullaa'ee akka murtaa'u bu'uura S/D/F/H/H/ lak.343 (1) tiin gara Mana Murtii Aanaatti gadi deebiseera. Kun haqa baasuu fi caalaatti dhugummaa falmichaa qulqulleessuu waan ta'eef iyyataan gama kanaan dogoggoora seeraa isa bu'uuraa ta'e kan itti raawwatame waan hin jirreef komee iyyataan 1ffaa kaase dhaddachi kun hin fudhanne. Kanaaf akka qulqullaa'u gadi deebi'uun isaa kan komatamu miti jennee iyyannoo iyyataa 1ffaa kufaa goonee bira dabarreerra.

Gara dhimma iyyattoota 2ffaa hanga 6ffaatti jiran yommuu deebinu, iyyattootni kun miseensa maatii abbaa qabiyyee ta'uu isaanii ragaan mana murtii jalaatti dhiyaate hin jiru. Isaanis kallattii kanaan falmaa hin jiran. Falmiin isaanii kennaa deebii hin qabneen argachuu isaanii fi yeroo dheeraa qabatanii itti fayyadamaa turuu isaanii ti. Haa ta'u malee, lafa qabiyyees ta'e biqiltoota dhaabbii akka bunaa, abukaadoo fi kkf bittaa fi gurgurtaan illee osoo ta'ee waggaa 3(sadii) ol waliigaltee raawwachuun akka hin danda'amne labsii olitti ibsame keewwata 6(3) jalatti kan tumame irraa ni hubatama. Iyyattootni kennaa deebii hin qabneen abbaa qabiyyee irraa argachuu isaanii falmani illee akka olitti ibsametti kennaan kan danda'amu miseensa maatii qotee bulaa qofaaf dha. Kunis qotee bulaan lafa qabiyyee isaa irraa akka hin buqqaane mirga heera mootummaan isaaf eegame kabajuuf dha. Kanaaf iyyattootni 2ffaa hanag 6ffaatti jiran kennaa deebii hin qabneen qabiyyee bunaa abbaa qabiyyee irraa argannee yeroo dheeraa itti fayyadamaa jirra jechuun ragaa namaa fi barreeffamaa dhiyeessan kan fudhatama qabu miti. Miseensa maatii qotee bulaa waan hin taaneef kennaan abbaa qabiyyee irraa argachuu mirga hin qaban.

Gama falmii darbiinsa yeroo iyyattootni jalaa kaasanii falman ilaalchisees namni lafa qabiyyee baadiyaa seeraa ala qabate kamiyyuu hanga waggaa 12tti gadi dhiisisuuf darbiinsa yerootiin akka hin daangofne Dambii

Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Oromiyaa lak.151/2005 keewwata 32 jalatti kan tumame irraa ni hubatama. Kana jechuun kallattii biraan yoo hiikamu lafa qabiyyee baadiyyaa karaa seeraan alaa namni qabate tokko akka gadi lakkisu gaafatamuu kan danda’u hanga waggaa 12 qofa ta’uu isaa ti. Kana jechuun immoo waggaa 12 booda abbaan qabiyyee sababa darbiinsa yerootiin gaafachuu akka hin dandeenye dha. Garuu gocha seeraan ala ta’een lafa qabiyyee baadiyyaa qabachuun bittaa fi gurgurtaa lafaa waan dabalatuuf kan heera mootummaa federalaa fi naannoo keenyaa jalatti lafti qabiyyee fi qabeenyi uumamaa kan uummataa fi kan mootummaa ta’ee kan hin gurguramnee fi hin jijjiiramne(heera mootummaa keewwata 40(3)(4)) jedhu wajjin kan walfaallessu dha. Akka heera mootummaa keewwata 9(2) jalatti tumamettis gochi heera mootummaa wajjin walfaallessu raawwatiinsa kan qabu miti.

Kallattii biraan immoo waliigalteen seeraa ala ta’e tokko darbiinsa yeroon daangeeffamuu akka hin dandeenye Dhaddachi Mana Murtii Waliigalaa Federaalawaa Jildii 12 lak.galme 43226 ta’e irratti murtii dirqisiisaa dhaddacha gaafa 07/06/2003 ooleen kenneera. Akkasumas dhimma falmii qabiyyee lafa baadiyyaa wajjin walqabatu irratti murtii jildii kana irratti kenname eeruun jildii 14ffaa lakk. galme 79394 ta’e irratti dhaddacha guyyaa 25/08/2008 ooleen murtii dirqisiisaa kennee jira. Murtii Dirqisiisaa Dhaddacha Ijibbaataa Federaalawaan kennamu immoo manneen murtii biyya keenyaa hunda irratti raawwatiinsa kan qabu dha (labsii lak.457/1997 keewwata 2(1)). Dambiin Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa lak.151/2005 keewwatni 32 tumaa Heera Mootummaa fi Murtii Dirqisiisaa Dhaddacha Ijibbaataa Federaalawaan kenname wajjin kan walfaallessu dha. Keessumaa dambichi lafti qabiyyee hin gurguramu, hin jijjiiramu kan jedhame heera mootummaa keessatti tumame waliin kan walfaallessu

waan ta'eef raawwatiinsa kan qabu miti.

Kana waan ta'eef iyyattootni miseensa maatii osoo hin taane lafa qabiyyee baadiyaa buna qabu kenna hin deebineen argatanii yeroo dheeraa itti fayyadamaa turuun isaanii kan falman ta'u illee miseensa maatii abbaa qabiyyee waan hin taaneef namni miseensa maatii abbaa qabiyyee hin taane immoo kennaan lafa qabiyyee baadiyaa abbaa qabiyyee irraa argachuu waan hin dandeenyeef waliigaltee kennaan hin deebine jedhu waliigaltee seeraa alaa ti. Akkuma olitti ibsametti immoo waliigalteen seeraa ala ta'e tokko darbiinsa yeroon kan hin daangofnee fi yeroo kamiyyuu yeroo gaafatametti kan diigamu waan ta'eef komeen iyyannoo darbiinsa yeroo ilaalchisee gama iyyattootaan dhaddacha kanatti dhiyaate komee bu'uura seeraa qabu miti.

Walumaagalatti, lafa qabiyyee bunaa iyyattootni 2ffaa hanga 6ffaatti jiran kenna deebii hin qabneen argannee yeroo dheeraa itti fayyadamaa jirra jechuun komatan akkasumas iyyataan 1ffaa immoo akka qulqullaa'u qabxiin gadi deebi'uu hin qabu jechuun murtii Manni Murtii Waliigalaa Oormiyaa Dhaddachi Dhaabbii Lixaa kenne kan komatu dogoggoora seeraa isa bu'uuraa ta'e kan qabu ta'ee waan hin arganneef komee iyyannoo isaanii kufaa goonee ajaja kanatti aanu kennineerra.

Ajaja

1. Murtii Manni Murtii Waaliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Oromiyaa Lixaa lakkoofsa galmee 221983 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 12/06/2012 ooleen kenne dogoggoora seeraa isa bu'uuraa ta'e kan qabu ta'ee waan hin arganneef bu'uura Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe lakkoofsa 216/2011 keewwata 26/5/tiin cimsuun murtii

kennineerra.

2. Baasii fi kisaaraa bitaa fi mirgi mataa ofii haa danda'an.
3. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaaf haa ergamu.
4. Dhorkaan kenname ka'eera. Haa barreeffamu.
5. Galmeen cufameera. Mana galmeetti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa shan hin dubbifamne jira.

- Abbootii Seeraa:-
1. Guyyoo Waariyoo
 2. Alamayyoo Dhaabaa
 3. Taaddasaa Qana'ii
 4. Ashaannafii Raggaasaa
 5. Ayyaanaa Toliinaa

Iyyataan:- Dhaabbata Dhuunfaa Huccuu CBA

Waamamaan:- Mr. Cagatay Izzeet Vetrop

Galmeen kun qoratamee murtiin armaan gadii kennameera.

Murtii

Iyyannoon kun dhaddacha kanaaf kan dhiyaate murtiin Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee galmee lakk.38671 ta'e irratti dhaddacha gaafa 25/05/2012 ooleen kennee fi murtiin Manni Murtii Aanaa Magaalaa Galaan galmee lakk.01758 ta'e irratti dhaddacha gaafa 22/04/2012 ooleen kenne dogoggora bu'uura seeraa qaba jechuudhaan iyyataan iyyata gaafa 02/06/2012 barreeffameen akka sirreeffamuuf waan gaafataniif dha.

Iyyataan ammaa mana Murtii Aanaa Magaalaa Galaanitti himatamaa yommuu ta'u, waamamaan ammaa immoo himataa ture. Ka'umsi falmii kanaas waamamaa ammaa himannaa dhiyyeesseen kan eegale yommuu ta'u, himanni dhiyeesses gabaabinaan:- dhaabbata himatamaa keessatti waliigaltee hojii gaafa 04/13/2009 raawwatamee fi gaafa 05/13/2010 haaromfameen gita hojii dizaayinii huccuu irratti miindaa ji'aa doolaara Ameerikaa 3000(kuma sadiin) qacaramee osoon hojjechaa jiruu dhaabbanni himatamaa xalayaa gaafa 05/13/2011 barreesseen sababa hayyama malee guyyaa lamaaf hojii irraa hafteef waliigaltee

akka haaromsuuf himatamaa waan hin yaadachiifneef waliigaltee hojii keenya adda kutne jechuun seeraan ala hojii irraa waan ana gaggeessaniif kanfaltii miindaa Fulbaana 10 bara 2018 A.L. Atti irraa hanga hojii eegalee hanga gaafa waliigalteen addaan cituutti doolaara 27,000(kuma digdamii torba), kanfaltii tajaajilaa, beenyaa hojii irraa seeraan ala gaggeeffamuu, kanfaltii akeekkachiisaa, adabbii kanfaltii tursiisuu, kanfaltii boqonnaa waggaa fi kanfaltii tikeetii xiyyaaraa fi muuxannoo hojii koo akka naaf kennu naaf haa murtaa’u kan jedhu dha.

Iyyataan ammaas deebii barreeffamaan dhiyeesseen himataan lammii biyya alaa waan ta’eef manni murtii aanaa dhimmicha ilaaluu hin qabu. Kanfaltiin miindaa darbiinsa yeroo ji’a jahaan kan daanga’u dha; himataa waliin waliigaltee gaafa 05/13/2010 raawwanneen walitti dhufeenyi keenya kan turu hanga gaafa 05/13/2011 waan ta’eef hayyama hojii isaa gaafa 02/01/2012 kan xumure ta’ee osoo jiruu ji’a tokko dursee hayyamni isaa akka haaromfamu beeksisuu otoo qabuu waan himatamaan hin beeksisneef waliigalteen hojii isaa adda citeerra; miindaan himataa otuma darbiinsi yeroo bira darbama ta’ee illee kanfalameefii waan jiruuf nagaheewwan kanfaltiin itti rawwatame irraa qulqullaa’ee kufaa akka nuuf ta’u, kanfaltiin tikeetii xiyyaaraas rawwatameefii waan jiruuf kufaa akka nuuf ta’u jechuun gaafateera.

Manni murtii aanaas mormii sadarka duraa erga kufaa godheen booda bitaa fi mirga erga falmisiisee galmicha qoratee adeemsi himatamaan himataa hojii irraa gaggeesse seeraan ala waan ta’eef miindaa himataaf otoo hin kanfalamin hafe kan ji’a sadii doolaara 9000 (kuma sagal) kanfaltii tajaajilaa, kanfaltii yeroo of eeggannoo, beenyaa hojii irraa seeraan ala gaggeeffamuu, adabbii kanfaltii tursiisuu, kanfaltii boqonnaa waggaa fi durgoo abukaattoo baasii fi kisaaraa dabalatee qarshii

1,102,270.14 himatamaan himataaf akka kanfaluu fi kanfaltii tikeetii xiyyaaraa ilaalchisee kanfalameefii jira jechuun gaaffii himataa kufaa godhee murteesseera. Murtuma kana bitaa fi mirgi komachuun mana murtii ol'aanaa godinaatti ol'iyyatni manni murtii ol'aanaa ni dhiyeessisa jechuun bitaafi mirga erga falmisiisee booda himataan seeraan ala hojii irraa gaggeeffame jedhamee murtiin kenname dogoggoora kan qabu miti jechuun kanfaltiidhaan walqabatee miindaa himataa waggaa tokkoo keessaa kan baatii jahaa doolara 18,000 kan isaa kanfalame ta'uun waan mirkanaa'eef kan hafe miindaa baatii jahaa himatamaan akka kanfalu murtaa'uu osoo qabuu miindaa baatii sadii qofa akka kanfalu jedhamuun sirrii waan hin taaneef miindaa baatii jahaa doolara 18,000 akka kanfalu, kanfaltii tikeetii xiyyaaraa ilaalchisee bu'uura waliigaltee isaan gidduu jiruun himatamaan waggaatti kan marsaa lamaa kanfaluuf dirqama waan qabuuf nagaheen marsaa tokkoo qofti waan dhiyaateef qofa manni murtii jalaa kanfaltiin tikeeta xiyyaaraa himataaf raawwatamee jira jechuun dogoggora waan ta'eef kanfaltii tikeeta xiyyaaraa qarshii 39,180 himataaf akka kanfalu jechuun murtii manni murtii aanaa kenne fooyyessuun murteesseera.

Komiin amma dhiyaates murtuma kana komachuun yoo ta'u, ijoon komii gaafa 02/06/2012 barreeffamaan dhiyaates:-

1. Mannii murtii aanaa miindaan waamamaa osoo hin kanfalamin hafe meeqa akka ta'e ragaadhaan otoo hin qulqulleessin doolara 9000 akka kanfalu murteessuun isaa fi murtii kana komannee mana murtii ol'aanaatti ol'iyyannu illee manni murtii ol'aanaa ragaadhaan akka qulqullaa'u gadi deebisuu osoo qabuu doolara 18,000 waamamaaf akka kanfalu murteessuun isaa sirrii miti.
2. Kanfaltii tikeetii xiyyaaraas manni murtii jalaa ragaadhaan osoo hin deggaramin murtiin kenne sirrii miti.

3. Waamamaan yeroo hojii isaa xumuree ofumaa hojii irraa hafee osoo jiruu seeraan ala hojii irraa gaggeeffame jedhamee murtiin kenname dogoggora bu'uura seeraa waan of keessaa qabuuf murtiin mana murtii jalaa nuuf diigamee bu'uura iyyata keenyaan irra deebi'amee mana murtii jalaatti qulqullaa'ee akka nuuf murtaa'u jechuun gaafatanii jiru.

Dhaddachi kunis komii dhiyaate murtii waliin qorachuun ni dhiyeessisa waan jedheef, waamamaan deebii akka itti kennu ajajee, waamamaan deebii gaafa 02/07/2012 barreeffamaan dhiyeeffateen murtiin mana murtii ol'aanaa sirrii ta'uu ibsuun akka cimuu gaafateera. Seenaan dhufaatii galmee kanaa gabaabinaan kan armaan olii yommuu ta'u, dhaddachi kunis garagalcha murtii komii ijibbaataaf ka'umsa ta'e, falmii barreeffamaan bitaa fi mirgi dhaddacha kanaaf dhiyeessan ijoo dhaddachi kun ni dhiyeessisa ittiin jedhee fi seera rogummaa qabu waliin galmicha qorateera. Akka qorannettis seerummaan waamamaan mana murtii jalaatti gaafate seeraan ala hojii irraa waan iyyataan ana gaggeesseef miindaa hafe, kanfaltiiwwan bu'uura labsichaatiin naaf kanfalamuu qabuu fi kanfaltii tikeetii xiyyaaraa akka naaf kanfalu kan jedhu yommuu ta'u; iyyataan garuu waamamaan sababa hayyamni hojii isaa akka barreeffamu ji'a tokko dursee waan nu beeksisuu dhabee fi guyyoota lama bakka hojii irraa waan dhabameef hojii irraa gaggeeffame kan jedhu dha. Iyyataan sababoota deebii isaa keessatti ibse kana lamaan alatti waliigalteen hojii waamamaa waliin qabnu kan yeroo murtaa'ee waan ta'eef akkuma yeroon waliigaltichaa xumurameen hojii irraa gaggeessine kan jedhu miti. Osuma ta'eeyyuu waliigalteen hojii tokkoo kan yeroo murtaa'e ta'uu fi dhiisuun kan adda bahu lammummaa hojjetaa irratti hundaa'ee osoo hin taane sababoota labsii lakk.1156/2011 kew.9 fi 10 irratti hundaa'ee ta'uu isaa labsicha irraa kan hubatamu dha. Hojiin waamamaan irratti

qacaramee hojjechaa ture hojiilee kew.10 jalatti tarreeffaman hanga hin guunnetti waamamaan sababa lammii biyya alaa ta'eef qofa waliigalteen isaa kan yeroo murtaa'eeti; gaggeessaan isaa illee seera qabeessa haalli ittiin jedhamu hin jiru jechuun manni murtii ol'aanaa haalli ittiin murtii kenne dogoggoora bu'uura seeraa kan qabu miti jenneerra. Kanfaltii tikeetii xiyyaaraa ilaalchisee bu'uura waliigaltee isaan gidduu jiruun iyyataan kan marsaa lamaa kanfaluuf kan waliigale yommuu ta'u isa kana keessaa kan marsaa tokkoo qofa waamamaaf kan kanfale ta'uun mana murtii jalaatti dhimma ragaa dhiyaateen adda bahee waan taa'eef kan marsaa tokkoo isa hafe iyyataan waamamaaf akka kanfalu jedhamee mana murtii ol'aanaatti haalli ittiin murtaa'e dogoggora kan qabu miti jenneerra. Miindaadhaan walqabatee garuu hanga miindaa waamamaaf kanfalamee ragaadhaan hubachiisuuf dirqama kan qabu iyyataa waan ta'eef raguma iyyataan dhiyeesseen waamamaaf miindaan baatii jahaa kan kanfalame ta'uu manni murtii jalaatti kan mirkanaa'e dha. Manni murtii ol'aanaa garuu miindaa waamamaan naaf hin kanfalamne jedhu kan ji'a sagalii doolara 27,000 ta'ee osoo jiruu kana keessaa miindaan baatii jahaa doolara 18,000 waamamaaf kanfalamuu mirkanaa'ee otoo jiruu kan hafe miindaa baatii sadii qofa doolara 9000 ta'ee osoo jiruu iyyataan miinda baatii jahaa waamamaaf akka kanfalu jechuun murtii mana murtii aanaa fooyyessuun isaa sirrii waan hin taaneef iyyataan miindaa baatii sadii doolara 9000 waamamaaf kanfalu qaba jenneerra. Walumaagalatti, manni murtii ol'aanaa gageessaan waamamaa seeraan ala waan ta'eef iyyataan kanfaltii tikeetii xiyyaaraa kan marsaa tokkoo dabalataan waamamaaf akka kanfalu jedhee haalli ittiin murtii mana murtii aanaa fooyyesse dogoggora hin qabu jennee miindaadhaan walqabatee garuu kanfaltii miindaa waamamaan gaafate kan baatii sagal keessaa kan baatii jahaa isaaf kanfalamee kan isa hafu kan baatii sadii ta'ee osoo jiruu manni murtii ol'aanaa miindaa baatii jahaatu isa hafa

jechuun murtiin kenne dogoggora jenneerra. Kanaafuu, sababa armaan oliitiin murtiin mana murtii ol'aanaa dogoggora bu'uura seeraa kan gabu waan ta'eef miindaadhaan walqabatee murtii mana murtii ol'aanaa fooyyessuun murteesse ajaja armaan gadii kennee jira.

Ajaja

1. Murtiin Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee galmee lakk.38671 ta'e irratti dhaddacha gaafa 25/05/2012 ooleen kenne sababa armaan oliitiin bu'uura labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe, Labsii Lak.216/2011 kew.26(5) tiin fooyya'ee jira. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaaf haa ergamu jenneerra.
2. Iyyataan kanfaltiiwwan mana murtii aanaatti waamamaaf akka kanfalu murtaa'e irratti dabalataan kanfaltii tikeetii xiyyaaraa manni murtii ol'aanaa murteesse akka kanfaluufi muuxannoo hojii akka kennuuf jenneerra.
3. Dhorkaan galmee kana irratti kenname ka'ee jira; haa barreeffamuuf jenneerra.
4. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanaa bitaa fi mirgi of haa danda'an jenneerra.
5. Galmeen xumura waan argateef cufameera. Mana galmeetti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa shan hin dubbifamne jira.

- Abbootii Seeraa:-
1. Guyyoo Waariyoo
 2. Abdusalaam Sirraaj
 3. Ashannaafii Raggaasaa
 4. Ayyaanaa Toliinaa
 5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyataan:- Dhaabbata AB- HAM W/I/G/M

- Waamamtootni:-
1. Dachaasaa Taaddasaa
 2. Nagaasaa Beenyaa
 3. Warquu Tashoomaa

Galmeen kun qoratamee murtiin itti aanu kennameera.

Murtii

Galmeen kun banamee dhiyaachuu kan danda'e sababa iyyataan ammaa murtiin Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee galmee lakk. 38747 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 12/06/2012 ooleen kenne dogoggoora seeraa isa bu'uura qaba jechuun akka sirratuuf waan gaafateefii dha.

Ka'umsi falmii galmee kanaa himata Mana Murtii Aanaatti waamamtootni ammaa dhiyeessaniin kan eegale yoo ta'u, himatichis gabaabinaan: Dhaabbata himatamaa keessatti ji'aan miindaa qarshii 2,180 argachaa gita hojii Gargaaraa Oomishaarratti utuu hojjennuu sababa barbaachisummaa oomishaatu hir'ate hojjettoota hir'isuu barbaadne jedhuun gaafa guyyaa 12/01/2012 seeraan ala hojiirraa waan nu gaggeesseef kanfaltii seeraan nuuf hayyamame kan hin kaffalamin hafe akka nuuf kanfalu jechuun tarreesanii gaafatanii jiru.

Iyyataan deebii kenneen sababa oomishni dhaabbatichaa gadi bu'aa deemeef akkaataa kwt. 28(3) (B) tiin hojiirraa hir'isnee jirra; yommuu hojiirraa gaggeessinu kanfaltii akeekkachiisaa, kanfaltii tajaajilaa, miindaa ji'a Fulbaanaa fi kanfaltii boqonnaa waggaa fudhatanii waan jiraniif amma nu gaafachuu hin danda'an; seera qabeessaan waan hojiirraa gaggeeffamaniif kanfaltiin beenyaa hin maluuf jedheera.

Manni Murtii jalaas kanumaan ragaa bitaa fi mirgaa dhagahee murtii kenneen: ragaa namaa fi barreeffamaa dhiyaateerraa bu'aa fi gurgurtaan dhaabbata iyyataa baruma baraan gadi bu'aa kan adeeme ta'uusaatu hubatama; haala kana keessatti immoo hojjettoota hojiirraa gaggeessuun akka danda'amu tumaa labsii lak.1156/2011 keewwata 29 (3) fi 28 (3) irraa waan hubatamuuf seeraa qabeessaan hojiirraa gaggeeffaman; kanfaltiin biroo immoo iyyataan dursee kanfalee waan jiruuf himatichi kufaa dha jechuun murtii kenneera.

Manni Murtii Ol'aanaa ol'iiyyannoon ilaalee murtii kenneen: fedhiin oomishaa dhaabbatichaa hir'achuu fi hojiin qorree kan jedhu ragaan mirkanaa'uu qaba; ragaa galmee keessa jiruun immoo galiin hir'ate jechuun dhaabbatichi kasaaree jiraachuu ta'uu dhiisuu mala; gurgurtaan bara 2019 qofti gadi bu'uuf sababa kan ta'e hir'achuu fedhii bittaa oomishaa ta'uu kan ibsu yaadni ogeessaa galmee keesaa hin jiru ; kanaafuu sababa gahaa malee hojiirraa waan gaggeesseef osuma sababa gahaa jedhamees tartiiba keewwata 29 hin guutu waan ta'eef seeraan ala hojiirraa gaggeesse; kanaafuu kanfaltii beenyaa fi hojiirraa gaggeeffamaa kanfalamuufii qaba jechuun murtii jalaa diiguun murteesseera.

Komiin amma dhiyaates murtuma kanarraa yoo ta'u, ijoon komii isaatis: kanfaltii tajaajilaa kanfaleefii osoo jiruu irra deebiin haa kanfalamu kan jedhame dogoggoora; ragaa barreeffamaa kan dhaabbata sadii (sister

company) yoo ta’u, kana keessaa kan dhaabbata Iyyataa yoo ilaalamu kisaaraa keessaa jiraachuu hubachiisa; nuti hojiirraa kan gaggeessine akkaataa keewwata 28 (3) (B) ta’ee osoo jiruu akkaataa keewwata 28 fi 29 tiin akka gaggeesineetti kan ibsame dogoggoora waan ta’eef murtiin jalaa akka nuuf haqamu kan jedhuu dha.

Komiin iyyataa bakka waamamtootni jiranitti qulqullaa’uu waan qabuuf ni dhiyeessisa jedhamee waamamtootni deebii kennaniin: kanfaltii tajaajilaa armaan duraa nuuf kanfale hin jiru; oomishni isaa gadi bu’uu kan ibsu gabaasni oditara irraa hin dhiyaanne; adeemsa hir’isuu labsii lakk.1156/2011 keewwata 29 (3) jala jiruu kan hin guunne waan ta’eef seeraan ala nu gaggeesse jedhamee kan murtaa’e hin komachiisu jedhaniiru.

Falmiin galmee kanaa gabaabinaan kanuma yoo ta’u, nutis falmii bitaa fi mirgaa, murtii Manneen Murtii jalaa fi seerota rogummaa qaban waliin galmee keessa akka itti aanutti qoranneerra. Akka qorannee ilaallettis iyyataan kanfaltii hojiirraa gaggeeffamaa kanfalee osoo jiruu irra deebiin akka kanfaluuf kan murtaa’e sirrii dhaa moo miti? kan jedhu ijoo dubbii furmaata argachuu qabu ta’uun hubatameera.

Iyyataan sababa gabaa irraa fedhiin oomisha dhaabbatisaa dhiyeessu hir’ateef akkaataa labsii lakk.1156/2011 kwt.28/3,b/ hojiirraa gaggeessuusaa ibseera. Haa ta’u malee Iyyataan sababa kanaa ragaa gahaan hin hubachiifne. Darbees kwt.29/3/ irraa akkuma hubatamu hojjettota haala kanaan kan hir’isu yoo ta’e, duraa duuba seeraan teechifaman hordofee hojiirraa gaggeessu qaba. Iyyataan garuu haala kanaan ulaagaa guutee hojiirraa waamamtoota gageessuun hin mirkanoofta. Kanaafuu gaggeessaan hojiirraa taasifame seeraan ala kan jedhame hin komachiisu.

Iyyataan duraan kanfaltii hojiirraa gaggeeffamaa waamamtootaaf kanfalee jira. Hojjechiisaan wayita waliigalteen hojii adda citu kanfaltii hojjetaan isa biraa qabu hunda kanfalee gaggeessuu akka qabu labsii hojjetaa fi hojjechiisaa kwt.36 jalatti bifa dirqamaan tumee jira. Hojjechiisaan kanfaltii malu dursee erga kanfalee sababa inni itti irraa deebiin ammas kanfaltii hojiirraa gaggeeffamaa kanfalu hin jiraatu. Hojjetaanis haalli itti kanfaltii tokko yeroo lama argatu seeraan hin teechifamne. Kanaafuu kanfaltii hojiirraa gaggeeffamaa irra deebiin akka kanfaluuf kan murtaa'e dogoggoora ta'ee argama. Walumaagalatti sababoota olitti tarreeffameef murtiin Mana Murtii jalaa dogoggoora seeraa isa bu'uuraa waan qabuuf ajaja itti aanu kennameera

Ajaja

1. Murtiin Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee galmee lakk. 38747 ta'e irratti dhaddacha gaafa guyyaa 12/6/2012 ooleen kenne bu'ura SDFHH kwt.348 (1) tiin fooyya'eera.
2. Waamamtootni kanfaltii hojiirraa gaggeeffamaa dursee iyyataan kanfalameefi waan jiruuf irra deebiin kan murtaa'eef dogoggoora waan ta'eef haqameera. Haaluma kanaan waamamaa 1ffaa irraa qarshii akkaataa labsii lakk.1156/2011 keewwata 40 (2) murtaa'eef qarshii 14,894; waamamaan 2ffaa qarshii 21,251 fi waamamaan 3ffaa qarshii 13,804 haqameera.
3. Mana Murtii Aanaa Magaalaa Sabbataaf dhorkii galmee lakk.14923 ta'erratti kenname kan ka'e ta'uu akka beeku haa barreefamuuf.
4. Baasii fi kisaaraa falmii kanaaf bahe bitaa fi mirgi of haa danda'an jenneerra.
5. Garagalchi galmee kanaa Manneen Murtii jalaaf haa ergamu.
6. Galmeen waan murtii argateef cufameera; gara mana galmee cufameetti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa shan hin dubbifamne jira.

- Abbootii seeraa:-1. Gammachuu Baqqalaa
2. Abdusalaam Siraaj
3. Ashannaafii Raggaasaa
4. Ayyaanaa Toliinaa
5. Alamaayyoo Gaaddisaa

Iyyataan:- Yuunvarsiitii Kolleejii Paradaayiz Vaalii

Waamamaan:- Tashitaa Turaa

Galmeen qorannoof kan bule yoo ta'u qorannee murtii armaan gadii kennineerra.

Murtii

Galmeen kun banamee dhiyaachuu kan danda'eef iyyattootni iyyata gaafa 27/12/2011 barreeffameen murtii Manni Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Adaamaa galmee lakk. 32977 ta'e irratti dhaddacha gaafa 28/10/2011 ooleen kenne dogoggora bu'uura seeraa waan qabuuf akka nuuf sirratu jechuun waan gaafateefi dha.

Ka'umsi dhimma kanaa Mana Murtii Aanaatti waamamaan ammaa iyyataa ammaa irratti himata waan dhiyeesseefi dha. Himatni dhiyaatee tures gabaabinaan kan jedhu, dhaabbata iyyataa ammaa biratti qacaramee osoon hojjechaa jiruu haaloo dhuunfaa irraa kan ka'e faallaa waliigaltee bitaa fi mirgaa gidduu jiruun bakka hojii kiyya Adaamaa irraa gara Arbaamincitti waan jijjiireef, komii dhiyeeffadhus naaf sirreessuu waan dideef, gaggeessaan seeraa ala jedhamee kaffaltiin adda addaa akka naaf kaffalamu jechuun kaffaltii naaf kaffalamuu qaba jedhus hangaa fi gosa isaa tarreessuun dhiyeessee ture. Iyyataan ammaa immoo deebiin kenne gabaabinaan waamamaan ammaa himachuuf mirga hin qabuu jechuun iyyataan dhaabbata keenyaa alatti bakka biraa waan hojjetuuf dhaabbata

keenya dhaabbiin akka tajaajiluuf Aarbaa Mincitti barbaachisummaa hojiif kan jijjiirre yoo ta’u, waamamaan ammaa garuu bakka itti jijjiirame dhaquu dhiisuun guyyoota 14 (kudha afur) hojii irraa waan hafeef gaggeessaan karaa seera qabeessaan adda cite waan ta’eef, waamamaan ammaa kaffaltii adda addaa gaafachuuf mirga hin qabu kan jedhu dha. Manni Murtii Aanaa bitaa fi mirga falmisiisuun waamamaann hojii irraa kan gaggeeffame adeemsa seera qabeessaan waan ta’eef, gaggeessaan seeraa ala miti jechuun kaffaltiin boqonnaa waggaa fi kaffaltiin sa’aa darbaa qofti waamamaaf akka kaffalamu jechuun murteesseera. Waamamaan ammaa murtii Mana Murtii Aanaa kana komachuun oliyyata isaa gara Mana Murtii Ol’aanaatti kan dhiyeeffate yoo ta’u, Manni Murtii Ol’aanaa immoo gaggeessaan seeraa ala jechuun murtii Mana Murtii Aanaa diigee dhimmicha qajeelfamaan Mana Murtii Aanaatti gadi deebisuun murteesseera.

Iyyati amma dhiyaates murtii Manni Murtii Ol’aanaa haala olitti ibsameen kenne jijjiirsisuuf kan dhiyaatee dha. Iyyati dhiyaates gabaabinaan kan jedhu, hojjechiisaan hojjetaa isaa jijjiiruuf aangoo kan qabu ta’ee osoo jiruu, waamamaan yoo komii qabaate bakka itti jijjiirame deemuun osoo gaaffii isaa dhiyeeffachuu qabuu kana gochuu dhiisuun hojii irraa waan hafeef kan hojii irraa gaggeeffame ta’ee osoo jiruu Manni Murtii Ol’aanaa hojiirraa gaggeeffamuun isaa seeraan ala jechuun murtiin kenne dogoggora waan ta’eef, dogoggorri Mana Murtii Ol’aanaa kun akka nuuf sirratu kan jedhuu dha.

Dhaddachi Ijibbaataa Qorannoo Duraas iyyata dhiyaate murtii Manneen Murtii jalaa waliin qoratee dhimmoota tokko tokko qulqulleessuuf iyyatni kun ni dhiyeessisa jedhee waamamaan deebii akka dhiyeessu bu’uura ajajeen waamamaan deebii gaafa 22/4/2012 barreeffamaan dhiyeesseera.

Deebiin dhiyaates gabaabinaan kan jedhu, waliigalteen qacarrii hojjetaan gita hojii jijjiiruu danda'a kan jedhu malee bakka hojii jijjiiruu akka danda'u kan ibsu miti. Bakki hojii kiyyas Adaamaa akka ta'e lafa kaa'ee jira. Iyyataan sababa ani badii raawwatamaa jiru gabaaseef qofa haaloo ana bahachuuf bakka beekamtii hin qabnetti seeraa ala ana jijjiiree jira. Bakka jijjiirame dhaqee falmachuu qaba kan jedhames dhimmi kunii fi murtiin Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddachi Ijibbaataa dhimma wal fakkaatu miti. Kanaaf, iyyatni dhiyaate kufaa ta'ee baasii fi kisaaraan naaf kaffalamee murtiin Mana Murtii Ol'aanaa akka naaf cimuu kan jedhu dha.

Seenaan dhufaatii dhimma kanaa fi falmiin dhaddacha kanatti dhiyaate gabaabinaan kan olitti ibsame yoo ta'u, dhaddachi kunis galmee qorateera. Akka qoratettis, murtii Manni Murtii Ol'aanaa kenne dogoggora bu'uura seeraa kan qabu dha moo miti? kan jedhu ilaalleerra. Haaluma kanaan, dhimmicha yoo ilaallu, iyyataan barbaachisummaa hojiif waamamaa bakka hojii jijjiiree jennaan waamamaan hojii irraa guyyaa 14 (kudha afur) ol waan hafeef hojii irraa gaggeeffame waan ta'eef, gaggeessaan seeraa ala miti jechuun falmaa jira. Waamamaan immoo waliigaltee hojiin ala waan na jijjiiraniif gaggeessaan seeraan ala jechuun falmaa jira. Iyyataan falmii Mana Murtii Aanaatti dhiyeesseen waamamaan ammaa bakka itti jijjiirame dhaquu dhiisee guyyaa 14 (kudha afur) hojii irraa waan hafeef hojii irraa gaggeeffame yoo jedhu, waamamaan garuu hanga guyyaa jedhame kana hojii irraa hafuu dhiisuu falmii dhiyeessuu isaa galmeen kan agarsiisu miti. Akka bu'uuraatti, dhimmi amma ilaalamuu qabu waliigalteen hojjetaa fi hojjechiisaa bitaa fi mirga gidduu ture kan adda cite karaa seera qabeessaani dha moo miti? kan jedhu dha. Waamamaan sababa jijjiirraan narratti raawwatameef waliigalteen adda cite jedhee kan falmaa jiru yoo ta'u, hojjetaan tokko bakka tokkoo bakka birootti erga

jijjiiramee gaafa jijjiirame sana irraa kaasee bakka itti jijjiirame sanatti waan beekamuuf, bakka itti jijjiirame sanatti argamee gaaffii mirgaa kan qabu yoo ta'e bakka haaraa itti jijjiirame kana dhaquun gaaffii mirgaa isaa dhiyeeffachuu kan qabuudha malee jijjiirraan raawwatamuun qofti waamamaa hojii irraa hafuuf mirga kan gonfachiisu miti. Hojjetaan tokko haalli addaa yoo jiraate malee bakka hojii isaatti argamuuf dirqama akka qabu Labsii Hojjetaa fi Hojjechiisaa Lakkoofsa 1156/11 keewwata 13 (4) jalatti kan tumame irraa hubachuun ni danda'ama. Dirqama kana bahachuu dhiisuun hojii irraa hafuun of-eeggannoo malee hojii irraa isa gaggeessisuu akka danda'u labsicha keewwata 27 (1) (b) jalatti kan tumame irraa ni hubatama. Dhimma amma of harkaa qabnu kana irrattis waamamaan bakka haaraa itti jijjiirame dhaquun gaaffii mirgaa dhiyeeffachuu osoo danda'uu sababan jijjiirameen jechuun guyyaa 14 (kudha afur) oliif hojii irraa hafuun isaa bu'uura seeraa olitti ibsameen akeekkachiisa malee hojii irraa kan isa gaggeessisu ta'uu hubanneerra. Kana waan ta'eef, waliigalteen hojii bitaa fi mirga gidduu ture karaa seera qabeessaan kan adda citee dha jenneerra. Waliigalteen hojii kan adda cite sababa waamamaan hojii irraa hafeen karaa seera qabeessan erga ta'ee immoo waamamaan kaffaltii tajaajilaas ta'e beenyaa argachuuf mirga kan qabu miti. Manni Murtii Aanaa dhimmicha haala kanaan ilaalee murtii seera qabeessa kan kenne yoo ta'e illee, Manni Murtii Ol'aanaa garuu dhimmicha haala kanaan xiinxaluu dhiisuun murtii Mana Murtii Aanaa diiguun isaa dogoggora dha jenneerra.

Sababoota olitti ibsamaniif, murtiin Mana Murtii Ol'aanaa dogoggora bu'uura seeraa kan irratti raawwatamee dha jennee ajaja armaan gadii kennineerra.

Ajaja

1. Murtii Manni Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Adaamaa galmee lakk. 32977 ta'e irratti dhaddacha gaafa 28/10/2011 ooleen kenne bu'uura Labsii Manneen Murtii Oromiyaa Lakkoofsa 216/11 keewwati 26 (5) ajajuun diigneerra.
2. Murtii Manni Murtii Aanaa Magaalaa Adaamaa galmee lakk. 17306 ta'e irratti dhaddacha gaafa 06/09/2011 ooleen kenne bu'uura Labsii Manneen Murtii Oromiyaa lakkoofsa 216/11 keewwati 26 (5) ajajuun cimsineerra.
3. Manni Murtii Aanaa bu'uura murtii duraan kenneen haa raawwachiisu.
4. Dhorkaan kenname yoo jiraate ka'eera. Haa barreeffamu.
5. Baasii fi kisaaraa bitaa fi mirgi of haa danda'an jenneerra.
6. Galmeen cufameera; mana galmeetti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa shan hin dubbifamne jira.

Abbootiin Seeraa:- 1- Guyyoo Waariyoo

2- Dobe Dhaabaa

3- Fiixaa Dachaasaa

4- Huseen Kamaal

5- Urgaa Geetahuun

Iyyattuun:- Aaddee Zawudituu Nagaash

Waamamaan:- Waajjira Mallaqaa fi Walta'iinsa Dinagdee Aanaa W/
Jaarsoo

Galmee kana qorannee murtii kanaa gadii kennineera.

Murtii

Galmeen kun banamee Dhaddacha Ijibbaataa kanaaf dhiyaachuu kan dandaa'eef iyyattuun iyyannoo gaafa guyyaaa 11/10/2012 barreessitee dhiyeessiteen murtiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Hariiroo Hawaasaa Giddugaleessaa galmee lakk.322312 ta'e irratti dhaddacha gaafa guyyaa 24/07/2012 ooleen kenne dogoggoora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuudhaan akka sirratuuf waan gaafatteefii dha.

Ka'umsi dhimmichaa iyyattuun ammaa ramaddii gita hojii Ogeessa Karooraa, Baajataa fi Gamaaggamaa hojii jedhamee waamamu jalatti manni hojii waajjira waamamaa ammaa kenneefii ture komachuudhaan koree dhaggeeffataa ramaddii caasaa mana hojichaatti kan iyyatte yoo ta'u, koreen dhaggeeffataa komii kunis komii iyyattuu ammaa ilaalee yaada murtii gaafa guyyaa 02/08/2011 ooleen kenneera. Yaadni murtii kun guyyuma ibsame kana ittigaafatamaa mana hojichaaf dhiyaatee mirkanaa'ee ture. Iyyattuun ammaatis murtii koree komii dhaggeeffataa kana komachuudhaan Mana Murtii Bulchiinsaa Biiroo Paabiliik Sarvisii

Misoomaa fi Qabeenya Namaa Oromiyaatti dhiyeeffatee, manni hojii bulchiinsichaas komii dhiyaate ilaalee bitaa fi mirgaan falmisiisuudhaan ramaddiin iyyattuu ammaatiif kenname sirrii akka hin taane ibsee gita hojii Dursaa Garee Bittaa Sadarkaa XIII jedhamee waamamu irratti ramadamuu qabdi jedhee galmee lakk. Z-1539 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 15/04/2012 ooleen murteesse ture.

Waamamaan ammaa murtii Mana Murtii Bulchiinsaa Biiroo Paabiliik Sarvisii misoomaa fi qabeenya namaa Oromiyaa kenne kana komachuudhaan ol'iyannoo Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Hariiroo Hawaasaa Giddugaleessatti kan dhiyeeffate yoo ta'u, Manni Murtii Waliigalaatis komii dhiyaateef bu'uura godhachuudhaan galmee qoratee murtii kenneen, manni murtii bulchiinsaa murtii koree dhaggeeffataa komii yeroon ol'iyannoo itti darbe dhagahee ijoo keessa seenee murtiin kenne sirrii miti. Bu'uura Qajeelfama Ramaddii Hojjattoota Manneen Hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa murteessuuf bahe lakk.11/2011 kwt. 35 (7) tiin hojjataan sadarkaa kamittuu murtii kenname irraa komii qabu guyyaa murtichi kenname irraa eegalee guyyaa 15 keessatti Mana Murtii Bulchiinsaa Biiroo Paabiliik Sarvisii Misoomaa fi Qabeenya Namaa Naannoo Oromiyaatti ol'iyannoo dhiyeeffachuu akka danda'u tumameera. Iyyattuun ammaa garuu murtii koreen dhaggeeffataa komii mana hojjichaa gaafa guyyaa 02/08/2011 kenne komattee Mana Murtii Bulchiinsichaatti ol'iyannoo kan dhiyeeffate komii gaafa guyyaa 08/09/2011 baatii tokko booda waan ta'eef manni murtii bulchiinsaa kun ol'iyannoo yeroo itti darbe jedhee iyyata dhiyaateef kufaa gochuu osoo qabuu fuudhee ijoo keessa seenee murtii kennuun isaa dogoggoora seeraati jechuudhaan murtii Mana Murtii Bulchiinsaa Biiroo Paabiliik Sarvisii Misoomaa fi Qabeenya Namaa Oromiyaatiin kennamee ture bu'uura S/D/F/H/H/ keewwata 348 (1) tiin akka diigamu murteesseera.

Iyyattuun ammaa murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatiin kenname kun dogoggoora seeraa isa bu'uura ta'e ni qaba jettee akka sirratuuf iyyanni Dhaddacha Ijibbaataa kanatti dhiyeeffatte gabaabumatti, bu'uura qajeelfama lakk.11/2011 keewwata 35 (6) tiin koreen dhaggeeffataa komii yaada murtii kennee itti gaafatamaatti dhiyaatee erga mirkanaa'een booda abbaa dhimmaa gahuu akka qabu ibseera. Yeroon ol'iyyannoo itti dhiyaatu guyyaa 15 kun herregamuu kan qabaatu guyyaa murtiin koree dhaggeeffataa komii itti gaafatamaa mana hojichaan mirkanaa'ee ana gahe irraa eegalee ta'uu osoo qabuu guyyaa koreen kun yaada murtii isaaa barreessee gaafa guyyaa 02/08/2011 irraa eegalee lakkaa'uun yeroon ol'iyyannoo darbee ture jedhee hiikkaan Manni Murtii Waliigalaa kenne dogoggoora ta'uu isaa; ani gamoo ijaarsaa irraa kufee dhukkubsadhee waanan tureef yaadni murtii kunis xalayaadhaan kan na gahe gaafa guyyaa 26/08/2011 ta'uu ibsee kana ta'uu ragaa mana yaalaa fi ragaa namaa kanan qabu ta'uu falmee osoo jiruu Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa kana osoo hin qulqulleeffatin murtii Mana Murtii Bulchiinsichaa diiguun isaa dogoggoora ta'uu isaa, osoo yeroon ol'iyyannoo darbe jedhameellee mirga hayyamsiisa ol'iyyannoo yeroon itti darbee dhiyeeffachuu hin dandeenyee carraa koo haala cufuun murtii Mana Murtii Bulchiinsichaa diiguun isaa dogoggoora seeraa isa bu'uura kan qabu ta'uu isaa fi kkf bal'inaan ibsuudhaan iyyatteetti.

Waamamaanis komii dhiyaateef deebii guyyaa 10/02/2013 barreessee dhiyeesseen, yaadni murtii koreen komii dhaggeeffataa mana hojichaa kennee ture battalumatti ittigaaffatamaa mana hojichaatiin mirkanaa'ee gaafa guyyaa 02/08/2011 iyyattuu ammaa kan beeksifame waan ta'eef guyyaa kanaa kaasee guyyaa 15 keesstti ol'iyyannoo ishee Mana Murtii Bulchiinsaatti dhiyeeffachuu osoo qabduu baatii tokko booda gaafa guyyaa 08/09/2011 kan dhiyeeffatte waan ta'eef murtiin Mana Murtii

Waliigalaa Oromiyaatiin kenname dogoggoora hin qabu. Kana malees iyyattuun ammaa ramaddii kennameef irratti komii yoo qabaatte guyyaa 5 keessatti komii ishee koree komii dhaggeeffataatti dhiyeeffachuu akka qabdu qajeelfamicha keewwata 35 (1) jalatti tumamee kan jiru yoo ta'u, iyyattuun ammaa ramaddii gaafa guyyaa 01/06/2011 barreessitee komii koreetti kan dhiyeeffatte garuu gaafa guyyaa 03/07/2011 akka ta'e galmeen waan ibsuuf durumaa yeroon ol'iyannoo kan darbe ture. Gama biraatiin sababa humnaa oliitiin ol'iyannoo ishee yeroo kenname keessatti dhiyeeffachuu yoo hin dandeenye ta'e hayyamsiisa gaafachuu qabdi malee ol'iyannoon yeroon itti darbe sababni ilaalamuuf hin jiraatu kan jedhuu fi kkf caqasuudhaan murtiin Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa dogoggora seeraa kan hin qabne ta'uu ibsuudhaan akka cimuuf gaafateera.

Seenaan falmichaa kan armaan olitti ibsame kana yoo ta'u, nutis falmii dhiyaate seera roga qabu waliin walbira qabnee yoo ilaallu, ijoo ilaalamuu qabu, yeroon ol'iyannoo Qajeelfama Ramaddii Hojjattoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk.35 (7) jalatti tumame yoom irraa eegalee lakkaawamuu qabaata? Guyyaa koreen komii dhaggeeffatu yaada murtii hoogganaa mana hojichaaf dhiyeessee hoogganaan mana hojichaa mirkaneessee irraa moo guyyaa murtichi hojjattuu komii dhiyeeffatte dhaqqaberraayi? Murtiin koree kanaan kenname iyyattuu ammaa yoom dhaqqabe? Dhaqqabuu isaa dirqama hubachiisuu (burden of proof) kan qabu eenyu dha? kan jedhuu fi kkf qabannee dhimmicha qorannee jirra. Qajeelfama ramaddii lakk.11/2001 keewwata 35 (4) jalatti akka tumameen koreen komii ramaddii dhaggeeffatu guyyaa komiin barreeffamaan isa dhaqqabee kaasee guyyoota hojii kudhan keessatti qulqulleessee yaada murtii hoogganaa mana hojichaaf dhiyeessee qabaata. Keewwatuma kana keewwata xiqqaa 5 jalatti akka tumametti immoo hoogganaan mana

hojichaa yaada murtii koree komii dhaggeeffatuun dhiyaateef kana ilaalee guyyoota hojii shan keessatti murtii kennuu qabaata. Murtiin koree komii dhaggeeffatu ykn hoogganaa irraa kenname kun immoo guyyaa hojii sadii keessatti hojjataa komii dhiyeeffate sanaaf barreeffamaan kennamuufii akka qabu qajeelfamicha keewwata 35 (6) jalatti ibsameera. Murtii kana beeksisuuf yookiin itti dhaqqabsiisuuf dirqama kan qabu mana hojichaa ta'uu isaa hubachuun kan nama rakkisu miti. Hojjatichi murtii kenname erga beekke kun murtii koree komii dhaggeeffatuun yookiin hoogganaa mana hojichaatiin kenname kana irraa komii qabu guyyaa murtichi kenname irraa eegalee guyyoota hojii kudha shan keessatti Mana Murtii Bulchiinsa Hojjattoota Mootummaa Naannoo Oromiyaatti dhiyeeffachuu akka qabaatu keewwatuma kana xiqqaa 7 jalatti taa'ee jira.

Amma asirratti hiikaa kan barbaadu guyyaa murtichi kanname jedhamee keewwata xiqqaa 7 jalatti kan tumame kun tumaalee keewwata 35 keewwatoota xiqqaa 4, 5, 6 jalatti ibsaman waliin walqabsiifnee yoo hiikne malee qofaa isaatti hiikkaa jufunfulaa (absurd) ta'a. Maaliif yoo jedhame hojjetaan tokko murtii koreen komii dhaggeeffattuu yookiin hoogganaan kenne akka beeku bu'uura qajeelfamicha kwt.35 (6) jalatti tumameen kan barbaachise keessaa inni tokko hojjetichi murtii kenname sana irraa mufii yoo qabaate bu'uura qajeelfamicha keewwata 35 (7) tiin ol'iiyannoo isaa mana murtii bulchiinsaatti akka dhiyeeffatuufii dha. Ol'iiyannoo dhiyeeffachuun immoo murtii kenname yoo beeke dha. Kanaafuu yeroon ol'iiyannoo keewwata xiqqaa 7 jalatti tumame kun lakkaawamuu kan eegalu guyyaa murtichi kenname irraa eegalee osoo hin taane guyyaa murtichi hojjataa komii dhiyeeffate sana dhaqqabee irraa kaasee ta'uu qabaata. Haala kanaan yoo ilaallu murtii koree yookiin hoogganaa mana hojichaatiin kenname kanas hojjetaa komii dhiyeeffate ture barreeffamaan beeksisuu kan qabu manuma hojichaa akka ta'e ifaa

dha. Hiikkaa armaan olitti qajeelfamicha keewwata 35'f haala armaan olitti kennine kana bu'uura godhachuudhaan dhimma harkaa qabnu kana yoo ilaallu, yeroon ol'iyannoo keewwata 35 (7) jalatti ibsame kun lakkaawamuu kan eegalu guyyaa waajjirri waamamaa iyyattuu ammaa murticha bu'uura keewwata 35 (6) tiin iyyattuu beeksise irraa eegalee ta'uu qaba. Haa ta'u malee, waajjirri waamamaa murtii koreen guyyaa 02/08/2011 kenne guyyuma kana hoogganaa waajjirichaatiin mirkanaa'e kana iyyattuu barreeffamaan beeksisuu isaa ragaan dhiyeesse tokkollee hin jiru. Iyyattuu beeksisuu isaaf dirqama hubachiisuu kan qabus waajjiruma waamamaa kana dha. Iyyattuun erga hin beekne ykn waamamaan dirqama hubachiisuu isaa erga hin baanee immoo carraan yeroo ol'iyannoo qajeelfamicha keewwata 35 xiqqaa 7 jalatti ibsame iyyattuutti dhiphachuu hin qabaatu. Gama biraatiin iyyattuun murtiin koreen kenname hoogganaa waajjirichaatiin mirkanaa'e kana kanan beekke guyyaa 26/08/2011 dha jettee falmiteetti. Guyyaa kana akka hin taane waajjirri waamamaa hanga hin hubachiifnetti yeroon oli'yyannoo keewwata xiqqaa 7 jalatti ibsame kun lakkaawamuu kan qabaatu guyyuma kana irraa eegalee ti. Guyyaa kana (26/08/2011) irraa eegalamee hanga guyyaa ol'iyanni mana murtii bulchiinsaa (08/09/2011) tti yoo lakkaawamu immoo guyyoota hojii 15 waan hin caalleef yeroon ol'iyannoo hin darbine jechuu dha.

Kanaafuu, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa haala armaan olitti hiikkaan itti kenname kanaan osoo hin hubanne yeroon ol'iyannoo mana murtii bulchiinsaatti dhiyaachuu qabaatu erga darbee booda manni murtii bulchiinsaa dhimmicha ofitti fuudhee ol'iyannoon ilaaalee firii dubbii irratti murtii kennuu hin qabaatu jedhee murtii Manni Murtii Bulchiinsa Hojjettoota Naannoo Oromiyaa kennee ture diiguun isaa dogoggoora seeraa isa bu'uuraati jennee murtii Manni Murtii Waliigalaa

Oromiyaa Dhaddachi Giddugaleessaa dhimma kana irratti kennee ture akka diigamu jenneerra. Kanaaf, yeroon ol'iyannoo falmiif sababa ta'e kun waan hin dabarreef Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Hariiroo Hawaasaa Giddugaleessaa ijoo yookiin firii dubbii dhimmichaa keessa seenee bitaa fi mirgaan falmisiisee ijoo dubbii ol'iyannoon itti gaafatame irratti murtii akka kennu dhimmichi akka gadi deebi'u jennee sagaalee guutuudhaan murteessinee jirra.

Ajaja

1. Murtiin Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhimma Hariiroo Hawaasaa Giddugaleessaa galmee lakk. 322312 ta'e irratti dhaddacha gaafa guyyaa 24/07/2012 ooleen kenne dogoggoora seeraa isa bu'uura waan qabuuf bu'uura S/D/F/H/H/ lakk. 348 (1) tiin akka diigamu murtaa'ee jira.
2. Yeroon ol'iyannoo Qajeelama Ramaddii Hojjattoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk. 11/2011 kwt. 35 (7) jalatti tumame lakkaawamuu kan qabaatu guyyaa murtiin koree komii dhagahuun kenname irraa eegalee osoo hin ta'in guyyaa murtichi hojjataa komii dhiyeeffate sana beeksifame irraa eegalee ta'uu qabaata jedhamee murtaa'ee jira.
3. Yeroon ol'iyannoo qajeelfamicha kwt. 35 (7) jalatti ibsame waan hin dabarreef Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Dhaddachi Dhimma Hariiroo Hawaasaa G/galeessaa ijoo yookiin firii dubbii falmicha keessa seenuudhaan falmii bitaa fi mirgaan dhiyaatu erga dhagaheen booda ijoo dubbii dhimmichaa ol'iyannoon gaafatame irratti murtii akka itti kennu bu'uura S/D/F/H/H/ lakk. 341 (1) tiin ajajameera.
4. Baasii fi kisaaraa dhaddacha kanaa kan ofii ofii haa danda'an jenneerra.
- 5.

6. Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaatiif haa ergamu jenneerra.
7. Galmeen murtii dhumaa waan argateef cufameera; gara mana galmeetti haa deebi'u.

Mallattoon Abbootii Seeraa shan hin dubbifamne jira.

TESSOO

Marsariitii:- www.romiasupremecourt.gov.et

**Facebook:- Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa-
Supreme Court of Oromia**

Bilbila:- +251111234426/+251911523332